Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-284-5

Gatiin: Qar. 74.90

Kutaa 12 Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa Ministeera Barumsaa Bara 2005

# Barnoota Afaan Oromoo

## Qajeelcha Barsiisaa

## Kutaa 12

Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa





# Barnoota Afaan Oromoo

## Qajeelcha Barsiisaa

## Kutaa 12

Qopheessitoonni

Addunyaa Barkeessaa  (MA)
Alaamirroo Kaasaahun(MA)
Taarreqeny Mokonnon (MA)
Tashoomaa Egeree (MA)

Gulaaltonni

Salamoon Gadaa (MA)
Tashoomaa Taaffasaa  (MA)
Tasfaayee Jimaa (MA)

Madaaltonni

Guutaa Fayyisaa (MA)
Hasan Waaqayyoo (BA)
Nagaasaa Hundeq  (MA)
Nuuriyaa Ibraahim (MA)

Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti

*Ministeera Barnootaa Bara 2005*

MK PUBLISHERS

Setting a New Trend in Book Publishing

Galata

Qopheessi, maxxansiifi raabsiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanaa fandii dhaab-biilee qulqullina barnootaa 1-12, manneen barnoota mootummaa keessatti kenna-manirratti  hojjetan, kanneen akka Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (FQBW) irraa argameeni.

Federaalli Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaa Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaatiif qarshii liqaan Waldaa Guddina Internaashinaalaa (WGI), Fandii Faasti Inisheetiivii Kaataalikii (FFIK)fi kanneen guddinarratti hojjetan biroo-Koorporeeshiinii Guddina Fiinlaandii, Xaaliyaanii, Deggersa NiizarlaandiifiUK kan Muummee Guddina Internaashinaalaatiif dhaabbatan irraa argateen  kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kun akka qophaa'u taasise. Kanaafuu, Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa namoota, gareewwaniifi qaamolee qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanarratti  kallattiinis ta'ee alkallattiin hirmaachuun deggersa taasisan nigalateeffata.

© Federaala Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa

Maxxansa jalqabaa- 2005/2012

Mirgi abbeentaa gama suurawwaniifi fakkiiwwanii, dokimentootaafi meeshaalee kanneen biroo odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Qopheessaa, Maxxansaafi Raabsaa

Dhaabbata Maxxansaa MK
L.S.P. 12385 Kaampaalaa
L.bil. +256 414-269150
Toora intarneetii www.mkpublisher.com
Kaampaalaa-Yugaandaa

ISBN 978-99944-2-284-5

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa kennamuun ala,  gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluun, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabanii raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamin gochaawwan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaarii-ta Federaalaa lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10ffaa, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 19996( July 19, 2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda'ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti ba'amanii heeruu yaallee jirra.  Kanneen osoo itti hinyaadamin bira darbamaniif  ammoo dhiifama  jechaa, maxxansa itti aanu kamiinuu keessatti galateeffachuuf qophaa'oodha.

BAAFATA

**Fuula**


Seensa Waliigalaa ........................................................................... iv

Boqonnaa 1: Maalummaafi Amaloota Afaanii....................................... 1

Boqonnaa 2: Godaansa Uummataa .................................................. 19

Boqonnaa 3: Beekumsa ...................................................................... 27

Boqonnaa 4: Qaama Qaamaan Bakka Buusuu .................................. 37

Boqonnaa 5: Aadaa Fuudhaafi Heeruma Oromoo Gujii........................ 45

Boqonnaa 6: Kufaatii Diinagdee Addunyaa.......................................... 51

Boqonnaa 7: Harka Qullaa Fiiguu Moo…? .......................................... 59

Boqonnaa 8: Gabateerraa Odeeffannoo Dubbisuu .............................. 71

Boqonnaa 9: Og-Walaloo .................................................................... 79

Boqonnaa 10: Babal'ina Barnoota Olaanaa............................................ 89

Boqonnaa 11: Asoosama...................................................................... 95

Boqonnaa 12: Diraamaafi Asoosama ................................................... 103

Boqonnaa 13: Tumaa .......................................................................... 107

Boqonnaa 14: Seera Makoo Bil'ii ......................................................... 113

Boqonnaa 15: Haroo Wancii ................................................................ 121

Boqonnaa 16: Gumaa.......................................................................... 125

Boqonnaa 17: Mootummaan Maalii?..................................................... 129

Boqonnaa 18: Waaltina ....................................................................... 133

# SEENSA WALIIGALAA

Kaayyoon barnoota afaanii (Language Education) inni guddaan akka waliigalaatti barattoonni afaan baratan sanaan hojjechuu akka danda'aniifi ogummaawwan afaanii warra bu'uuraa (the basic language skills) horachiisuudha. Xiyyeeffannoon barnoota afaanii Itoophiyaas, meeshaalee ogummaawwan kanarratti ga'umsa gonfachiisuun wal-qunnamtii, barnootaafi jireenya hawaasummaa garaagaraa keessatti akka itti fayyadamaniif haala mijeessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf carraaqqiiwwan taasifaman keessaa inni tokko qophii kitaaba barnootaati.

Kanaafuu, tokkoon tokkoon kitaaba barataa qabiyyeewwan garagaraarratti boqonnaalee garagaraatti qoodamuun barattoonni afaanii irraa caalaa ogummaawwan afaanii afran dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu boqonnaalee hunda keessatti xiyyeeffannoon akka gabbifataa deemaniif haala mijessa. Itti dabalees, boqonnaalee hunda keessatti qabiyyeewwan sadarkaa barnootaafi umrii barataatiin wal-gituun aadaa hawaasichaa bu'uureffachuun dhiyeessuuf carraaqqii guddaatu taasifame. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kunis kaayyoofi adeemsa kana bu'uureffachuun qophaa'e.

Boqonnaaleen kitaabaa barataa keessaas kan qophaa'an sirna barnootaa biyya keenyaa kan yeroo ammaarratti hunda'aniiti. Isaanis kaayyoo gooroofi gooree barnootaa afaanichaa galmaan ga'uurratti xiyyeeffatu. Qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuuirratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'an dhiyeessuun kitaaba barattootaatti fayyadamuufi Afaan Oromoo akka afaan tokkooffaatti barsiisuuf haala mijeessa. Barsiisaanis hanga isaa/ishii danda'ametti haala sissi'eessaa garagaraatti dhimma ba'uun (fayyadamuun) barnoonni gammachiisaa barbaachisaafi bu'a qabeessa ta'uu isaa barattoonni akka hubatan taasiisuu qaba. Qajeelchi barsiisaas, gilgaalaafi shaakala garagaraa dhiyeessuufi meeshaalee deeggarsaa eeruun kaayyoo barumsichaa galmaan ga'uurratti hojii barsiisaaf tumsa. Gilgaalonni kitaaba barataa keessatti dhiyaatanis kaayyoofi gosa garagaraa qabu. Kaayyoon isaanii,barsiisaa deeggaruun fedhii barattoonni barumsicharratti qaban kakaasuufi onnachiisuudha.

Qophiin kitaabaa kanaa sirna barnootaa bu'uura taasifachuun, odeeffannoofi hubannoo garagaraa dhiyeessuun, akka barsiisaan malleen baruu barsiisuu garagaraa wal-simsiisuun ogummaawwan afaanii hunda boqonnaalee dhiyaatan keessatti haalaan shaakalsiisuu gochuufi. Tokkoon tokkoon boqonnaalee keessatti kaayyoowwaniifi meeshaaleen deeggarsa barnootaa eeraman garagaraa nijiru. Gilgaaloonniifi odeeffannoon dabalataas mata dureewwan boqonnaalee hundaa keessaatti

barsiisaadhaaf dhiyaatanii jiru. Barattoonnis sonaan barachuu kan danda'an yoo waan baratanirratti hirmaatan waan ta'eef, gilgaalonni haala hirmaachisaa ta'een yoo dhiyaateedha. Kanarratti hundaa'uun, malli baruu-barsiisuu barataa giddugaleessa taasifateefi malli wal-qunnamtii kitaaba barataas ta'ee qajeelcha barsiisaa keessatti haalaan xiyyeeffataman boqonnaaleen kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessaatti qabiyyee barsiifamu irratti hundaa'ee gulantaalee murtaa'oo keessatti dhiyaateera. Fakkeenyaaf, boqonnaalee hunda keessatti, seensi, gulantaa wanta barattoonni beekanirraa ka'uun mata durichaan wal-barsiisanidha. Kunis, kan ta'u, fakkiiwwan garagaraa ilaaluun waan duraan beekan yaadachuun qabiyyee haaraa booda itti aansee dhufu hubachuuf bu'uura ta'a.

Barsiisaan afaanichaas, qabiyyeewwan boqonnaalee duraan barsiifaman keessaa isa barsiifamaa jiruun wal-qabsiisuuf yaadachiisuun akka barattoonni muuxannoo isaaniitiin wal-qabsiisuun tajaajila afaanichaan dinqisiifatan jajjabeessuu qabu. Kunis, seensa boqonnaalee keessatti kan raawwatamaniidha. Haallii dhiyeessa akkanaa kun akka barattoonni jechootaafi caasaa afaanichaa duraan itti fayyadaman yaadachiisuun dhimma amma irra jiraniin itti fufiinsaafi wal-simsiisaa gilgaalotaafi barnoota afaanichaa keessatti mirkaneeffachaa akka deeman taasisa. Karoora qabiyyee barnootaafi haala qindoomina gochaawwanirratti fakkaattiin qophaa'e karoora guyyaa qopheeffachuufi dalagaalee barnootaa qindeeffachuun, kaayyoon baruu-barsiisuu yeroo hundaa galmaan ga'uuf karaa saaqa.

Barsiisaan Afaan Oromoos, tokkoon tokkoon daree barnootaa keessatti qabxiileen ka'an mala baruu- barsiisuu adda addaa ykn cunqaa'aa (eclectic) ta'een barsiifamuu barbaachisuu isaanii hubachuun yeroo yerootti haalichattii of madaqsuu qaba. Kana malees, fedhii barataa tokkoo tokkoon addaan baafachuun kanneen fedhii adda qabaniif deeggarsa addaa gumaachuutu irraa eegama. Qabxii kana booda bal'inaafi xiyyeeffannoo addaa itti laachuun barattoota fedhii addaa qabaniif yaada jedhuun nikaafna.

Kaayyoon guddaan barnoota afaanichaa kan sadarkaa gara garaatti dhiyaatee, ogummaawwan dhaggeeffachuufi dubbachuu barattoonni maatiirraa barachuu jalqabanii gara mana barumsaa dhufanitti dabalee ogummaa dubbisuufi barreessuu akka horatan taasisuudha. Kana jechuun ammoo, si'uma tokkicha martuu akka ogummaa goorootti barsiifamu jechuu miti. Tokko ykn lama yoo gooroo ta'e kaan ammoo isuma dahoo taasifachuun shaakalamu. Qabxiileen kanaan gaditti dhiyaatan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti itti fayyadamuun akka barattoonni afaanicha guddifachaa deemaniif haalli mijaa'ee jira.

1. Qo'annaa fakkii
2. Shaakala dhaggeeffannaa
3. Ijaarsa barreeffamaa to'atamaa
4. Shaakala qubeessuu

Qabixiileen olitti ka'an, yoo gilgaalotaafi deeggarsa baruu barsiisuu garagaraatiin wal-simsiisuun dhimma itti ba'ame akka barattoonni ogummaawwan afaanii hunda gabbifachuun daree keessaafi dareen alatti itti fayyadaman gochuurra darbee ogummaawwan biroo kanneen akka ogummaa gadi fageenyaan yaaduu, ogummaa qaaccessuu, ogummaa dhuunfaafi garee hojjechuu danda'uufi, geggeessuu akka gonfatan taasisa.Kaayyoo afaan dhalootaatiin barachuu hojiirra oolaa jiru inni guddaanis kana bu'uureffata.

Itoophiyaa keessatti afaan dhalootaatiin barachuun kan xiyyeeffatu barattoonni ogummaawwan afaanii afran kana gabbifachuun afaan isaanii kan saayinsiifi teekinoolojii taasisuu akka danda'aniif karaa saaqa. Kitaabni kunis kaayyoo kana galmaan ga'uurratti yoo xiyyeeffatu xumura barnoota dhiyaatan irratti barattoonni.

- Ogummaawwan afaaniitti fayyadamuun ofiifi naannoo isaanii ibsu.
- Yaada mata duree tokko deeggaruun ykn mormuun falmii dhiyeessu.
- Odeeffannoo fudhachuufi kennuuf sirriitti dubbisu .
- Barreeffama qulqullinaafi qindoomina qabuun yaada isaanii dabarfatu.

## Ogummaawwan Afaanii Afran

### Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Barnoota Afaan Oromoo keessatti ogummaan dubbachuufi dhaggeeffachuu akkuma ogummaa dubbisuufi barreessuu xiyyeeffannoo argachuu qabu. Bu'uuruma kanaan kitaaba kana keessatti shaakala adda addaa jalatti dhiyaatanii jiru. Kaayyoon isaa barattoonni ogummaawwan kana maatiirraa baranii kan dhufan yoo ta'ellee tooftaafi haxa (methods & techniques) garagaraati fayyadamuun karaa saayinsawaa ta'een odeeffannoo argachuufi kennuuf akka itti fayyadamaniif haala mijeessa. Jireenya qabatamaa(in real life situation) keessattis ogummaawan kunneen irra deddeebi'amuun waan tajaajilaaniif xiyyeeffannoon akka laatamuuf ta'ee jira.

Barattoonni yeruma mara waan haaraafi gammachiisaa, kan jireenya qabatamaa keessatti bu'aa isaaniif qabu dhaga'uu barbaadu. Kanaafuu, barsiisaan fedhii barattoota isaa kana guutuuf hanga danda'ametti yeroo hunda waan gammachiisaafi bu'a qabeessa ta'e qabatee dhiyaachuu qaba. Wanti hubatamuufi xiyyeeffatamuu qabu inni guddaan

daangaan xiyyeeffannoo daa'immaniifi dargaggeeyyii afaanicha baratanii, murtaawaa ta'uu isaati.Haala kanaan, hanga danda'ametti, barsiisaan yeruma hunda shaakalaafi gilgaalota fedhiifi qalbii barattootaa hawwataniifi akkasumas, haala qabatamaa keessaa bu'aa qaban dhiyeessuun akka isaan dhaggeefataafi dubbataa gaarii ta'an qopheessuudha. Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti gilgaalonni garagaraa ogummaa waan kana shaakalsiisuuf dhiyaatanillee, barsiisaan kana qofarratti of dagatuu hin qabu. Haala barbaachisummaa isaaniiraatti hundaa'ee shaakala garagaraa kanneen akka waliin dubbii, tapha jechootaa (word game), qubeessuufi wkf dhiyeessuun ogummaawwan akka gabbifatan taasisuu qaba. Gilgaalonni akka yaadachuu, gahee taphachuu, durdurii himuus barsiisaadhaaf eeramanii jiru. Kanneen kanaan gadiittif xiyyeeffannoon kennamuu qabu.

1. Sagaleessuu
2. Jabinaafi laafina
3. Ol ka'iinsaafi gadi bu'iinsa sagalee
4. Ilaalcha garagara akka dubbii keessatti dhiyaatanitti

**Hub:** Barsiisaan akka barattoonni ogummaawwan afaanii gabbifatan taasisuuf carraaqqii godhu keessatti dhiibbaan loogaafi afaanota naannootti dubbatamanii jiraachuu isaanii hubachuu qaba. Haala kanaan, barattoota gara sagaleessa isa waalta'eetti dhufuu dadhaban obsaan akka isaan sirreeffatan taasisa. Barattoota dhaggeeffachuufi dubbachuurratti rakkoo qaban malaan qabuun akka isaan dhawaataan ogummicha gonfatan jajjabeessuu qaba.

Barsiisaan Afaan Oromoo kanneen armaan gadii keessatti akka barattoonni dammaqinaan qooda fudhatan jajjabeessuu qaba.

1. Afaanichaan namoota fuul dura ba'anii bilisaan dubbachuu
2. Marii garee
3. Sagantaa gaaffiifi deebii keessatti
4. Falmii keessatti
5. Seenaa himuufi gosa seenessaa garagaraa keessatti .

## Dubbisuufi Barreessuu.

Ogummaawwan dubbisuufi barreessuu walitti hidhatanii gabbifatamuu waan ta'eef, waliin dhiyaatanii jiru. Barattoonni ogummaawwan kana lamaan sagantaa idilee keessatti mana barumsaatti shaakaluu eegalu. Kanaafuu, waa'ee ogummaawaan kanaa muuxannoon isaan qaban hanga warra lamaan kanaan dura ilaallee hinga'u. Namni afaanichaan dubbisaa gaarii ta'e tokkoo barreessaa gaarii ta'uu danda'a. Wal-

simannaan ogummaawwan kanneenii cimaa ta'uufi Afaan Oromoo barachuurratti qofa osoo hintaanee, Afaan Oromootiin barachuurrattiillee gumaacha guddaa qaba. Xiyyeeffannoon filannoofi itti fayyadama jechootaa, irraa-jalummaafi duraa-duubummaa caaseffamee afaanichaa, ogummaa barreeffamaatiin wal–qunnamuufi haala barreeffamaa garagaraatiif kennamuu qaba. Itti dabalees, ijaarsa himotaa, itti fayyadama sirna tuqaaleefi haalan itti fayyadama afaanichaa isa hawaasa keessaarratti ga'umsa horachiisa.

Barattoonni ittiin of gammachiisuufis ta'ee shaakala dareetti taasifamu keessatti carraa barreessuufi dubbisuu wal-qabate argachuu qabu. Haalli barattoonni daree keessatti sagalee ol fuudhaniifi callisaan dubbisan jiraachuun barbaachisaadha. Barattoonni tokko tokko qubaan akeekaa dubbisuun ariitii isaanii waan xiqqeessuuf barsiisaan haala akkasiirraa akka of qusatan taasisuun barbaachisaadha. Jabeessuu, sagalee isaanii ol fuudhuufi gadi buusuun akka dubbisan barsiisaatu haala mijeessa. Akkasumas, akka barattoonni barruu kalaqaa garagaraa kanneen akka walaloo, seenessaa, walaloo sirbaa, faaruu, xalayaafi asoosama gabaabaa barreessan jalqabarraa kaasee jajjabeessuun ga'ee barsiisaati. Kun ammoo akka barattoonni ijoollummaa isaaniitti ga'umsa jechootaafi caasaa afaanichaa barachuurratti fedhii dubbisuufi barreessuu horachuu kakaasa. Barattoota bitaadhaan barreessaniifis xiyyeeffannoon adda kennamuu qaba. Haalli teessuma daree keessaa barattoota akkasii kan akka isaan harka hiiqfatanii barreessan taasisu ta'uu qaba. Kun ammoo, teessoo nama lama sadii qabatu yoo ta'e gara moggaa osoo taa'aniis wayya.

## Mala Waliigalaa (Dimshaasha)

Malli waliigalaa asitti dhimma itti ba'ame (fayyadame) kan barattoota giddu-galeessa taasifateefi hirmaachisaadha. Barsiisaan akka barattoonni hirmaatan kan haala mijeessu malee kan ofii waa mara dhiyeessu miti. Kun ammoo, akka barattoonni ogummaawwan barbaachisoo ta'an wal-simsiisanii akka gabbifatan kan taasisuudha. Kanaafuu, adeemsa baruu-barsiisuu keessatti malleen dhimma baasan (fayyadan) adda addaa filachuufi itti fayyadamuu keessatti barattoonni hirmaachuu qabu. Qabxiileen kanaan gadii Afaan Oromoo barachuufI Afaan Oromootiin barachuuf malleen eeramaniidha.

i. Mala argannoo Qajeelfamaa (guided discovery method)
ii. Mala marii/hirmaachisaa)
iii. Mala agarsiisaa
iv. Mala gaaffiifi deebii
v. Mala sammuu kakaasuu / sissi'eessuu/
vi. Mala jechaafi gochaa
vii. Mala do'ii

## Mala Argannoo Qajeelfamaa

Malli arganno kun mala baruu barsiisuu keessaa isa tokkoo ta'ee kan barsiisaan tattaaffii barattoonni ogummaawwan afaanii guddifachuuf taasisan keessatti akka qajeechaatti tajaajiludha. Malli kun barattoonni wanta naannoo isaaniitti argamaniirraa ka'anii daawwannaafi yaalii geggeessuun odeeffannoo barnoota isaaniirraa argatan haala qabatamaadhaan wal-simsiisuun akka waan haaraa tokko argatan carraa laataaf. Barsiisaanis akka barattoonni isaa waan isaanii hin gallee gaafatan godha. Yoo isaan dogoggora uumanis akka ofii sirreeffatan walii sirreessaniifi ofii isaafii sirreessuu barnootaaf haala mijeessa. Asittis xiyyeeffannoo argachuu kan qabu, barattoonni dhaggeeffachuu ykn daawwachuu qofa osoo hin taane, hojjechaa barachuufi barachaa hojjechuu akka danda'an taasisuudha. Kana jechuun ammoo dubbisuudhaan dubbisuu barsiisuu, barreessuudhaan barreessuu barsiisuu, fedhuudha.

## Mala Marii

Malli kun marii barattootaafi barsiisaa akkasumas, barattootaafi barattoota gidduutti yaada wal-jijjiiruun akka geggeeffamu taasisa. Barsiisaan mata duree dhiyeessuun akka barattoonni irratti mariiyatanii yaada itti laatan, falman, deebii laatan, mormaniifi deeggaran taasisa. Marii isaanii kanas niqindeessa. Kun ammoo, barattoonni ogummaawwan gurguddoo afaanii cinatti ogummaa gadfageenyaan yaaduu, ogummaa seccessuu, ogummaa gareefi namootaan waliin hojjechuufi ogummaa dhiyeessan akka gabbifatan gargaara.

## Mala Agarsiisaa

Barattoonni umrii daa'imummaa isaaniitti, irra caalaa akkeessuudhaan baratu. Barsiisaan haala afaanichi hawaasa keessatti, ittiin tajaajilu barattootaattii agarsiisuu qaba. Barsiisota isaanii fakkaatu waan ta'eef, haalli dhiyeessaafi dhiyeenya barsiisaa, kan ogummaa jireenyaa jara gonfachiisan ta'uu qaba. Walirraas waan hedduu baru danda'uu waan ta'eef, haalli itti fayyadama ogummaa afaanichaa jarri qaban keessaa inni bu'a qabeessa ta'ee jajjabeeffamuu qaba.

## Mala Gaaffiifi Deebii

Mala kana keessatti barsiisaan gaaffiiwwan garagaraa fayyadamuun shaakala dhiyaateef akka barattoonni isaa ogummaawwan barbaachisaan gabbifatan taasisa. Gaaffiiwwan barattoonni kaasaniis ni deebisa. Barsiisaan akka barattoonni isaa karaa garagaraatin yaaduun qabiyyees ta'ee uunka barnoota argaaniirratti gaaffii kaasan jajjabeessuun haala mijeessa. Ofii isaatii gaaffiiwwan akka barattoonni yaada kaasan taasisuu ykn gaaffiiwwan deebii tokkoofi tokkoo ol qabachuu danda'an haala barbaachisaa keessatti dhimma itti baha.

### Mala Sissi’eessuu/Fedhii itti Uumuu/

Barsiisaan mala kanatti gargaaramee akka barattoonni muuxannoo isaanii gara dhimma barbaadutti akka fidataniif gaaffiiwwan dimshaasha ta’an kaasa. Gaafficha keessattis mormuun ykn deeggaruun akka barattoonni hirmaatan taasisa. Mata dureen barattoonni yaada irratti kaasanii kan kallattii adda addaattin ilaalamuufi kan sadarkaa barattootaatiin wal gitu ta’uu qaba.

### Mala Do’ii/Daawwii/

Haala dhiyeessa kana keessatti barattoonni akka abbaa dhimmaatti qooda fudhatu. Ijaara gocha ykn seenaa barsiisaan dhiyeesse tokko faana bu’uun akka suuraan dhimmichaa sammuu isaanii keessatti ka’utti waliin dubbii, ofiin dubbii, gahee taphachuu fa’iin daree keessatti dhiyeessu.

### Mala Jechaafi Gochaan Dhiyeessuu

Asitti barattoonni sochiilee qaamaa isaanii dhimmichaan walitti qindeessuun dhiyeessuuf qindaa’u. Gilgaalonni haala kanarratti qophaa’an walaloo hibboofi jechoota dubbachuurratti arraba namaa takaalan dhiyeessuun barsiisaas ta’ee barataan dhimma itti bahu. Barsiisaan akka barattoonni gareen cimdiin akkasumas dhuunfaan dhiyeessan affeeruun filaannoonni akkasii akka barattoonni

- i. Jechoota sirritti akka dubbisaniifi barreessan gargaara.
- ii. Saffisaan dubbisuu isaanii akka fooyyeeffatan taasisa.
- iii. Barruulee garagaraa hubachuurratti dandeettiin barttootaa akka dabalu gargaara.
- iv. Hiika jechaa ykn gaaleewwaanii galumsarraa akka tilmaaman
- v. Hima sirriitti akka dubbisan
- vi. Dha’a jabinaa, olka’iinsaafi gad bu’iinsa akka dinqisiifatan haala mijeessa.

### Hojjii Garee (Marii)

Hojjin garee mala baratoonni gareedhan ta’uun dhimma kennameef tokkorratti yaada mataa isaanii mormuun ykn deeggarun itti ibsaniidha.

Dhimmoonni yaada keessa galuu qaban

- i. Umrii barattootaa
- ii. Dandeettiifi ogummaa
- iii. Dhimmoota korniyaan hidhata qaban
- iv. Muuxannoofi yaada barattootaa dinqisiifachuu
- v. Qajeelfamoota ifa ta’an kennu

vi. Fedhii qabaachuu barattootaa

vii. Jijjiirama jiruufi jireenya hawaasa keessaa.

## Qindoomina garee

Daree barattoota 40 qabu keessatti barattoota 10 garee tokko taasisuun nidanda'ama. Ta'uu baannaan, garuu garee nama 4 ykn 6 qabu ijaaruu wayyaa. Kunis, barattoonni teessoo tokkorra 2 ykn 3 ta'anii kanneen isaan duuba taa'aniitti gara galuun akka mariyatan taasisuudha. Marii isaanii kan hoogganu barataa cimaaf laachuun dhimmi tokkoon tokkoon barattootaatiin akka galmaan ga'an barbaadame fiixa ba'uu danda'a.

## Bu'aa hojii garee

- Barattoonni sodaatan ykn leeyya'an(saalfataniifi), suuta waa hubatan akka si'aa'inaan hirmaatan jajjabeessa.
- Ofitti amantaa dabala
- Gilgaalota bal'aa yeroo murtaawaa keessatti shaakalsiisa
- Bilisaan of ibsuu barattootaa saffissisa
- Aadaa wal-gargaarsaa barattootaa gabbisa.
- Odeeffannoo akka walii hiran taasisa
- Miseensonni garee hunduu hubatamuu waan barbaadaniif wal-dorgomsisuuf haala mijeessa.
- Barattota giddu galeessa taasifata
- Barsiisaanis akka barattoota isaarraa baratu taasisa
- Hirmaannaa tokkoo tokkoo barattootaa cimsa
- Odeeffannoo dabalataa kennuufi keessa deebiidhaaf mijataadha.

**Rakkoo hojii garee keessatti uumamu akkamiin furuun danda'ama?**

- Dursanii garicha qindeessuu.
- Barattoota dandeettii fi fedhii isaaniitiin gareetti qooduu
- Nama garicha to'atu isaanuma keessaa akka filatan gochuu
- Barsiisaan dalagaa gareewwanii haalaan hordofuu
- Dhiyeessi baay'ee ta'uu
- Dogoggora uumamu sirreessuun akka marii isaanii mata duricharra taasifatan taasisuu
- Qajeelfama ifa ta'e kennuufi ammaa ammaa barattoota to'achuurraa of qusachuu.
- Dalagaan fedhii barattootaa kakaasuufi barbaachisaa ta'e kennamuufi qaba.

## Qo'annaa Fakkii

Fakkii qo'achuun akka barattoonni haalicha ilaalanii hubatan godha. Barattoonnis akka fakkiicha ilaalanii ibsan jajjabeeffamu. Gilgaalotaafi meeshaalee deeggarsa barnotaa afaanii kan haala qabatamaa keessaa dhimma baasu waan ta'eef, gilgaalonniifi meeshaaleen deegarsa barnoota Afaan Oromoo baay'ee barbaachisaadha. Barattoonni barumsa haala kanaan baratan muuxannoo isaanii gabbifachuun jijjiirama agarsiisuu qabu. Meeshaan deeggarsaa kunis kan addunyaa dhugaa keessatti bakka bu'aa qabuufi kan yaadaan jiru ta'uu mala. Hanga danda'ametti garuu dalagaalee daree keessaa isa jireenya qabatamaatiin wal-qabsiisuun barbaachisaadha.

Caasluga afaaniifi seera isaa walxaxaa ta'e barsiisuu keessatti illee haala hawaasa keessatti hojiirra oolurraa addaan baanaan bu'a qabeessa hin ta'u. Tajaajilli deeggarsa barnootaafi gilgaalotaas dhimma kana galmaan ga'uuf tajaajilu. Muraasni isaanii warra kanaan gadii yoo ta'an kitaaba barataa keessattis dhiyaachuun qajeelchi barsiisaa ammoo hojjii kalaqaa kanneen birootiin wal-qabsiisuun hojiirra oolchuu yaala.

Deeggarsa baruu barsiisuuf kanaan dhiyaatan kun salphaafi yeruma hunda daree barnoota afaanii keessatti itti fayyadamuun kan danda'amu ta'uullee qarshii xiqqoo baasuufi kaan ammoo barattoonniifi barsiisonni ofumaa qopheessuu kan gaafataniidha.

## Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

### Wantoota Qaamaan Jiran

Meeshaaleen deeggarsaa kunneen kan barattoonni jireenya dhugaa keessatti argatan, kan akka kubbaa, dhagaa, ulee, nama, gaazexaafi wkf ta'uu malas.

## Gilgaalota Baruu-barsiisuu

### Shaakala Dhaggeeffachuu

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha. Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha.

### Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

### Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu

## Yeroo Dhaggeeffachuu

- Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.
- Barruu qophaa'e si'a lama ykn si'a sadii dubbisiif.
- Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif.

## Dhaggeeffachuun Booda

- Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.
- Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.
- Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa gabbisan shaakalsiisi.

Dalagaaleen kanaan gadii ammoo, barattoonni afaaniichaa ogummaa dhaggeeffachuu isaanii akka gabbifataniif tumsa godhii.

- Waliin dubbii
- Falmii
- Teeppii ykn televiijiinitti gargaaramuu
- Doo'ii (daawwii)
- Kennaa ykn ibsa ajajaa
- Ibsa kennuu

Shaakala ibsa kennuu keessatti barsiisaan barattoonni dhaggeeffatanii akka barreessan taasisa. Kaayyoo isaa ogummaa dhaggeeffachuufi barreessuu barattootaa madaaluuf barattoonni wanta ibsamu dhaggeeffatanii ariitiidhaan yaadannoo barbaachisaa ta'e akka qabatan taasisa.

## Gulantaalee Barsiisuu

## Gulantaa

1. Osoo barattoonni dhaggeefachaa jiranii ati ammoo, si'a lama dubbisiif.
2. Barattoonni shaakala barreessuu hima himaan akka barreessan qajeelchi.
3. Barruu san gabatee gurraacharratti barreessuun akka barattoonni isa barreessaniin wal-bira qabanii sirreeffatan taasisi.
4. Barattoonni dubbisicha hubachuu isaanii mirkaneeffachuuf afaaniin gaafadhu.

## Qo'annaa Fakkii

Kitaaba barataa keessatti jalqaba (mata dureewwan) boqonnaalee hundaarratti fakkiifi gaaffiiwwan karaa agarsiisaniin itti seenamee jira. Barsiisaanis akka barattoonni fakkiiwwan dhiyaatanirraa wantoota, bineeldotaafi namoota haala garagaraa keessaa addaan baafatan gaafachuutu irraa eegama. Kaayyoon isaas akka barattoonni waan beekanirraa ka'anii isa hinbeekne barachuu danda'aniifi haala mijeessuudha. Kana malees, barattoonni yoo fakkii ilaalanii ibsan dhugaa hawaasa keessatti kan duraan beekan jechootaafi caasaa afaanichaatti gargaaramanii ibsuun aadaafi duudhaa hawaasichaa ka'umsa taasifatu. Kanafuu, wanta arganii beekan tokko irratti yaada kennuun dhugaa hawaasa keessaa gara dareetti fiduurra darbe fedhiin isaanii akka daran dabalus godha.

## Gulantaalee

- Mataduree wal-barsiisuu
- Barattoonni gaaffii ati kaaftu mararratti mariyatu.
- Fakkii qo'atu.
- Barattoonni wantoota /bineeldota/namoota/haallan fakkicharraa argan ibsu.
- Gaaffiiwwan karaa agarsiisuuf kitaaba barataa keessatti dhiyaates nideebisu.

## Tapha Jechaa(word game)

Barnoonni jalqabaa muraasni jechoota haarawaa kanneen loogawwan keessa ba'aniin baratoota wal-barsiisan jechoonniifi caasaan haaraan ammoo hanga danda'ametti meeshaalee deeggarsa barnootaa fayyadamuun barsiifamuu qabu. Meeshaaleen deggersaa kunis, waan hunda dura akka qalbiin barattootaa gara dhimmichaatti luucca'u taasisuun salphaatti hubachiisa. Kun ammoo akka isaan waa'ee meeshaa deeggersaa sana waan addaan baafachiisurra taree, gara kamitti akka inni yaada isaanii harkise irratti akka yaada wal-jijjiiran taasisa. Fakkeenyaaf, kanaan dura barattoonni waa'ee halluu barachuu malee gosni halluu dhiyaateefi isa irratti hundaa'uun waa'ee isaa barachaa, halluun inni kaan ammoo akka jara garaa nyaate yaada isaanii dhiyeessuuf haalli mijataa hinturre. Meeshaaleen kun ammoo, haala kanarratti hubannoo cimsu. Kanaafuu, meeshaalee deggersa barnootaa garaagaraatiin deggeruun dhimma tokko dhiyeessuun wantootaafi waa'ee isaanii irratti hubannoo cimsa

Itoophiyaan biyya barattoonni afheddee ( multilingual)fi aadheddee (multicultural) ta'an keessatti barataniidha. Kanaafuu, barattoota muuxannoo garagaraa qabantu gara mana barumsaa dhufu. Fakkenyaaf, baadiyaafi magaalaan haallan adda addaa barnoonni keessatti kennamu. Barattoonnis naannoowwan garagara. Bakka wantoota

addunyaa qabatamaa keessa akkuma jiranitti daree barnootaatti fiduun ittiin barachuun rakkisaa ta'utti, fakkiiwwanii gabatee gurraachaafi kitaaba barataarraa jechootaafi yaad rimeewaan ciccimoo ta'an salphaatti hubachiisuun nidanda'ama. Jechoonni haala kanaan barsiifaman ammoo caasaa afaanichaa kan sadarkaa garagaraa keessatti itti fayyadamuuf haala mijeessa.

## Adeemsa

- Meeshaalee deeggarsa barnootaa dursanii barattootatti agarsiisi.
- Jechoota haaraafi akkaataa isaan itti sagaleessan barattootaan wal-barsiisi.
- Haala jechoonni sun keessatti tajaajilan ibsi.
- Akka barattoonni sifaana bu'anii sagaleessan taasisi.
- Himoota garagaraa keessatti jechichatti gargaarami.
- Barattoonni hima ofii isaanii keessatti akka jechoota sana gargaaraman taasisi.
- Hima barattoonni ijaaran harkaa fuudhiitii gabatee gurraacharratti barreessi.
- Dhumarratti, akka barattoonni gilgaala kitaaba barataa keessaa ofii isaaniitii filatanii barreessan jajjabeessi.

Hub. Dhumairratti gilgaala barreessuu shaakalsiisuun dirqama miti. Afaaniin daree keessatti mariyachuun gahaadha.

## Shaakala Qubeessuu

Shaakala qubeessuu keessatti barsiisaan jechoota garagaraa dubbisuun barattoonni akka barreessan taasisa. Kunis, jalqaba barnootarratti kan shaakalamuudha.

## Tapha Jechootaa (word game)

Taphni jechootaa akka barattoonni ogummaa xiinxaluufi gadi fageessanii yaaduu gabbifatan taasisa'. Tooftaan kun, akka barattoonni bashannanaa salphaatti hiika jechoota baratan taasisa

## Adeemsa Tapha Jechootaa

Taphni jechootaa adeemsa garagaraa keessa darba.

- Qabxiilee taphaaf qophaa'an barattoonni barruulee isaaniirratti ni- barreeffatu
- Eertota gaaffiiwwan sana keessaa niqo'atu.
- Eertota sanarraa ka'anii deebii laachuun taphicha guutuu taasisu.
- Bakka barattoonni gargaarsa fedhanitti cinaa dhaabachuu qaba.

- Barattoonni akka yeroo biraas tapha jechoota garagaraatti fayyadaman qajeelchuun gaariidha.

## Waliin Dubbii

Waliin dubbiin kan qophaa'u akka barattoonni ogummaa of ibsuu gabbifatan, ofitti amanamummaa horatan, jechootaafi caasaalee afaanichaa shaakalan gargaara. Xiyyeeffannoon isaa garuu ogummaa dubbachuufi dhaggeefachuu gabbisuurratti ta'a. Akkuma ija jabinaafi ofitti amanamummaa horachaa deemaniin ogummaa do'ii qopheessuufi isa qophaa'e keessatti qooda fudhachuun bashannansiisuu horachaa deemu.

Faayidaa waliin dubbii ogummaa dubbachuu barsiisuu keessatti

- Barattoota waan giddugaleessa taasifatuuf barattoonni hojii isaaniirraa baratu.
- Ogummaa dhaggeefachuu barattotaa gabbisa.
- Barattoonni waan dhugaafi hiika qabeessa ta'e akka dalagan taasisa.
- Afaanicharratti akka barattoonni ga'umsa dubbii horatan gargaara.
- Ogummaa dubbisuufi barreessuu horachuuf jara qopheessa.
- Ofitti amanamummaa gonfachiisa.
- Barumsicharratti akka barattoonni fedhii horatan taasisa.
- Hiika gaaleewwaniifi cirowwan guutummatti akka argatan godha.
- Hiikni jechoota haaraafi wkf akka barataman karaa saaqa.

## Waliin Dubbiin Barsiisuu

Barsiisaan Afaan Oromoo, hunda dursee waa'ee waliin dubbiirratti ibsa ifa ta'e kennuu qaba. Kun ammoo, seenduuba isaa, qooddattoota achi keessatti qooda fudhataniifi wkf ilaalchisee ta'uu danda'a. Barsiisaan dursee waa'ee waliin dubbii sana waan hubachiisuuf, barattoonni waa'ee kanaa beekan, kun ammoo, hojicha keessatti qixaan akka hirmaatan karaa saaqa.

## Adeemsa Waliin Dubbii

### Gulantaa 1

- Waliin dubbicha haala filatamaa ta'een dhiyeessu.
- Fakkeenyaaf fakkii haala bittaafi gurgurtaarratti qophaa'e barattootatti agarsiisuu.
- Qabxiilee ijoo fakkicharratti barattoonni waliin mariyachuu.
- Akka barattoonni waliin dubbii beekamaa tokko shaakalan taasisuu.

**Gulantaa 2**

- Waliin dubbicha akka barattoonni dhaga'anitti dubbisuu.
- Yeroo dubbisaa sagalee haalarratti hundaa'uun jijijjiiruu.
- Gochaawwan qooddattootaa barattootatti himuu.
- Waliin dubbicha si'a lama irra deebi'uun dubbisuu.

**Gulaantaa 3**

Caaccalee afaanii waliin dubbicha keessaa qixaan barsiisuu.

**Gulaantaa 4**

- Barsiisaa faana bu'uun akka barattoonni waliin dubbicha sarara sararaan irra deebi'an taasisuu. Kanaafuu,
- Barattoota kee bakka lamatti qooduun qooddattoota taasisi.
- Osoo addaan hinkutin akka gareewwan kan dhuunfaa isaanii dubbisan sochii qaamaatiin ajaji.

**Gulantaa 5**

- Waliin dubbicha cimdiin shaakaluu.
- Waliin dubbicha akka barattoonni lama lamaan ija keessa wal-ilaalaa shaakalan qindeessuu.
- Akka isaan sagalee ol fuudhanii dubbatan hayyamuu.

**Gulantaa 6**

- Barattoonni waliin dubbatu.
- Uffatanii akka qophaa'an taasisuu(yoo danda'ame)
- Warrii qophaa'an akka jalqaban taasisuu.

**Sirbuu**

Barattoonni akka mukuu, dadhabbii, nuffiifi wkf irraa baraaramaniif, jaruma keessaa kan sirba danda'u tokko ka'ee akka walaloo sirba dhageessisu taasisuun ga'ee barsiisaati. Barattoonni akka walaloo sirbaa barreessaniifi dubbisan taasisuunis ogummaa isaanii kana cimsa.

## Walaloo

Walaloon mucaan cimaan tokko barreessuu dha'atas, dhikkisas qaba. Walaloonis amala muuziqaa waan qabuuf baay'ee barbaachisaadha. Walaloon kun daree barnootaa keessatti yeroo barbaachisaa ta'etti dubbifamuufi jechoonni haaraan achi keessaa ba'anis baratamuu qabu. Kana cinattis haalli walaloon waraqaarratti itti dhiyaate kan hololoorraa adda waan ta'eef, uunki isaa nibaratama.

Barattoonni akka walaloo barreessan jajjabeeffamuu qabu. Sagantaa barattoonni walaloo barreessuun itti walii dubbisan barsiisaan qopheessuu qaba. Kun ammoo dubbisuufi barreessuu irratti akka isaan fedhiifi jaalala horatan taasisa. Walaloo qophaa'e tokko akka barattoonni dubbisan taasisuun dura, barsiisaan ofii isaatii dubbisuu qaba. Barattoota sadarkaa hundaaf walaloon sagalee muuziqaa fakkaatuun dhiyaate daran bashannansiisaa ta'a.

## Adeemsa Walaloon Ittiin Dhiyaatu

### Gulantaa 1

- Akka barattoonni walaloo beekamaa tokko dubbisan taasisi.
- Walaloo sana haalaan sagaleessuufi gochaanis agarsiisuu akka danda'an gochuu. Barattoonni walalicha keessa isaaniitti beekuun jijjiirraa jechaa irraa of qusachuu qabu.

### Gulantaa 2

- Si'a tokko gaalee walaloo tokko barsiisi
- Ofii keetii dubbisuun ykn jechuun akka barattoonni sijalaa qaban taasisi.
- Barattoonni hundi akka irra deebi'anii jedhan kakaasi.

### Gulantaa 3

- Gareewwan keessaa gareen tokko si'a tokko akka walalicha irra deebi'an qajeelchi.
- Barattoota 2 ykn 3 kaasuudhaan akka walalicha irra deebi'anii dubbisan taasisi.

## Xiyyeeffannoo

Jechootaafi caasaa afaanichaatiin alatti ogummaafi duudhaan hawaasichaa kan barataman ni jiru. Fakkeenyaaf, barattoonni ofitti amanamummaa, obsa, waldanda'uufi rakkoo ykn mudama jireenyaa jala dhaabachuu danda'u. Jaalala itti gaafatamummaa fudhachuu, kalaqaafi uumama dinqisiifachuu, wal-qunnamtii ga'aa gaggeessuufi wkf gonfachiisuu kan danda'an barachuu qabu. Ogummaawwaan kana akka barattoonni gonfataniif kitaaba barataa keessatti gilgaalonniifi fakkiiwwan gosa garagaraa, qajeelcha

kana keessattis haalli hojiirra oolmaa isaanii dhiyaatee jira. Kaayyoon kanaas, sonaafi duudhaa hawaasa keessatti ijoolummaa isaaniitiin akka guddatan taasisuudha.

## Gulantaalee

- Barsiisaan qabxiilee qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan dubbisuun haala hawaasa keessaatiin wal simsiisee barsiisa.
- Marii haala qabatamaa naannoorratti taasifamurratti barattoota hirmaachisa.
- Barattoonnis hirmannaa barbachisaa ta'e taasisu.

## Seenaa Himuu

- Seenaa himuun wantoota afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaa har'a ga'an himuun ykn kan barreeffame dubbisuun akka barattoonni irratti hojjetan taasisuudha.
- Dalagaaleen dhimma kana jalatti ka'an akka barattoonni dabareedhaan seenaa himan, kaan ammoo, akka dhaggeeffatan taasisuufi ofiis keessatti hirmaachuun barsiisaarraa eegama.

## Bu'aa Seenaa Himuun Qabu

1. Akka barattoonni barnoota isaaniitti gammadaniifi fedhii horatan taasisa.
2. Ogummaa afaaniin ibsuu, marii keessatti hirmaachuu, sirbuu, do'ii dhiyeessuu gonfachiisa.
3. Ogummaa dubbachuufi dhaggeeffachuu barattotaa gabbisuun barnoota daree irratti akka xiyyeeffatan taasisa.
4. Kalaqaafi hirmaannaan barattootaa akka dabalu taasisa.
5. Ga'umsa barattoonni gama yaaduutiin qaban akka dabalus taasisa.
6. Akka barattoonni aadaa isaanii dinqisiifatan jajjabeessa.

## Haxawwan Seenaan Ittiin Himamu

- Do'ii
- Dhiyeessa sirnaawaa
- Gaaffii afaanii dhiyeessuun barattoota seenaa himuu keessatti hirmaachisuu
- Haala irratti hundaa'uun barattoota gareetti qoodu
- Sirba seenaa dhiyaatuun qunnamtii qabu fayyadamu.

## Dalagaalee Dhuma Seenichaarratti Dhiyaatan

- Do’ii qooddattootaa
- Irra deebi’anii seenicha himuu
- Bilisaan gaaffii afaanii deebisuu
- Marii
- Seenicha akkeessuu
- Fakkiitti jijjiiruu
- Barreessuu

## Gahee Taphachuu

Dalagaa akkanaa keessatti barattoonni seenaa, tapha, haalaafi wkf tokko fudhachuudhaan himuu eegalu. Jechoota achi keessaa bahanitti haalaan madaqu. Adeemsi akkasii ammoo akka isaan ogummmaa waa kalaquun afaanichatti dhimma ba’uun caala mudannoo ibsuu, dubbatanii amansiisuu, yaadolee walitti araarsuufi wkf gabbifatan taasisa. Barsiisaanis haala mijeessee akka barattoonni isaa keessatti gahee taphatan, fkn haala gabaa, mana yaalaa daawwachuufi wkf mijeessa.

## Falmii

Malli kun akka barattoonni mata duree isaanitti toluufi sadarkaa sadarkaa isaaniitiin wal-gitu filatanii irratti wal-falman carraa laata. Kunis gama lama qabachuudhaan gamni tokko mormee, gamni biraa ammoo deeggaruun keessatti hirmaatu.

Falmiin akka barattoonni dhimmoota adda addaa irratti yaada kaasuun ga’umsa afaanichaa fooyyeffataa deeman godha. Kanaafuu, barsiisaan mata duree salphaa ta’erraa  akka eegalan taassuu qaba. Barattoonni darichaas garee lamatti qoodamuun akka dhimmicharratti falmii isaanii dhiyeessuu danda’an itti qophaa’u. Dhiyeessaafi falmii akkasii keessatti ogummaawwan afaanii hunda gabbifatu. Kana malees, wal-danda’uu, wal-kabajuufi walitti dhufeenyi gaariin akka argamu taasisa.

## Yeroo Wacuun Mariyatan

Asitti, barsiisaan akka barattoonni dhimma daricha keessaa tokkorratti hiriyoota ykn akkuma wal bira jiranitti mariyatan taasisa. Dareen marii sanaas wacaa falmuufi deeggaruutiin guuta. Gar malee akka hin taane barsiisaan ni to’ata.

## Yeroo Battallee

Yeroo kana ammoo barsiisaan gaaffiiwwan gaggabaaboo qopheessuun deebii gabaabaa

akka kennan taasisa. Kun ammoo hibboo fa'iin qunnamtii mata dureewwan qaban hedduu of keessatti hammachuu kan danda'uudha. Yeroon battallee kanaaf kennamus gabaabduu ta'uu qaba.

### Fakkiifi Faayidaa Isaa

Fakkiin odeeffannoo fudhachuufis ta'ee dabarsuuf ga'ee guddaa qaba. Akka barattoonni ogummaa fakkii kaasuus ta'ee dubbisuu horatan taasisuuf barsiisaan gilgaalota qopheessuun keessatti hirmaachisuu qaba.

Gilgaalonni qophaa'an kun ammoo, fakkii dhiyeessuun akka barattoonni barreeffamatti jijjiiran ykn barreeffama gara fakkiitti jijjiiramu tokko dhiyeessuun akka isaan yaada barreeffamicha fakkiitti jijiiruu danda'an taasisuu qabu. Kun ammoo, ogummaa waan ilaalan tokko ibsuufi waan yaadaan jiru tokko gara waan mul'atuutti jijjiiruu akka guddifatan gargaara.

### Piroojeektiiwwan Dhuunfaafi Gareen Hojjetaman

Akka barattoonni gareefi dhuunfaadhaan piroojeektii garagaraa hojjetan taasisuun ogummaafi ga'umsa yoomessa kalheddee keessatti tajaajilus akka gabbifatan godha. Hojii barattoonni gareen ykn waliin hojjetan kennuun, akka barattoonni suuteyyiifi ija laafeyyiin ofitti amanamuummaa horataniif isa kophaa kophaatti hojjetanii fooyya'anii akka argaman taasiisa. Kana malees, waliin hojjechuun walitti dhufeenya isaaniiratti, wantoota qaacceessuurratti, gadi fageessanii yaaduurratti, qindeessuurratti ga'umsa akka horatan taasisa. Kana galmaan ga'uufis akka barattoonni falmii, mariifi wkf keessatti qooda fudhachuun yaadaan morman, deeggaran, akkasumas, yaada wal-jijjiiran taasisuutu barsiisaarraa eegama.

Adeemsi itti dhiyaachuu qabu ammoo barattoota qabxii olaanaa qabaniifi qabxiin isaanii gadaanaa ta'e, dhiiraafi dubara akkasumas magaalaa fi baadiyyaa jiraatan waliin makuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e kanneen akka fakkii haasawaa taasifame, waan barreeffameefi wkf walitti qabachuun gareedhaan akka dhiyeessan taasifamuu qabu.

### Teekinoolojii Qunnama Odeeffannoo (TQO) Gargaaramuun Barachuu

Barnoota mala ammayyaa bu'uura taasifateen barachuufi barsiisuun odeeffannoo saayinsiifi teekinoolojiirraa argametti gargaaramuun barbaachisaadha. Odeeffannoo kana argachuuf ammoo, raadiyoonii, televiijiiniifi interneetiitti gargaaramuun dirqama ta'a. Barsiisonni afaanii odeeffannoo ykn yaada namoonni dirree qo'annoo garagaraa qaama mala baruu-barsiisuufi qabiyyee barnootaatiin qaban argachuufi itti fayyadamuuf

meeshalee sub-qunnamtitti fayyadamuu qabu.

Barnoota afaanii saffisiisuuf, meeshaalee sab-qunnamtiitti kanneen akka televijiinii teephiidhaan waraabuun dhaggeeffachiisuufi daawwachiisuun ogummaa dhaggeeffachuufi ilaalanii ibsuu akka danda'an taasisa. Kun barattoonni odeeffannoo meeshaalee wal-quunnamtii kanarraa argataniin waan barataniifi haala itti baratan fooyyeffachuun isa duraan kitaaba barnootaa qofaan gaggeeffamurraa adda ta'uu danda'u.

Fedhii addaa daree baranoota afaanii keessatti miidhamni qaamaa, hubanno sammuu miti. Barattoonni shaakala gilgaalota garagaraafi gargaarsa addaa barbaadan dagatamuu hinqaban. Barattootuma wajjiin ta'uun gargaarsa addaa yoo argatan haala gaarii dhaan barachuu kanneen danda'an xiyyeeffannoo bakka barbaachisutti gaaffiiwwan akka barattoonni karaa garagaraa deebii itti laatan kakaasu gaafadhu.

## Hanqina Xiyyeeffannoo

Barattoonni tokko tokko waan tokkootti xiyyeeffannoo kennuu dadhabu. Kanneen akkasiitiif ammoo,

- Gilgaalootaafi dalagaalee ifaafi salphaatti xiyyeeffannoo isaanii hawwachuu danda'an qopheessuu .
- Gilgaalotaafi dalagaalee haala garagaraa keessatti barbaachisan waliin makuun dhiyeessuu.
- Haala isaanii hubachuun gosa gargaarsa kennamuu jijjiiruu
- Gargaarsa barattoota akkasiitiif taasifamu keessatti hiriyoota isaanii warra miidhama qaamaa hinqabne hirmaachisuu.

### Hanqina Yeroo Dheeraaf Yaadachuu Dhabuu

Barattoota yeroo gabaabaa qofaaf yaadachuu danda'aniif qabxiileen itti aanan barbaachisoodha.

- Gilgaalota irra deddeebii qaban hojjechiisuu; osoo qabiyyee barachuuf deeman sanatti hinseenin waa'ee isa duraan baratanii gaafadhu.
- Barreeffama ifaa, salphaafi gabaabaa ta'e kennuufiin akka qajeelfamicha yaadatan taasisu.
- Akka isaan tasgabbaa'uun gaaffii dhiyaateef deebii kennan yeroo ga'aa kenniif.
- Akka isaan dafanii yaadatan hindoorsisin.

### Miidhama  Qaroo (visual impairment)

Qabxiileen kanaan gadii barattoota miidhama qaroo qaban gargaaruuf eeraman.

- Fuuldura teessisuu
- Barreeffama gurguddisuu
- Yoo gonkumatti hinargan ta'e akka bireeliitti gargaarman taasisi. Kanaaf ammoo haala itti fayyadama bireelichaarratti leenjiin addaa kennamuufi qaba. Kanaafis nama ogummaa kanaan leenji'e qopheessuun haaldureedha.

### Miidhama Dhageettii

- Kallattiidhaan barattootuma sanatti dubbachuu
- Fuuldura teessisuu
- Itti agarsiisuun akka dubbatan jajjabeessuu (gabatee, fakkii wkf)
- Irradeeddeebi'uun jechoota ergicha baatan xiyyeeffachuu.

Yoo barattoonni miidhama cimaa qaban jiraatan ammoo, daree baranoonni addaa ykn gargaarsi addaa itti taasifamaniif baruun barbachisaadha.

### Miidhama Qaamaa

Barattoonni miidhama qaamaa ykn miilli citaa ta'an daree keessatti fuuldura akka taa'an gochuun gaariidha. Barsiisaan bulchiinsa mana barumsaatiin waliigaluun karaa isaan irra deeman ykn kursiin ittiin deeman akka tolfamu gochuufi barattoota hanqina akkanaa qaban, manni barumsaa akka baru taasisuu qaba.

### Barattoota Daran Cimoo ta'an.

Inni kun mudaa miti. Haata'u malee gargaarsa addaa barbaada. Barattoonni dafanii waan baratan hubatan haala warri suuta hubatan itti barataniin barachuun danqaa ykn nuffisiisaa itti ta'uu mala. Warra akkasiitiif barsiisaan gilgaala dabalataa kennuu qaba. Kana malees, barattoota warra kaan akka gorsan, karaa qabsiisan barsisaan jaratti fayyadamuu qaba. Dura bu'aa ykn qindeessaa garee taasisuunis barnoota isaanii saffisiisa. Kun ammoo, daran dammaqaa taasisuun dalagaa baruu barsiisuuf haala mijeessa.

### Korniyaafi Barnoota Afaanii

Daree barnoota afaanii keessatti yeroo mara ta'uu baatullee, barsiisaa afaaniitiif ka'umsa tokko. Barattoonni dubaraa yeroo tokko tokko warra dhiiraa dursanii, yeroo kaan ammoo jara biraa baay'ee duubatti hafanii argamu. Kun dhiiraafi dubara gidduutti adda addummaa uuma.

Barattoonni dubaraa baay'inaan dubbachuu keessatti qooda fudhachuurratti yoo

of-qusatan warri dhiiraa garuu baay'ee dubbachuufi gochaan agarsiisuu keessatti qooda fudhatu. Haata'u malee, lamaan isaaniiyyuu wal-qixa haala hunda keessatti hirmaachisuun ga'ee barsiisaati. Itti dabalees, dalagaalee ciccimoo kanneen akka wacanii dubbachuu tapha jechootaafi wkf keessatti qooda fudhachiisuun bu'aa qaba. Hojii garee keessattis dhiiraafi dubaraa waliin makuun lamaanuu akka wal-qixa qooda fudhatan taasisuun wal-qixxummaa isaanii mirkaneessaa deemuu ta'a.

### Sissi'eessa Barataafi Barsiisaa

Sissi'eessi baranoota afaanii keessatti iddoo guddaa qaba. Barsiisaas ta'ee baratаan sissi'aa'uu qabu. Bakka barachuufis ta'ee barsiisuuf sissi'aayinni hinjirretti galma ga'uu kaayyoo barnoota afaanii eeguun rakkisaadha. Kanaaf ammoo barsiisaas ta'ee baratаan wal-dammaqsuus ta'ee of dammaqsuun dirqama isaaniiti. Kanaafis tooftaa garagaraatu jiru. Isaanis, kan kanaan gadiiti ta'u.

### Jajuu

Barattoonni yeroo deebii deebisan ykn hojii bu'a qabeessa hojjetan jechaan jajjabeessuun bu'aa guddaa qaba. Barattoota jajuun akka fedhiin isaan barnootarratti qabaniif jajjabina argachiisa.

### Qabxiifi Yaada Jajjabeessu Kennuu

Barsiisaan qabxii barattoonni argatan qixaan kaa'uufi yaada jara jajjabeessu biratti barreessuufii qaba. Barsiisonni tokko tokko qabxii barattootaa irratti hundaa'uun yaada abdii jara kutachiisu kennu. Yeroo yaaddeebiin laatamu 'gaarii, baay'ee gaarii, ga'aa, akkasumaan itti fufi' jechuun fayyadamuun milkaa'inaaf bu'uura. Karaa biraatiin, 'dadhabaa, gadhee, gadaanaa, homaa gochuu hindada'amuufi wkf' fayyadamuun gaarii miti. Qabanni isaa barattoota mogolee buusuun abdii waan kutachiisuufi.Waan hundaafuu akka garaa wanta gaarii ta'e tokkootti deemsisuun jajjabeeffamuu qabu.

### Sissi'eessa Barsiisaa

Barsiisaanis kaayyoo barnootaa galmaan ga'uuf gammaduu qaba. Gammachuun kanaaf ammoo dhimmoonni kanaan gadii barbaachisoodha.

- Barsiisaan/barsiistuun ogummaa isaatiif/ishiitiif kaayyoo fi mul'ata ifa ta'e tokko qabaachuu qaba/qabdi.
- Walitti dhufeenyi inni ykn ishiin barsiisota biroo wajjin qaban gaarii ta'uu qaba/qabdi.

- Bu'aa ba'ii jirenyaa jala dhaabbachuufi akkamitti akka keessumsiisan irratti ga'umsa qabachuu.
- Barsiisaan/barsiistuun yeruma mara milkaa'ina jiru jajjabeessuu, itti gammaduu qaba/qabdi.

Madaallii barnoota afaanii keessatti adeemsa baruu-barsiisuu, barataafi barsiisaa madaaluun bu'aa guddaa qaba. Kunis, bakka fooyya'iinsiifi hiri'inni jiru addaan baasuun jajjabeessuufi fala barbaaduuf haala mijeessa. Kun ammoo, qulqullinni akka jiru addaan baafachuurratti fayyada.

## Madaallii Barataa

Barsiisaan adeemsaafi dhuma barnoota wayitii tokkootti barattoota isaa madaaluuf gilgaalota garagaraa shaakalsiisuu qaba. Dhuma semisteraa irrattis ta'ee waggaatti barattoota madaaluun dirqama barsiisaati. Kanneen armaan gadii tooftaalee barsiisaan barattoota isaa ittiin madaalu.

## Haala Barattoonni Irra Jiran Sakatta'uu

**Barattoonni maalirra akka jiran addaan baafachuuf hojiiwwan isaanii daawwachuufi sakatta'uun barbaachisaadha. Kun ammoo, karaa alidilee ta'een hirmaannaa isaanii bu'uureffachuun ta'uu mala. Gilgaalonni gahumsa isaanii kana sakatta'uuf gargaaran kitaaba barataa keessatti haalaan dhiyaateera. Barsiisaanis gilgaalota kanatti dhimma ba'uun waan barattoonni isaa irra ga'an madaaluu qaba. Deebii tokkoon gilgaalota kanaa qajeelcha barataa keessatti dhiyaatee jira.**

## Barsiisaan Madaaluu

Barsiisaan gilgaalota qabiyyee barnootaa jalatti dhiyaatan hunda booda tooftaa mataa isaatti gargaaramee barattoota isaa madaaluu qaba. Kun ammoo, bakka hiri'inni jirutti fala barbaaduufi bakka fooyya'inni jirutti jajjabeessuuf gargaara.

# BOQONNAA 1: Maalummaafi Amaloota Afaanii (wayitii 10)

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni maalummaafi amaloota afaanii addaan baafachuu jajjabeeffamuu qabu. Adeesma kana keessa ilaalcha afaanirratti qaban jijjiirrachaa, wal-qixxummaa afaanoota dinqisiifatu. Amaloonni kunis, tajaajila afaanii, jalqabaa afaanii, walitti dhufeenya afaaniifi aadaa akkasumas, walitti dhufeenya afaaniifi hawaasaa waan bu'uureffataniif, haallan kanaan waliin qabanii akka barattoonni itti fayyadaman taasisuun ga'ee barsiisaati. Dhalli namaa uumamaan wal-qixa; nidhalata; niguddata akkasumas, nidu'a. Afaan isaas akkasuma. Amma fedheyyuu haaguddatuu ykn hamma fedheyyuu sadarkaa guddinaatiin boodatti haahafuu, afaan hunduu wal-qixa ta'uu isarratti barattoonni hubannoo horachaa akka deeman taasisa. Afaaniifi amaloota hawaasaa wal-cinaa qabuun dinqisiifachuun ammo ilaalcha namummaa waan gonfachiisuun nama misoomaa taasisuurratti ga'ee guddaa qaba. Rakkoo afaaniin hidhata qaban furuurrattis qooda fudhata.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- Maalummaa afaanii nihubatu.
- Amaloota afaanii garagaraa nibalballoomsu.
- Maalummaa xinsagaa nihimu.
- Faallaafi moggoo(hiika wal-fakkaatu) jechootaa addaan baasu.
- Jechootaaf hiika kallattii garaagaraa nikennu.
- Amala dhamsagoota Afaan Oromoo nitarreessu
- Ulaagaalee dhamsagaa addaan baasu.
- Garaagarummaafi tokkummaa dubbifamaafi dubbachiisaa afaanichaa ibsu.
- Garaagarummaa dhamsagaafi firsagaa nixiinxalu.
- Sirboota yeroo daboo ykn daadoo sirboota qaaccessu

## 2. Qabiyyee

- Maalummaa afaanii
- Amaloota afaanii
- Dhaggeeffannaafi dubbannaa
- Hiika jechoota
- Xinsaga Afaan oromoo (Afaan Oromo Phonetics)
  - Qaamolee dubbii (Speech organ)
  - Sagalee dubbii (Speech sound)
    - Dubbifamaafi dubbachiisaa
    - Dhamsagoota Afaan Oromo (Afaan Oromo phonemes)

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1: Shaakala dubbisuun duraa**

Kaayyoon guddaan shaakala dubbisa duraa kitaaba barataa keessatti dhiyaaterraa eegamu, dandeettii dubbachuu akka gabbifataniifi muuxannoo isaanii gara mata durichaatti akka fidatan taasisuudha. Kun ammoo, qabiyyee barnoota guyyaa sanaa salphaatti hubachuuf karaa saaqa. Bu'uuruma kanaan, gaaffiiwwan dhiyaataniin ogummaawwan caqafaman akka gabbifatan kan gargaaran waan ta'aniif, bifa garaagaraa qabu. Kanaafuu, qajeelcha barsiisaa kana keesatti waan dhiyaate qofaarratti of gatuun, deebii barattoonni kee laataan sirrii ykn dogoggora jechuurraa of qusadhu. Deebii isaanii hundumaa harkaa fuuchuun akka yaadaa isaanii gara mata durichaatti qajeelfatan taasisi. Shaakala dubbisa duraatiif gaaffiiwwn dhiyaatan deebii tokkoo ol qabaachuu danda'u. Deebiiwwan kana keessa kan asitti dhiyaates isa tokko ta'uu mala. Deebiiwwan kallattii sadaniinuu jiran kana walitti fiduun irratti mariyachiisuun dubbisaaf qopheessi.

Muuxannoon barattoota keetii gara mata duree barattoonni kee dubbisuuf deemaniitti dhufuu isaa erga mirkaneeffattee booda, jechoota dubbisuu isaaniitti gufuu ta'u jedhamanii kitaaba barataa (gilgaala 1, B) jalatti dhiyaatan tilmaamsisi. Asirratti garuu, hiika jechoota sanaa banaa taasisuun g a a r i i miti. Sababni isaa, kaayyoon hiika jechoota kanaa tilmaamsisuu yeroo dubbisaa

ergaa isaa salphaatti akka hubataniif waan ta'eef, gara hiika jechoonni kunneen dubbiisicha keessatti qabaniitti jara qajeelchuun gaariidha.

**Deebii gilgaala 1**

A. 1. Dhala namaa wal-quunnamsiisuuf afaan, mallattoon, raadiyoon, bilbilli, interneetiin xalayaafi wkf gahee guddaa yoo taphatan, isaan keessaa hundarra kan caalu afaani. Sababa isaa, mallattoon amma afaanii ergaa tokko guutuu hintaasisu. Yeroodhaa yerootti fooyya'iinsa hinagarsiisu. Meeshaaleen sabquunnamtii kanneen asitti caqafamanis, afaan keessaa dhibnaan bu'aa buusuu hindanda'an. Afaan garuu yeroodhaa, yerootti guddachaa kan deemu, waan darbe isa ammaatiin waliin qabsiisee isa boriitiif qopheessuu kan danda'uufi walquunnamtii milkaa'iina gonfachiisuurratti dorgomaa kan hinqabnedha.

2. Gaaffiin lakkoofsa kana jalatti dhiyaate sagalee lubbu-qabeeyyii biroo kan namaarraa addaan akka baafataniif dhiyaate. Kanaafuu, sagaleen sa'aa kan addaan citiinsa hinqabne, yeroodhaa yerootti fooyya'inaafi, jijjiirama kan hinagarsiisnedha. Sagaloonni kun uumamaan kan kennaman malee naannoorraa kan barataman miti. Kanaafuu, bakka maratti wal-fakkaata. Caaltuun yeroo mucaa ishee waamtu garuu sagaloota dubbii kan qaamolee dubbiitiin uumamanitti gargaaramteeti. Sagaleen dubbii ammoo, addaan citiinsa kan qabu malee, akka kan lubbu-qabeeyyii biroo itti fufiinsaafi battalummaa kan qabu miti. Kanaafuu sagaloonni dubbii kanneen biroorraa (other sounds) adda addummaa qabu (O'Grady 1996; Lyons 1981).

3. Akka qorannoon mul'isutti dhalli namaa akka lafa kanarratti argameen afaan dubbachuu hineegalle. Jalqaba mallattoodhaan wal-quunnamaa turee dhawaata mallatticha gara sagalee hiika hinqabne tokkootti jijjiirrachaa deeme. Sagaloonni kunneen kan lubbu-qabeeyyii birooraa adda waan hintaaneef, wal-quunnamtii guutuu taasisuurratti hanqina qabu turan. Adeemsa tirataa keessa garuu namoonni sagaloota kana gara wanta hiika qabeessa ta'eetti jijjiirrachaa deeman jedha. Yeroo ammaa kana dhalli namaa afaan dubbatee walii hingalu taanaan, dalagaalee isaa keessaa harki 90 nidhaabbata. Kanaafuu afaaniifi hawaasni lamaan tokkummaa jireenyaati jechuun nidanda'ama.

B. Deebii hiika jechootaa

1. kan irra deddebi'amee

2 bineensaafi beelladarraa adeemsa suphuutiin ijaaramee, kannneen mana jirataniifi bosona galan of keessatti haammata.
3 kan walitti fufiinsa hinqabneefi wkf ta'uu mala.
4. akka-feetumma, nasiibummaa
5. aadaa hordofee baramuu

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Gulantaan dubbisaa kun bakka itti barattootarraa hojiin guddaan eegamu waan ta'eef, akka odeeffannoo waliigalaafi odeeffannoo callaa argatanitti jajjabeessi. Dubbisichi si'a lama ta'uu danda'a. Si'a duraa akka barattoonni keeyyata seensaafi keeyyata goolabaa ariitiin, dubbisanii, yaada dimshaashaa argatan taasisi. Kanaafis, gaaffiiwwan yaada dimshaashaa argachuu isaan dandeessisu lama kan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan qalbiitti qabachuun akka itti seenan taasisi. Erga isaan yaada dimshaashaa dubbisichaa argatanii booda, odeeffannoo callaa argachuuf ammoo gadi fageenyaan suuta akka dubbisan ajaji. Yeroo kanas, gaaffiiwwan odeeffanno callaa akka jarri argatan taasisan kan kitaaba barataa keessatti dhiyaate deebisaa akka dubbisan itti himi. Akka ajajamanitti hojjechuu isaaniis hordofi.

**Deebii Gilgaala 2(A)**

1. Afaan hayyoota dirree qorannoo garaagaraatiin hiika adda addaa kan argatu ta'ee meeshaa wal-quunnamatii, baattuu aadaafi ibsituu eenyummaa hawaasa tokkooti jennaan gara yaadichaatti dhufanii jiru.
2. Amaloonni afaanii hedduudha. Isaan keessaa dachummaa, baramuu danda'uu, ergifannaa, uumamuu danda'uu, gargarba'ummaa, jijjiiramummaa, tasummaafi aadaa faanuu jennaan gahaadha.
3. Hidhata Afaaniifi hawaasaa

Namoonni garee adda addaa yeroo garaagaraa keessatti afaaniif hiika kennanii jiru; kennaas jiru. Afaan jireenya dhala namaa keessatti iddoo guddaa waan qabuuf, waa'een isaa daangaa hubannoo namaatiin achi ta'uu mala. Hayyoonni xinqooqaa (linguists) afaan kan dhalli namaa sagalee dubbii walitti qindeessuun ittiin walii galu waan ta'eef, meeshaa wal-ta'iiti jedhu. Hayyoonni xinwaasaa (sociolinguists) ammoo, afaan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti jedhu. Kanneen walitti dhufeenya afaaniifi aadaa qoratanis (anthropological linguists) gama isaaniitiin afaan baattuu aadaa jedhanii hiikuu yaalu (Lyons 1981; Coulmas 2004).

Akkuma dhala namaa, afaan isaas dhalachuu, guddachuufi du'uu danda'a.

Dhalachuun afaanii afaan duraan ture tokkorraa argamuu isaa yoo agarsiisu, ogbarruu garaagaraa horachuun hawaasa isaa biratti beekamuun ammoo, guddina isaatiin wal-qabata. Yoo namni afaanichaan afaan hiikkatu dhibe ammoo, nidu'e jechuu dandeenya. Akka afaaniis waan darbe tokko isa ammaatiin wal-qabsiisee isa dhufuuf qopheessuu kan danda'u meeshaan biroo hinjiru. Kanaafuu, daangaa yoomiifi eessaa ce'ee deema jechuudha. Haata'u malee, aadaa hawaasa tajaajiluu faanuun afaanii afaanitti adda addummaa agarsiisa. Akkaataan inni itti afaan tokko keessatti tajaajiluu isa kan biraatiin adda adda. Adda addummaan kun gama uunkaafi gama hiikaatiin ta'uu mala. Lamaanuu garuu caasaa qabu. Caasaan kun ammoo, seera ittiin bulu niqaba. Afaan seera dhabes, hinjiru (Lyons 1996, 2006).

Afaan tokko keessatti caasaaleen of danda'anii dhaabbatan walitti dhufuun caasaa isaanirra guddaa tokko ijaarratu. Caasaleen kunneen ammoo, sadarkaa dhamsagaatii amma sadarkaa himaatti jiraachuu danda'u. Kanaafuu, akka sagaloota lubbu-qabeeyyii biroo kan itti fufiinsa qabaniifi addaan citiinsa hinqabne miti. Gama biraatiin, caasaaleen kunneen afaan tokko keessatii lakkoofsaan murtaawaa haata'an malee dachaadhaan afaanicha keesatti taajajilu. Ijaarsi isaanii ammoo, seeraan akka bulu olitti ka'ee jira. Kanarratti, wanti addaan ba'uu qabu tokko afaan uummama isaarratti akka-feetee ta'e tokko itti fayyadamarratti seera qabachuu isaati.

Afaan tokko baruufis bakki guddinaa murteessadha. Kana jechuun, daa'imni tokko bakka feetettuu haadhalattuu iddoo isheen itti guddatte sun afaan baruurratti gahee gudda qaba. Kunis, aadaa keessatti guddatte sana faana bu'uun kan geggeeffamu akka ta'e keeyyata olii keessatti kaafnee jirra. Kun ammoo, afaan hunduu kan barumsaan argamu ta'uu isaafi barumsichis karaa idileefi alidileen akka argamu nu hubachiiisa. Akkuma baratamuu danda'uu, afaan tokko jijjiiramuus danda'a. Jijjiiramni afaanii ammoo, jijjiirama hawaasa keessatti taasifamu bu'uureffata. Kunis, kan gama siyaasaa, dinagdee, amantii, aadaafi wkf hordofee kan geggeffamu ta'a.

Hawaasni tokko afaan isaatiin naannoofi aadaa isa akka garaa isaatti ibsachuu nidanda'a. Dhimma hawaasummaa kanaaf ooluuf ammoo, afaan hawaasa kamiiyyuu hir'ina hinqabu. Kanarraan kan ka'e afaan hunduu wal-qixa. Kana jechuun ammoo, sagaloota, jechoota, gaaleewwaniifi wkf walirraa ergifachuun

hinjiru jechuu miti. Ergifannaan waanuma jirudha. Qabanni ergifannaas, walitti dhufeenya hawaasaati. Biyyi namni tokko qofaan keessa jiraatuufi biyyi afaan tokko qofaan keessaatti dubbatamu hinjiruu. Kanaafuu, akkuma wal-tuqiinsi hawaasa jiru wal-tuqiinsi afaanotaas nijira. Akkuma haala jiruufi jiireenyaa walirra ergifachuun jiru, caasaalee hawaasaa kanaan oliti tuqnes walirra ergifachuun nijiraata.

Walumagalatti, afaan meeshaa wal-quunnamtii ta'ee kan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma itti ba'udha. Kanarraan kan ka'e, amaloota garaagaraa niqabaata. Amaloonni afaanii kanaan olitti ka'an, dachummaa, baramuu danda'uu, ergifannaa, uumamuu danda'uu, gargarba'ummaa, jijjiiramummaa, tasummaa, aadaa faanuufi wkf ta'u. Amaloonni kunneenis amaloota hawaasa bu'uura taasifatu.

Dubbisichaa akkuma xumuraniin gaaffiiwwan dubbisicha keessaa ba'an afaaniin akka Deebisan taasisi.

**B** 1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa
4. Dhugaa 5. Dhugaa

**C.** Kaayyoon gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatanii irra caalaa ogummaa dubbachuu barattootaa gabisuu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, gaaffiichaarratti barattoota gareen mariyachiisuun akka isaan ogummaa kana gabbifatan jajjabeessi.

1. Sagaloota qaamolee dubbiitiin uumamee akka meeshaa wal-quunnamtiitti kan tajaajiludha.
2. Hayyoonni xinmaddaa afaan baattuu aadaa hawaasaati jechuun hiiku.
3. Dhalachuu, guddachuu, du'uufi gargarba'uummaa .
4. Afaanonni sagaleedhaa kaasanii amma galeetti walirraa ergifachuu danda'u kanaafis bu'uurri waliin jireenya hawaasaati.

**D.** 1. C 2. B 3. A, H
4. D 5. E 6. F

**E.** 1. A 2. A 3. B
4. C 5. A 6. A
7. A 8. C 9. D
10. B

**Gilgaala 3 : Shaakala Dubbisuu Boodaa**

Kaayyoon gulantaa kanaa akka barattoonni ogummaawwaan adda addaa shaakalan taasisuudha.Kanaafis, gaaffiiwwan kitaaba barataa keessaatti dhiyaatanii jiru. Gaaffiiwwan kanaaf deebiin garaagaraa keennamuu kan danda'u yoo ta'u , isaan keessaa inni kanaan gadiis tokko ta'uu danda'a.

**Deebii Gilgaala 3**

**A.** Deebii gilgaala sadii 'A' jalaarratti barattoonni hubannoo dubisicharraa argatan muuxannoo qabaniin deeggaruun akka yaada isaanii kennan taasisi.

1. Afaan meeshaa wal-quunaamtiiti haajennu malee, meeshaan wal-quunnamtii hundi afaan ta'uu hindanda'u. Sababni isaa dhalli namaa mallattoonis wal-quunnamtii uumuu waan danda'uufi kun ammoo, afaan ta'uu dhiisuu isaati.
2. Afaan hunduu wal-qixa jechuun martinuu aadaafi naannoo hawaasichaa ibsuurratti hirina hinqaban jechuudha. Kana jechuun ammoo, afaanonni sadarkaa guddinaatiin wal-qixu jechuu miti. Carraa guddinaa afaan argate tokko isa kaan dursee argamuun afaan saayinsiifi teekinoolojii ta'uu mala.
3. "Afaan seera qaba; jechaa Akkafeeteedha," jechuun wal-hinfaalessu. Sababni isaa akka feetummaan uumamsa isaarratti yoo ta'u seera kan argatu garuu itti fayyadamarratti.
4. Akkuma hawaasni jiruufi jireenya isaa fooyeeffachuuf wal-keessa deemuun amala, aadaafi wkf walirra, baru, afaanis wal-tuquun ergifannaaf karaa saaqa.

**B.**

| Afaan Oro-moo | Afaan Amaaraa | Afaan Xaali-yaanii | Afaan Faransaayii | Afaan Arabaa | Afaan Ingilizii |
|---|---|---|---|---|---|
| qabattoo<br>korma<br>cooma | firii<br>macaafa | kootii<br>shinii | shamishii | kitaaba<br>jabanaa<br>chaappaa | televijiinii |

Sababni ergifannaa kannaa inni guddaan waliin jireenya hawaasaati. Kanaafuu, ergifannaan amala hawaasaa bu'uureffata jechuudha. Akkasumatti akka itti yaadan taasisi.

## Barannoo 2: Jechootaa

Mata duree kana jalatti barattoonni hiika jechootaa galumsarraa akka tilmaaman faallaafi moggoo isaanii akka kennan haala mijeessi.

Jechoonni bakka galma isaaniitiin hiika adda addaa argachuu danda'u. Kunis, jechoota duraafi duuba isaaniitti argaman ibu'uureffata.

Fkn

Caalaan buna tume
Jaarsi seera tume

Himoota kana keessatti **tume** kan jettu jechoota bunaafi seera jedhu booda galuun hiika bulleese 'baase' jedhu argattee jirti. Itti dabalees, jechoota faallaa isaaniitiin nihiikamu. Jechoonni lama faalla walii kan ta'an yoo hiika wal-dhiitu ykn mormu qabaatanidha. Moggoo garuu yoo hiikni isaanii wal-fakkaatedha. Kana jechuun, garuu kan hiikaan guutummatti adda ta'uun ykn guutummaatti wal-fakkaatan jiru jechuu miti.

**Deebii Gilgaala 4**

**A**

1. iddoon, bakka
2. gahee, qooda
3. qofa qofaa
4. tokkoo tokkoon ilaaluu.
5. dabaa, miidhaa,
6. wal –simannaa, walitti dhufeenya,
7. rakkisaa, dhibaa
8. hordofe
9. fiixaan ba'iinsa
10 dhaloota haaraa
11. leenjisaa
12. soba
13. danqaa

**B**

1. ba'e 2. ammaa 3. gabaabaa 4. diige 5. fayyise/jiraachise/
6. jala 7. qara 8. furdaa 9. dhukubsataa 10. yabuu (furdaa)

**C**

1. deeme , mure
2. rakkise , gidirsee,
3. gogiinsa,caama
4. qulqulluu
5. hirbuu
6. fincila
7. gidiraa
8. rakkise

## Barannoo 3: Sagalee Dubbiifi Qaamolee Dubbii

Xinsagni saayinsii sagaloota dubbii kanneen biroorraa adda baasee

qo’atudha. Sagaloonni dubbii ammoo, qaamolee dubbiitiin uumamuun afaan keessatti kan dhimma baasanidha. Sagaleen dubbii bu’uura afaan hundaati. Qaamoleen dubbii sagalee dubbii uumuurratti ga’ee guddaa kan qaban ta’ee qaaruu (jaw) olaanuufi isa gadaanu keessatti argamuu danda’u. Qaamoleen dubbii qaaruu ol aanu hidhii olii, ilkaan olii irga, laagaa arraba xiqqee yoo ta’an kanneen afaan gadaanuu ammoo hidhii gadii, ilkaan gadii, arrabaafi kokkee maqaa dha’uun nidanda’ama (O’G grady 1996 ; Finch 2005).

**Deebii Gilgaala 5**

**A**. a. laagaa jabaa b. irga c. fuul-dura arrabaa d. hidhii lamaan e. ilkaan f. walakkaa arrabaa g. duuba arrabaa h. laagaa laafaa i. amartii dibbe sagalee j. somba

**B.**

| **Qaamolee dubbii a’oo olii** | **Qaamolee dubbii a’oo gadii** |
|---|---|
| 1. Hidhii olaanu | hidhii gadaanu |
| 2. ilkaan olaanu | ilkaan gadaanu |
| 3. Irga | arrabaafi wkf |
| 4. Laagaa | |
| 5. Harsassee | |

**C.** 1. fiixee arabaa 2. fuuldura arrabaa
3. walakkaa arrabaa 4. duuba arrabaa

**D.** Barattoonni dhamsagoota asitti kennaman sagalee ol fuudhuun akka dubbisan taasisi. Kaayyoon akkasitti shaakalsiisuu akka barattoonni dhamsagoota kana akkaataa waamanirratti hundaa’uun hubatan taasisuun dhimmicha qabatamaa godha. Akkataa jarri itti dubbisanirraa ka’uun, amala dhamsagoonni dhuunfaafi gareen qaban addaan baasanii akka himan taasisi.

**E.** Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan sagaloonni (D) jalatti barattoonni shaakalan eessatti akka uumaman akka addaan baafataniif gargaara. Haaluma kanaan barataan /b/ dubbisu tokko hidhii isaa lamaan walitti fiduun dirqama ta’a. Sana booda, afuurri sombaa dhufe yeroodhaaf afaan isaa keessatti ukkaamamee tura. Itti aansee, hidhiin walirraa deemuun afuurichi gara diidaatti dhuka’een sagalichi akka uumamu taasisa. Kanneen hafanis akkasumatti akka dalagan taasisi. Fakkii kitaaba barataa keessatti gilgaala kana jalatti kennamee wajjin wal-bira qabuun akka ilaalan karaa qabsiisi.

**Shaakalli amma ammaatti amala sagaloota dubbifamaarratti taasisame ulaagaalee gurguddaa afuran waliin gabatee kanaan gadii keessatti dhiyaatanii jiru.**

| Sagalee | Bakka uumamsaa | Akkaataa uumasaa | Haala dibbee sagalee | Haala qilleen-saa |
|---|---|---|---|---|
| /d/ | irgee | cufaa | xiixaa | gara diidaa |
| /f/ | hidhilkee | lootuu | mixxiixaa | gara diidaa |
| /g/ | harsasse | cufaa | xiixaa | gara diidaa |
| /h/ | kokkee | lootuu | mixxiixa | gara diidaa |
| /j/ | laagee | rigduu | xiixaa | gara diidaa |
| /m/ | hidhlamee | funyee | xiixaa | gara diidaa |
| /n/ | irgee | funyee | xiixaa | gara diidaa |
| /k/ | harsassee | cufaa | mixxiixaa | gara diidaa |
| /l/ | irgee | maddee | xiixaa | gara diidaa |
| /g/ | harsassee | cufaa | mixxiixa | gara diidaa |
| /r/ | irgee | batee | xiixaa | gara diidaa |
| /s/ | irgee | lootuu | mixxiixaa | gara diidaa |
| /t/ | irgee | cufaa | mixxiixaa | gara diidaa |
| /w/ | hidh-lamee | gam duubee | xiixaa | gara diidaa |
| /x/ | irgee | dhootuu | mixxiixaa | gara diidaa |

**Deebii Gilgaala 6**

**A.** **Dubbachiistonni sagalee mataa isaanii qabaachuufi dubbifamaas sagaloomsuun adda ta'u. Kana malee, lakkoofsi isaani muraasa, afuurri sombaa ba'u bilisaan ulaa afaanii keessa darbuun amala adda isaan taasisudha. Dubbachiistonni Afaan Oromoo kun dheerachuufi gabaabbachuu waan danda'u.Isaanis a, e, i, o fi u dha.**

**B.** **Gaaffiiwwan as jalatti kitaaba barataa keessatti dhiyaatan deebii kanaan gadii argachuu danda'u.**

1. /a/ gadaanaa, giddu-galeessa
2. /e/ duuba, gidduu
   - Lamaanuu adda adda waan ta'aniif dhamsagoota Afaan Oromooti
3. /a/ gadaanaa, duuba
   /e/ fuulduree, gidduu
   - Dhamsagoonni kun lamaan amala adda addaa qabu
4. /a/ gadaanaa, giddu galeesaa
   /o/ duuba, gidduu
   /u/ duuba, olaanaa
   - Sadanuu walii isaaniirraa adda ta'u. Kanaafuu dhamsaga afaanichaati

**C.** **Amalli dubbachiistota Afaan Oromoo gama roga hidhiitiin yoo ilaalame, akka kanaan gadiitti ta'uu mala.**

/a/ diriiraa, /e/ diriiraa, /i/ diriiraa,

/u/ amartee /o/ amartee

**D.**

| **1. Walfakkeenya** | **Adda addummaa** |
|---|---|
| - uumama isaanirratti qileensi bilisaan ba'a | - /e/ dureefi gidduu yogguu ta'u, /a/ ammoo walakkaafi gadaanaa ta'a |

2. **Walfakkeenya**

- lachuu duubeedha
- uumama isaanirratti qileensi bilisaan ba'a

3. **Walfakkeenya**

- uumama isaanirratti qileensi bilisaan ba'a

**E** 1.

| Garaagarummaa Dubbifamaafi Dubbachiisaa | |
|---|---|
| Dubbifamaa | Dubbachiisaa |
| Sagalee mataa isaa hinqabu. Qaamolee dubbii walitti hiiqsa. Uumamsa irrati qilleensi sombaa dhufu nidhiibama. Baay'ina qaba. | Sagalee mataa isaa qaba; dubbifamaas ni sagalloomsa. Uumamsarratti qaamoleen dubbii akka addaan deemu taasisa. Qilleensi sombaa dhufu bilisaan ba'a. Ulaa afaanii qofaan qilleensa ba'uun uumama |

2. Dubbachiisaan sagalee mataa isaa qaba; dubbifamaas nisagaloomsa. Jechoonni kanaan gadii ulaagaa kana guutuu malu.

| A | B |
|---|---|
| waadaa | eelee |
| yaada | aanaan |
| gaara | ana |

Jechoota 2 (A) jalaa keessatti dubbachiisaan dubbifamaa sagaloomsee jira. Kanneen 2(B) jala jiran garuu sagalee qofaatti qaban agarsiisaa, dubbifamaafis sagalee kennan. Dubbachiistonni kurnanuu haala kanaan argamuu danda'u.

3. Osoo dhamsagoonni dubbifamaafi dubbachiisaan hinjirree Afaan Oromoos ta'ee afaanonni baay'inaa miliyoona jaha jedhamuun addunyaarratti dubbataman hinjiran ture. Kun ammoo dubbachuufi barreessuun wal-quunnamtiin hinuumamu turee yaada jedhutti nama geessa. Bu'uurri afaan hundaa sagaleedha kan jedhames yaada kanarraa ka'eetti. Gabaabumatti, sagaleen hinjiru taanaan afaan hinjiru, afaan hinjiru taanaan ammoo wal-quunnamtiin isaan taasifamu nihafa ture.

## Deebii Gilgaala 7

**A. Kaayyoon guddaan gilgaala kanaa akka barattoonni sagaloota Afaan Oromoo qofa ilaalan taasisuudha. Sagalootuma boqonnaalee darban keessatti xiinxalan, kan Afaan Oromoo ta'uufi dhiisuu bakka itti addaan baafatanidha.**

Xinsagni sagaloota afaan maraa kan qa'atu yoo ta'u xindhamsagni garuu kan afaan tokkoo adda baasee qo'ata. Kanaafuu, dhamsagni sagaloota afaan tokkoo sakatta'uuf ulaagaa faca'iinsaafi ulaagaa xunda xiqqaati.

Akka ulaagaa faca'iinsaatti, dhamsaga Afaan Oromoo ta'uuf sagaloonni jalqaba, gidduufi dhuma jechaarratti argamuu qabu.

Fkn

1. amanee /a/
   farda
   bara

2. lola /l/
   mala
   maal
3. erge /e/
   deggere
   gale
4. torba
   baratаa /t/
   saddeet

Akkuma fakkeenya kanarraa hubatamu, dhamsagoonni /a/, /l/, /e/, /t/n jalqaba, dhumaafi gidduu jechaarratti argamuun ulaagaa faca'iinsaa guutanii jiru. Kanaafuu, dhamsagoota afaan Oromooti.

**B. Gaaffiiwwan asitti dhiyaatan ammo, faca'iinsa keessa ulaagaa faca'iinsa wal-didaa guutuufi dhiisuu dhamsagootaa bu'uureffata. Dhamsagni lama ulaagaa faca'iinsa wal-didaa guutan jechuuf fuullee waliitti argamuun jijjiirraa hiikaa argamsiisuu qabu.**

1. harka /k:m/
   harma
2. lafa /l:f/
   fafa
3. godaa /d:b/
   gobaa
4. waade /w:y/
   yaade
5. hamaa /a:aa/
   haamaa
6. mooraa /oo:o/
   moraa
7. garaa /a:ee/
   geeraa

8. soda /d:dd/
soddaa

Gilgaala kanaarra akka barattoonni hubatan kan barbaadamu inni biraa dheerinniifi gabaabinni afaanicha keessatti dhamsaga ta'uu isaati. Kana jechuun, dheerachuufi gabaabbachuun, jabaachuufi laafuun jijjiirraa hiikaa keessatti qooda fudhachuu danda'a jechuudha.

Sagaloonni dubbii afaan tokkoo hundi dhamsaga jechuun garuu rakkisaadha. Kun ammoo, sagalee ta'ee kan jijjiirraa hiikaa keessatti qooda hinfudhanne jira yaada jedhu dabarsa. Sagaloonni dubbii akkasii kun ammoo, firsaga ta'u.

Fkn /t/ fi /a/

/tuullaa/ --------- [$t^h$uullaa]

/mataa/ --------- -[mataa]

/Saddeet/ ----- [ saddeet>]

/farda/ ------ [ farda]

/mana/ ------- [mãna]

/ala/----------- [ala]

Akkuma fakkeenyicharraa agarru, /t/n bakka galmaarratti hundaa'uun bifa garaagaraa argata Jalqabarra yoo dhufu [[$t^h$], dhumarra yoo dhuftu ammoo, [t>] taati. Dhamsagni /a/n ammoo sagaloota funyee duraa yoo galu bifa [ã], dhumarra yoo galu ammoo, mixxiixaa ta'uun mallattoo [a] kana qabaatti. Akkanaan amala dhuunfaa dubbachistonniifi dubbifamtoonni qaban, dhamsagaafi firsaga addaan baafachuun danda'ama.

Ati ammoo, akka hubannoo barattoonni kee dhamsagaafi firsagarratti qaban cimutti fakkeenya garaagaraa kan, kitaaba barataa keessatiin alaa fudhachuun shaakalsiisi.

## Barannoo 4: Barreessuufi Dubbisuu

### Deebii Gilgaala 8: Shaakala Keeyyata Barreessuu

Gaaffiiwwan asitti dhiyaatan kunneen akka barattoonni waan baratan jireenya isaaniitiin walii qabsiisanii akka itti fayyadamtoota ta'an karaa saaquufi. Kanaafuu, akka jarri kaayyoo kana galmaan ga'uu danda'anitti haala mijeessuun shaakalsiisi.

Kaayyoon guddaan gilgaala kana jalatti akka galma ga'u eegamu barattoonni akka ogummaa barreessuu kan wal-quunnamtii keessatti isaan gargaaru horatan taasisuudha. Kanaaf ammoo, gaaffiiwwan garaagaraa kitaaba baraataa keessatti dhiyaatanii jiru. Atis tooftaa mataa keetiitti dhimma bu'uun akka isaan ogummicha gabbifatan taasisi.

Barreessuun ogummaa cimaa haafakkaatu malee namni gaariitti dubbisu tokko gaariitti barreessuun akka danda'u Byrns (1988) nidubbata. Kun ammoo, barreessaa gaariin, dubbisaa gaarii ta'uu nutti hima. Akkuma kanneen biroo shaakalaan ogummicha gonfachuun garuu nidanda'ama. Akka hayyoonni jedhaniifi akkuma muuxannoon tokkoon tokkoon keenyaa nutti himutti ogummaan barreessuu shaakaluun gabbifatama.

**A. Kaayyoon gaaffii kanaa akka barattoonni wanta baratanirraa ka'anii, dhimmoota mata durichaan hidhata qabanirratti akka keeyyata barreessan taasisuudha. Kanaafuu, amaloota afaanii jalatti yaada gama caasulgaa, ogbarruu gama qabiyyeefi gama jechootaatiin ka'an hunda yaada keessa galchuun akka barreessan taasisi. Atis yeroo isaan barreessan himni ijoo isaan filatan himoota gargaartuun deggeramuu isaa, yaanni keeyyaticha keessatti ka'u barbaachisumaa isaa addan akka baafatan taasisi.**

Afaan hunduu meeshaa wal-quunnamtii waan ta'eef, amaloota wal-fakkaatu qaba. Isaan keessaa tokkoo tasummaa ta'a. Yaanni kun moggaasarratti jecha kennameefi wanta jechichi bakka bu'e gidduu firoommiin dhibuu agarsiisa. Gama biraatiin, afaan seera qabaachuun isaa tajaajilarratti waan ta'eef, yaada kana hinfaallesu. Amalli afaanii inni biraan dachummaa yoo ta'u sagaloota, jechootaafi

himoota irra deddeebi'uun itti gargaaramuu agarsiisa. Afaan amala hawaasummaa qabaachuun isaa aadaa faana guddachaafi jijjiiramaa kan deemu ta'u.

**B. Deebiin gilgaala kanaa hedduu ta'uu mala. Kana jechuun, barattoonni karaa adda addaa akka yaadan waan eegamuuf, bifa garaagaraatiin barreessanii fiduu danda'u. Kanaafuu, akkuma jarri barreessanii fidaniin yaadaa barreeffama isaanii daree guutuun akka irratti mariyatan taasisuun walii sirreessuufi sirreeffachuu akka danda'an taasisi.**

## 4. Gaffiiwwan keessa deebii

1. Bu'uurri sagalee dubbii afuura yoo ta'u, bu'uurri afaanii sagalee dubbii ta'a. Ibsi.
2. Namni arraba citaa tokko sagaloota Afaan Oromoo keessaa kamiinfaa dubbisuuf rakkataa?
3. Afaan meeshaa wal-quunnamtiiti. Meeshaan wal-quunnamtii marti garuu afaan ta'uu hindanda'u. Maaliif?
4. Osoo Afaan hinjirree rakkoo akkamiitu uumama jettee yaadda?
5. Amaloota afaanii sadii fudhachuun dhugummaa isaanii fakkeenya qabatamaa kennuun ibsi.

## 5. Madaallii

Boqonnaan kun gilagaalota, fakkeenyaafi ibsa dhiyaatanirraa barattoonni wanta barbaadame argachuu isaanii bakka ati itti addaan baafattudha. Kanaafuu, barattoonni kee maalummaafi amala afaanii adda baafachuu isaanii mirkaneeffatta. Kana malees, xinsagni Afaan Oromoo maal akka fakkaatu addaan baafachuun amaloota dubbifamaafi dubbachiisaa, garagarummaa dhamsagaafi firsagaa afaanichaa haalaan hubachuufi itti fayyadamuu danda'uu isaanii bakka itti madaaluudha. Adeemsuma keessa barattoonni ogummaawwan akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbachuu, dubbisuu, barressuu, ogummaa jechootaa, ogummaa caaslugaa, ogummaa ogbarruufi ogummaa jireenyaa akkaa addaan baafachuun itti fayyadamuu barattoota keetii qulqulleeffadhu.

Ogummaawwan kanas, itti fayyadamuu danda'uu isaanii haala baraattoonni kee irra jiranirraa addaan baafachuu yaali.

Barattoonni ogummaa barbaachisu gabbifachuu isaaniitiif karaa lamaan madaaluun nidanda'ama. Inni tokko kan dhuma semisteeraafi dhuma waggaarratti geggeeffamu yoo ta'u innis madaallii xumura barnootichaa jedhama. Kan biraa ammoo, yeruma hunda daree keessatti akka barbaachisummaa isaatti kan geggeeffamu madaallii itti fufiinsa qabudha. Hunda caalaa inni kun barbaachisaadha. Qabanni isaa yeruma sana bakka hir'inni jiru addaan baasuufi fala kennuuf yeroon waan jiruufi.

Gabaabumatti, ogummaawwan afaanii gurguddoo kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuufi ogummaawwan kanneen xixiqqaa ogummaa caaslugaa, ogummaa jireenyaafi ogummaa ogbarruu gabbifachuu isaanii mirkaneeffatta.

# BOQONNAA 2: GODAANSA UUMMATAA (wayitii 40)

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun akka barattoonni ogummaa dhaggeeffachuu ogummaawwan kaaniin wal-unachiisuun gabbifatan taasisuurratti xiyyeefata. Kana gochuufis, fakkii dhiyeesuun waa'ee wanta dhaggeeffachuuf deemanii dursanii akka itti yaadan taasifamee jira. Kana malees, ogumamawwan akka dubbachuu, caaslugaafi barreessuus of keessatti haammata. Sababaafi bu'aa akkasumas, maqaafi gosoota isaa akka addaan baafatan taasisuurratti gahee guddaa qaba. Hunduma isaaniiyyuu wal-unachiisuun akka barattoonni hubatan haala mijeessa.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- Ergaa wanta dhaggeeffatanii ibsu.
- Odeeffannoo dhaggeeffannaarraa argataniin bakka duwwaa guutu.
- Qabataafi bu'aa addaan baasu.
- Qabataafi bu'aan hima ijaaru.
- Maqaa himoota kennaman keessa addaan fo'u.
- Gosoota maqaa balballoomsu.
- Garaagarummaa maqaa uumamteefi maqaa haadhoo hubatu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffannaa
- Fakkii dubbisuu
- Gabatee guutuu
- Sababaafi bu'aa
- Ogummaa caaslugaa
  Maqaa
  Gosoota maqaa
- Mala baruu-barsiisuu.

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala dhaggeeffachuun duraa

Shaakalli dhaggeeffachuu duraa kitaaba barataa keessatti dhiyaate akka barattoonni ogummaa dubbachuu gabbifataniifi ogummaa jireenya isaanii gara mata durichaatti fidatan taasisa. Kana taasisuunis, fakkii mata duricha ilaallatu dhiyeessuun muuxannoo dammaqisuu cinatti akka isaan ogummaa fakkiirraa odeeffannoo fudhachuu gabbifatan taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan dhiyaataniif deebiin barattoonni kennan kan bifa garaagaraa qaban ta'uu waan danda'aniif, qajeelcha barsiisaa kana keesatti isa dhiyaate qofaarratti xiyyeeffachuun inni kun sirrii; kun ammoo dogoggora jechuun rakkisaa ta'a. Deebii barattoonni kee kennan hundumaa harkaa fuuchuun akka isaan yaadaa isaanii gara mata durichaatti qajeelfatan taasisuun barbaachisa.

Itti aansuun, jechoota gaaffiiwwan dhaggeeffannaa isaaniitti gufuu ta'u. Jedhaman barruu dhaggeeffannaaf dhiyaate keessaa baasuuun akka barattoonni kee tilmaaman taasisi. Asirratti garuu, hiika jechoota kanaa banaa taasisuun dhiisuun gaarii hinta'u. Kaayyoon isaa yeroo dhaggeeffatan akka isaan salphaatti hubatan taasisuuf waan ta'eef, gara hiika jechoonni kunneen dubbiisicha keessaa qabaniiti jara qajeelchuun barbaachisaadha.

Erga isaan hiika jechoota gufuu ta'anii addaan baafatanii booda, bakka duwwaa isaan yeroo dhaggeeffannaa guutan kan kitaaba barataa gilgaala 2 jalatti kenname dursiitii ykn kooppii lakkoofsa barattoota keetiin wal-gitu qopheessiuu ykn dursiitii akka barattoonni kee manatti waraqaarratti garagalchatanii dhufan taasisi.

### Deebii Gilgaala 1

### A fi B

Gaaffiiwwan kana jalatti kitaaba barataarratti dhiyaatan haala yaada barataarraa fudhattuufi ofii keetii itti yaaddutti irratti mariyachuun akka gara dhaggeeffachuutti deemsistu taasisi. Mala kanatu sirrii kanatu dogoggora jechuurra of qusadhu.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffannaa**

Kaayyoo guddaan gulantaa kanaa akka barattoonni dhaggeeffataa gabatee guutuun ogummaa yaadannoo qabachuu akka guddifatan taasisuudha. Kanaafuu, si'a sadii dubbisiif. Si'a duraa callisanii akka dhaggeeffatan taasisi. Si'a lammaffaa yaadannoo qabachaa akka dhaggeeffatan itti himi. Dhumarra mirkaneeffachaa akkaa dhaggeeffatan haala mijeessi.

## Godaansa uummataa

Godaansi uummataa bakka gurguddaa lamatti qoodama: godaansa biyyaa biyyatti taasifamuufi godaansa biyya keessatti taasifamudha. Godaansi biyyaa biyyatti taasifamu sababa siyaasaafi jireenya mijaawaa barbaaduutiin ta'a.
Godaansi biyya keessaa ammoo, baadiyyaadhaa baadiyyaatti, baadiyyaadhaa magaalaatti, magaalaadhaa magaalaatti akkasumas, magaalaadhaa baadiyaatti ta'a. Godaansa baadiyaadhaa magaalaatti taasifamu sababa garaagaraa qaba. Isaan keessa muraasni hojii barbaacha, tajaajila fayyaa barbaacha, bishaan qulqulluufi maallaqa barbaacha ta'a. Baadiyyaadhaa baadiyaatti kan taasifamu ammoo, bakka dheedumsaa, fira, lafa qonnaafi qilleensa qonnaafi namaaf mijatu barbaaduurratti bu'uureffata. Haata'u malee, gosniifi sababni godaansaa kun haala keessatti ta'urratti hundaa'ee wal-buusa. Baadiyaadhaa magaalaatti godaanuun irra caalaa biyyoota guddachaa jiran keessatti yoo danatu, magaalaadhaa magaalaatti kan taasifamu garuu biyyoota guddatan keessaatti baay'ata.

Gabaabumatti, haalli godaansa uummataa kallattii fedheenuu ta'u, jiruufi jireenya fooyyeffachuurratti xiyyeeffata. Kanaafuu, hawaasni garuma jireenyi bakka turanirra mijataa fakkaatutti godaanuuf dirqama.

Erga barruu kana dhaggeeffachiistee booda, gabateen isaan guutan akka kanaan gadiitti ta'uu isaa mirkaneeffadhu.

**Deebii Gilgaala 2**

| Godaansa uummataa | | |
|---|---|---|
| Gosa godaansaa | sababa godaansaa | dhiibbaa godaansaa |
| a. Gosa godaansaa gurguddoo lamaan<br>1. godaansa biyya keessaa<br>2. godaansa biyyaa biyyaa<br>b. Godaansa biyya keessaa<br>1. magalaadhaa magaalaatti<br>2. magaalaadhaa baadiyaatti<br>3. baadiyaadhaa baadiyaatti<br>4 baadiyaadhaa magaalaatti | a. sababa biyyaa biyyatti godaanuu<br>1. siyaasa<br>2. jioreenya mijaawa<br>b. sababa godaansa biyya keessaa<br>a. hojii barbaacha<br>b. tajaajila fayyaa<br>c. maallaqa<br>d. bishaan qulqullu | a. Dhiibbaa biyyaa biyyatti godaanuu<br>1. baay'ina uummataa xiqqeessa<br>2. humna oomishaa yarsa<br>b. Dhiibbaa godaansa biyya keessaa<br>1. humna oomishaa yarsa<br>2. jireenya magaalaa qaalii taasisa<br>3. hojii seeraan alaa baay'isa<br>4. baay'ina uumataa xiqqeessaa |

| Godaantota | |
|---|---|
| a. Biyyaa biyyatti kan gudaanan<br>1. Siyaasaan warra dhiiraa<br>2. Jireenya mijataa barbaacha warra warra dubartii | b. Biyya keessatti kan godaanan<br>. dargaggeeyyii<br>. durbartii |

**Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuu Boodaa**

Kaayyoon guddaan shaakala dhaggeeffachuu kanaa bakka barattoonni wanta dhaggeeffatan muuxannoo isaaniitiin waliin qabsiisuuf gadi fageessanii itti

yaaduu danda'an taasisuufi. Kun ammoo, baay'inaan bakka itti ogummaawwaan garagaraa kanneen akka ogummaa dubbachuu, ogummaa jireenyaa, ogummaa gadifageessanii yaaduu akkasumas, ogummaan qaaccessuu barattoonni itti gabiifatan taasisa. Kanaafuu, akka isaan bal'inaan irratti mari'atan, yaadan taasisuun barbaachisaadha.

Sababaafi bu'aan jireenya dhala namaa keessatti waliin argamu. Isaan malees, jireenyi hinta'u. Haata'u malee, hubannoon nuti isaaniif qabnu hangas mara miti. Akkuma hubannoo nuti qilleensaaf qabnuu baay'een isaanii tola waan argamaniif waa'ee isaanii yaaduun nuuf hinmijatu. .

## Barannoo 2: caasluga

Maqaan moggasa waan tokkoo haajedhamu malee ulaagaa ittii jechoonni maqaa jala galan addaan baasuun barbaachisaadha. Gareen jechootaa nuti wa'ee isaanii hinbeekne akkaataa maxxanfannaa, bakka galumsaafi hiikaan maqaa jala galuu danda'u. Jechoonni baay'een isaanii {-ummaa, ina, eenya fi wkf}maxxanfachuun yoo argaman maqaa ta'u. Kana malees, bakka matimaa, aantimaafi bakka maqibsaa galuun tajaajiluu danda'a. Kun ammo, bakka galmaati. Gama hiikaatiin yoo ilaalle ammoo, moggaasa waan tokkoo jechuun nu hinrakkisu. Garuu, ulaagaan kun jechoota garee tokko jalatti waan fiduuf isa bu'uuraa hinta'u.

**Deebbii Gilgaala 4**

**A.** 1. Utubaan, manaa, abbaa, haadhaafi warraa

2. Mootiin, kabajaafi biyyaa
3. Godaansi, uummataafi magaalaa
4. Lafti, magaalaa, baadiiyaafi bal'ina
5. Qe'ee, abbaa, biyya, ambaa, gadhummaa

Maqaalee kana kunneen keessaa utubaan, mootiin, godaansiifi lafti {-n, -i,fi -t} fufachuun maqaa ta'an. jechoonni bal'inaafi gadhummaa jedhan ammoo

{-inafi -ummaa} fufachuun gara maqaa dhufan. kanneen hafan garuu baqaalee bu'uuraati.

**B** **Maqaa haadhoo** **maqaa hortee**

| | | | |
|---|---|---|---|
| teepha | qamadii | biyya | hiyyummaa |
| baadiyaa | hawaasa | sireen | dargaggummaa |
| Uffanni | gatii | | guddina |
| callaa | xaafiin | | qaroomina |
| garbuu | aadaa | | ijaarsa |

**C.**

| Jechoota | maqaa haadhoo | maqaa uumamtee |
|---|---|---|
| mataa | ifa | salphina |
| addeenya | mataa | addeenya |
| salphina | gurmuu | namooma |
| ifa | godoo | gargaarsa |
| namooma | ibsaa | firooma |
| gargaarsa | lafa | arjummaa |
| gurmuu | lola | gamnummaa |
| godoo | ilma | |
| lafa | ilma | |
| ibsaa | saree | |
| lola | | |
| ilma | | |
| arjummaa | | |
| firooma | | |
| gamnummaa | | |
| saree | | |

## Barannoo 3: Barreessuu

### Deebii Gilgaala 5

Kaayyoon guddaan gilgaala kanaa akka barattaoonni waan dhaggeeffatanirraa odeeffannoo argataniin gabatee guutan jajjabeessuudha. Kanaafuu, barattoonni

kee isa dhuunfaadhaan dhaggeeffatan gara mariitti fiduun akka yaada isaanii gabbifatan taasisi.

**3. Sababa: humni callaa oomishu dhibuu**

Bu’aa: midhaan nyaataatiin of dadhabuu

4. Sababa: Namoonni magaalaatti baay’achuu

Jireenyi magaalaa qaala’uu

Bu’aa: mandhee hattootaafi saamtotaa ta’uu

Jireenyi magaalaa qaala’uu

5 Sababa: magaalaatti godaanuu

Human callaa oomishu hir’isuu

Bu’aa: human callaa oomishu hir’isuu

Beela fiduu

Guddina duddubatti harkisu

6 Gulummaan maatii isaatiin wal-dhabee gara magaalaa Naqamtee miillaan deemaa osoo jiruu gufatee kufuudhaan miilli isaa cabee deemuu dadhabee muka jala bule.

. Sababa: maatiidhaan wal-dhabuu

Gufachuu

Bu’aa: gara magaalaa Naqamtee miillaan deemuu

Kufuu

Miilli cabuu

Deemuu dadhabuu

Muka jala buluu

**Kanneen hafanis akkuma kanatti sababaafi bu’aa addaan baasuun agarsiisi**

## 4. Gaaffiiwwan keessa deebii

1. Afaan Oromoo dhamsagoota dubbachiisaa shan qaba. Afaan Amaaraa garuu torba qaba. Dubbifamaan isaaniis akkasuma wal-buusa. Sababni addaddummaa kanaa maali?
2. Dhamsagni dhimma sammuuti. Firsagni garuu dubbiifi barreeffamarratti kan mul’atudha. Garaagarummaan kun akkamitti mul’ata?

3. Afaanitti dhimma ba'uun hinjiru osoo ta'ee maaltu ta'a jetta?
4. Hidhanni afaan, aadaafi hawaasaa maali?
5. Amala sagalootaa dubbii qo'achuun maaliif fayyada?
6. Sababni bu'aa, bu'aan ammo sababa ta'uu danda'a. Attamitti?
7. Jechoonni nuti waa'ee isaanii odeeffannoo hinqabne maqaa ta'uuf ulaagaa akkamii guutuu qabu?
8. Sagaloonni dubbii afaanota biroo keessatti ilkaanirratti uumaman nijiru. Afaan Oromoo keessatti garuu waan jiran hinfakkaatan. Sababni garaagarummaa kanaa maal sitti fakkaata?
9. Sagaloonni lubbuqabeeyyii biroofi sagaloonni dubbii maaliin adda ta'u?
10. Amaloonni Afaan Oromoo kanneen biraarraa adda taasisan maal fa'i?

Gaaffiiwwan kanaan olii qabiyyee mala garaagaraatiin amma ammaatti dhiyaate barattoonni hubachuu isaanii mirkaneeffachuuf kan dhiyaatanidha. Baraattoonni sadarkaa garaagaraa qabu. Gariin dafee hubata; kaan ammoo suuta hubachuu danda'a. kaaniif ammoo, dhamaatee hedduu booda galaaf. Kaan ammoo mudaa (defecit) garagaraa waan qabuuf fedhii addaa (special need) kan gargaarsa addaa (special support) barbaadu qabu. Kanaafuu, gaaffiwwaan olii keessaa filadhuuti gaafadhu. Kanaanis, hundumti isaanii hubachuu isaanii madaalta.

## 5. Madaallii

Boqonnaan kun hunda caalaa ogummaa dhaggeeffachuu gabbisuurratti xiyyeeffata. Ogummicha da'oo taasifachuun kanneen biroo akka shaakalan waan taasisuuf haxa dhaggeennaa dhugumaa keessatti odeeffannoo barbaachisaa argachuu dandeessisu barattoonni gonfachuu isaanii mirkaneeffadhu. Kana malees, baraattoonni qabataafi bu'aa addaan baafachuufi kan si'a tokko qabataa, si'a biraa ammoo bu'aa ta'uu isaa hubachuu isaanii addaan baafadhu. Maqaaleefi gosoonni isaas maal akka ta'aniifi hima tokko keessatti eessa galuu akka danda'an, akkasumas, ulaagaan addaan baafachuu nama dandeessisu maal akka ta'e baruufi itti fayyadamuu isaanii madaali.

# BOQONNAA 3: BEEKUMSA

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun mata–duree 'Beekumsa' jedhu jalatti ogummaawwan garaagaraa akka barattoonni gabbifatan taasisa. Isaan keessaa tokko ogummaa qaacceessutti. Barattoonni dubbisichaa ariitiin dubbisuun yaada ijoo, suuta dubisuun ammoo, yaadolee callaa akka argatan barbaada. Adeemsa kanaanis, ergaa dubbisichaa muuxannoo isaaniitiin wal-simsiisuun hubatu. Adeemsa kana keessas, ogummaa jechootaa, ogummaa caaslugaafi ogummaa ogafaanii akka gabbifatan kitaaba barataa keessatti gilgaalota adda addaa dhiyeessa. Egaa, hawwiin kun marti fiixaan ba'uu kan danda'u yoo barsiisaafi barataan dammaqinaan keessatti hirmaatanidha.

## Kaayyoo : Xumura barnnoota boqonnaa kanaarratti barattoonni:

- Yaada ijoo dubbisichaa nibaasu.
- Hiika jechootaa haaraa nihubatu.
- Diigalaafi ijaarsa isaa addaan baafatu.
- Dabareennaa, tarsiiqaafi raawwima dabreennaa hima keessatti nifayyadamu.
- Gaaleefi miseensota isaanii niballballoomsu.
- Miiltoowwaniifi murteessitoota gaalee ni'ibsu.
- Ergaa mammaaksaa addaan baafatu.

## 2. Qabiyyee

- Dubbisa 'Beekumsa'
- Hiika jechootaa
- Ennaa • Dabreennaa
- Raawwima dabreennaa
- Miseensota gaalee
- Mataa • Murteessituu
- Ergaa mammaaksaa
- Yaada ijoo
- Diigala
- Tarsiiqaa
- Gaalee
- Miiltoo
- Mammaaksa
- Mammaaksa mammaaksaan hiikuu

## 3. Mala baruu-barsiisuu.

### Barannoo 1: Dubbachuufi Dubbisuu

**Deebii Gilgaalotaa**

**Gilgaala 1**

A. Gaaffiwwaan lamaan kana jalatti dhiyaatan, muuxannoon barattootaa garaagara waan ta'eef, deebii garaagaraa argachuu danda'u. Kanaafuu, deebii dhaabbataa tokko dhiyeessuun rakkisaadha. Atis waanumaa isaan dhiyaayeessan harkaa fuudhuun gara dubbisaatti qajeelchi maalee dura hindhaabbatin. Haa ta'uu malee, yaadaa garee ykn baratan tokko kaase irra deebi'uun kanneen biroo akka yaada itti kennan taasisi.

B. Jechoonni 'B' jalatti kitaaba barataa keessatti dhiyaatan ammoo, dubbisanii hubachuu baratootaatti guffuu ta'u jedhamanii kan yaadamannidha. Hiika jechoota kanaa hubachuu baannaan garuu ergaa dubbisichaa hubachuurratti gufuu itti ta'uu waan danda'uuf, bananaa taasisuun gaarii hinta'u. Hiika jechoonni kun argachuu danda'an keessaa inni tokko akka kanaan gadiitti ta'uu mala.

1. Gara isaa wallaaluu, gara baduu
2. Daandii qalloo
3. Yaada bu'uuraa dhimma tokkoo kan qorannoon argame

**Deebii Gilgaala 2**

**A . Gilgaala kana jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan haala waliigala dubbisichaa akka argatan gargaaru. Kanaaf ammoo, bakka tuutni odeffannoo jiru keeyyata seensaafi goolabaa ariitiidhaan akka dubbisan taasisi. Erga dubbisanii boodas, gaaffiiwwan gilgaalicha jalatti dhiyaatanirratti yeroo muraasaaf waliin mariyadhu. Kanaatti aansuun ykn erga hubannoo waliigalaa kan dubbisichaa qabachiistee booda callisaanii dhuunfaatti akka dubbisan qajeelchi. Yeroo dubbisanis yaadaan deebii itti laachaa akka deemaniif gaaffiiwwan gilgaalaa (2B) jalaa yaadaan qabsiisi. Dalagaalee mararratti yeroo murtaawaa saffisaa murtaawaa waliin kennuufi hin- dagatiin. Fakkeenyaaf, dubbisicha (callisaafi ariitiin dubbisuu isa duraa 6', callisaafi suuta dubbisuu isaa 2ffaa 20')fi shaakala dubbisa boodaa 10', waliigalatti 40' jechuun hojii wayitii tokko keessatti dhumaniif baajeta yeroo baasuu dandeessa.**

**B.** 1. Beekumsi rakkinarraa, dubbisarraa, muuxannoorraa, umriirraafi jaarsaraarraa argama.

2. Namni yoo rakkate haalli bitaa itti gala. Isa kana keessaa ba'uuf gola hallee quba kaa'a.

   Rakkoo isaa kanaaf, karaafi wanti fala ta'e sun kuusaa beekumsa isaatti dabalama.

   Kanneen birootiifis dhugaa baatee ta'uun jajjabina argachiisa. Isa kana ammoo, mana barumsaa kaamiiyyuu argachuu dhiisuu mala.

3. Beekumsi human. Namoonni beekumsaa qaban kanneen biro, yaada kallattii jijiirsifachiisuu, Mo'uufi karaa ofii barbaadanirra deemsisuu danda'u. Humni kun rakkoof furmaata barbaada. Har'ee qabuu, fiigees qaqqabuu danda'a.

4. Beekumsi kal-heddeedha. Kana jechuun namoonni beekumsa kallattii garaa garaa kandhimmaa garaagaraatiif oolu qabaachuu danda'u. Fakkeenya beekumsaa waa'ee jijjiirama qilleensaa, waa'ee dachee, waa'ee namaa, waa'ee saffisaafi wkf ta'uu danda'a. Gama biraatiin, akkuma beekumsi waan gaarii ykn waan fayyadu hojjetu jiru, beekumsi waan yaraa ykn waan nama miidhu hojjetus nijira. Kal-heddee kan jechisiises kanuma.

**Hub. Gaaffiiwwan hafanis haaluma kanaan akka hojjetan barattoota kee karaa qabsiisi.**

**C.**
1. daandi qalloo
2. mo'iinsa
3. bakka waan lama adda hiru
4. bubbule, dulloome
5. mooxa, hubannoo waan tokkorraa argamu
6. ariifate, si'ate
7. maddii, bira
8. buuse, xiqqeessee waan qaburraa buuse
9. gadi fageenyaan xiinxalee

**D.**
1. Nuuf qican
2. Daammaqsa adda addaa hinbarbaannu
3. Waan falmateef ifa arge.
4. Hiixatee qaba, fiigee qaqqaba.
5. Dukkana mo'an
6. Bu'ee bahaa; kufees ka'a,
7. Seexaa, guddinna
8. Waa cobsan
9. Ifa argan
10. Jaaruun

**Gilgaalaa 3: Shaakala Dubbisa Boodaa**

Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan akka barattoonni dhugummaa odeeffannoo argatanii madaalaniifi cuufuun gara yaada waliigalaa dubbisichaatti deeman taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan dhiyaatan sana gareen irratti mariyachuun akka deebisantaan karaa agarsiisi . Bakka barbachisutti gara keeyyattoota dubbisichaa deemuun akka mkirkaneeffatan taasisi.

1. Beekumsi namoota maraaf humna; guddinni biyyaa tokkoos humna kana bu'uureffata. Beekumsi dhukkubaaf dawwaadha.
2. Barattoonni, bu'aa beekumsaa ilma namaa karaa adda addaatiin ibsuu danda'u. Isaan keessaa kanneen asitti dhiyeessinu tokko ta'uu malu. Bu'aalee beekumsaa natoo ( indeginous knowledge)fi bu'aalee beekumsaa saayinsawaa (scientific knowledge) hedduudha. Isaan keessaa muraasni
    - Mana keessa jiraannuufi waan ittiin jiraannu
    - Karaa irraa deemnuufi waan ittiin deemnu.
    - Balaarraa baraaramuufi dukkubarraa dawwaan fayyisu.
    - Barnoota ammaayyaafi kunuunsa naannoo wkf.

    Gaaffiiwwan hafanirrattis akka barattoonni bal'isaanii yaadaniif haala mijeessi. Ammuma isaa xiyeeffannoon yaalan hubannoofi dandeettii isaanii bal'ifachaa deemu.

## Barannoo 2: Caasluga

Barannoo kana jalatti caacculeen caaslugaa (grammatical elements) xiyyeeffataman diigala, ennaa (dabreennaa, tarsiiqaafi raawwima) fi gaalee xiinxaluu yaalla. Ibsaafi fakkeenya gabaabaa armaan gaditti dhiyataniifi gilgaalota kitaaba barataa keessaa faana bu'uun diigalli adeemsa jechoonni haaraan ittiin uumaman keessaa isa tokko ta'ee jechoonni walitti dhufuun akka jecha tokkootti dhaabatanii hiika tokko kan argataniidha. Jechi diigala jedhame tokko ulaagaa guutuu qabu keessaa muraasni akka jecha tokkootti dhaabbachuu, hiika tokko argachuufi akka jecha tokkootti fudhachuudha.

Fkn.

dura + bu'aa – dura bu'aa, dura–buutoota –hooggana

nyaara + haaddatte – nyaara haaddattee- nyaara haaddattoota- hinleeyyaanee.

**Gilgaala 4**

| | | Jechoota walitti dhufan | jechoota uumaman | Hiika isaanii |
|---|---|---|---|---|
| A. | 1. | amalaafi qabeessa | amala-qabeessa | tolaa, garraamii |
| | 2. | ofiinfi gala | ofiin-galaa | qajeelaa |
| | 3. | bu’eefi ba’e | bu’ee-ba’e | carraaqe |
| | 4. | duubaafi gala | duubaan-galaa | hattuu |
| | 5. | ofiinfi du’ii | ofiin-du’ii | lusee, yeelaltuu. |

B. Gaaffiin kitaaba barataa keessatti kana jalatti dhiyaate akka barattoonni diigala shan shan ijaaruun gareedhaan irratti mariyataniif dhiyaate. Kanaafuu, barattoota gareen qooduun gaafficha akka hojjetan qajeelchi; jechoonni isaan ijaaran ammoo ulaagaa diigalaa guutuu isaanii daree guutuu mariyachiisi. Deebii isaaniis karaa qabsiisuu hinirraanfatin.

**Gilgaala 5: Shaakala Hennaa**

Kaayyoon guddaan gilgaalaa kanaa haala raawwiifi yeroo raawwii dhamjechoota agarsiisan addaan baasuudha. Haalli raawwii (aspect) waan raawwateefi waan hinraawwane addaan baasa. Afaan Oromoo keessatti fufiin haala raawwi dabree mul’istu {-e}, kanneen haala raawwii hindabarree mul’isan garuu {-a, -i, -u} ta’uu danda’u (Addunyaa 2011 kan hin- maxxanfamne). Yeroo raawwii (tense) yoo ilaalles, yeroo darbeefi yeroo hindabarree (Past and non- past) jechuun qooduu dandeenya. Dhamechoonni yeroo kana agarsiisanis {jir-fi tur-} ta’u.

Fkn.

1. Deem<u>aa</u> jir<u>a</u>. 2. Deem<u>ee</u> tur<u>e</u>. 3. Deem<u>uuf</u> jir<u>a</u>.

Fakkeenya kana keessatti, fufiileen jala sararaman haala raawwii agarsiisu. Kunis, ‘1’fi ‘3’n gochaa hinraawwatamne,‘2’n ammoo gochaa raawwatame agarsiisu. Gochaan hinraawwatamne ammmaa kaasee yeroo jiru keessatti yoo ta’u dhamjecha {jir-} jedhuun, kan raawwatame ammoo dhamjecha {tur-} jedhuun agarsiisuu danda’ama.

1. Gocha darbe agarsiisa.
   -  Haala raawewii – kan raawwate {-e}
   -  Yeroo raawwiii – darbaa – {tur-}
2. Gochaa hinraawwanne agarsiisa.
   -  Haala raawwii – gochaa raawachaa jiru ( -aa, jir-, a)

- Yeroo raawwii- amsiiqa

3. Gochaa raawwate agarsiisa
   - Dhamjechi agarsiistuu {-e}
   - Yericha keessa itti fufaa turuu {-aa} mul'isa

**Hub.** Gaaffiiwwan gilgaala 5 jalatti dhimma kanarratti dhiyaatan kan armaan olitti hojjetame hordofuun shaakalsiisi.

**Gilgaala 6: Shaakala Gaalee**

**Deebii**

Kitaaba barataa keessatti gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan gaalee addaan baafachuuf gargaara. Gaaleen wal-haammannaa jechootaa kan hojii tokko raawwatudha. Wal-haammannaan hundi garuu gaallee ta'uu dhiisuu malu. Kan gaalee ta'u ulaagaalee guutuu qaban keessaa wal-hidhiinsa, bakka bu'iinsaafi miseensi biraa caasaa sana gidduu kan hingalledha.

**A.**
1. Sangaa guddaa sana
2. Sangaa adii guddaa sana
3. Adii guddaa sana
4. Sangaa foonii adii guddaa argattee san
5. Sangaa argatte kana

**B.** [gaangeedhaaf hokaa haame]

| | Mataa | Miiltoo | murteessituu |
|---|---|---|---|
| 1. | haame<br>-dhaaf<br>hokaa<br>sangaa | gaangeedhaaf hokaa<br>sangaa | |
| 2. | kufe<br>-rraa | Mukarraa<br>muka | si'a lama |
| 3. | intala<br>qalloo<br>barreedduu<br>kaleessaa | qalloo bareedduu kaleessaa<br>bareedduu.<br>kaleessaa | sana |
| 4. | konkolaataa<br>fe'umsa | fe'umsaa adicha | |

adicha
5. deeme
6. mucaa
7. diimaa tokko
8. irra
9. kaleessa
10. suuta

**C.** Gaaleen mataa, miiltoofi murteessituu qaba jennee jirra. Mataan handhuura ykn dura bu’aa caasichaa, miiltoon odeeffannoo dabalataa waa’ee mataa sanaa kan nuuf kennudha. Miiltoowwan akkakuu garaagaraa qabaachuu danda’u. Isaanis miiltoo sadarkaa 1ffaa (kan mataa waliin hidhata cimaa qabu)fi miiltoo sadarkaa 2ffaa (kan hidhannii isaa amma isaa sadarkkaa 1ffaa hingeenye) jechuun qooduu dandeenya.

Fkn.

1. [intala qalloo bareedduu]

Mataa= intala

Miiltoo = qalloo bareeddu

2 . [konkolaataa fe’umsaa adii guddaa]

Mataa= konkolaataa

Miiltoo =fe’umsmaa adii guddaa

Miiltoo sad. 1ffaa = fe’umsaa- hidhata guddaa mataa waliin waan qabuuf.

Miiltoo sad 2ffaa= adii guddaa – hidhanni mataa waliin qaban amma isa sadarkaa 1$^{ffaa}$ waan hingeenyeef.

**Hub**. Deebii gilgaalaa 6(c) jalaa akkaataa fakkeenya kanaatti hojjechiisi.

**D.** 1. keenya= murteessituu abbummaa (tajaajilaan)

sana = muteessituu akeektuu

2. (-ch-) = murteessituu duree, murteessituu hirkatoo

3 Mataa sadii= murteessituu hammamii ( tajaajilaan )

4 Konyee tokko = murteesituu hammamii ( tajaailaan )

5 Hedduu = murteessituu hammamii (tajaajilaan) sana = akkeektuu (tajaajilaan

**E.** Gaaleewwan Afaan Oromoo afur. Isaaniis gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubeefi gaalee gochimaati. Mataan gaaleewwan kanaas gareewwan jechootaa afran (maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima) ta'u. Jara kana faana bu'uun akaakuu gaaleewwan addaan baafachuu dandeenya (Addunyaa 201).

| | **Gaalee maqaa** | **Gaalee gochimaa** |
|---|---|---|
| 1. | Loltuu cimaa kaleessa badhaafame sun | dhufe. |
| 2. | Garasuun | akka isaa goota |
| 3. | Mucaa magaala qalloo | qaba. |
| 4. | Barataa cimaan | abdii hinkutu |
| 5. | __ | haadhaaf hoola bite |

| **Gaalee maqibsii** | **Gaalee durduubee** |
|---|---|
| magaala qalloo | haadhaaf. |
| akka abbaa isaa cimaa | wkf. |

## Barannoo 3: Afoola

### Gilgaala 7

Afoolli gosoota garaagaraa qaba. Gosoota isaa keessaa tokko mammaaksa. Mamkmaaksi bifaafi tajaajila isaatiin qoratamuu danda'a. Kaayyoon barannoo kanaa tajaajila ykn ergaa mammaaksaa akka barattoonni addaan baafatan taasisuudha.

**A.**

1. Tokkummaa
2. Xiyyeeffannoo
3. Gaabbii
4. Gaabbii
5. Aantee
6. Balaaleffannaa
7. Balaaleffannaa
8. Seexessuu
9. Hawwii
10. Tooftaa (mala)

**B.** Gaaffiin kitaaba barataa keessatti dhiyaate maammaaksa mammaaksaan hiikuurratti xiyyeeffata. Kunis karaa ittiin hiika mammaaksaa addaan baafannu keessaa isa tokkodha.

Fkn.

1. Eeboo darbatanii jinfuu hinqabatan
   - Tufanii hinarraaban

- Ganna darbeef mana hin ijaaran

2. Kaatan, kutaa uffatan
   - Socho'an solchoo nyaatan.
   - Ifaajan ifa argan
   - Waa cabsan waa cobsan.

**C.** Mammaaksonni hedduun dhaamsa wal-fakkaatu qabaachuu danda'u. Kanaafuu, akkuma erga isaanii addaan baasuun danda'amu, mammaaksaan hiikuunis gabbina hubannoo barattootaatiif gumaacha guddaa qaba. Mammaaksota dhiyaatan mammaaksaan hiikuu cinatti ergaa isaas akka addaan baafatan haala mijeessi. Mammaaksa mataa isaaniis dhiyeessuun akka irratti hojjetan taasisi.

## Barannoo 4: Barreessuu

### Gilgaalaa 8

Gilgaala kana jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan shanan akka barattoonni keeyyata to'atamaa tokko barreessan jajjabeessa. Wayita keeyyatichaa barreessan, akkamitti yaa'a yaadaa akka eegan, mata-duree tokko jalatti dhimmoota dhiyaachuu qaban akkamitti akka addaan baafatan hubachaa deemu. Kana malees, himoonni ijoon dhiyaatan dubbisa 'Beekumsa ' jedhu keessaa waan ba'aniif, ergaa dubbisichaa hubachuu cinatti cuunfuun dhiyeessuu akka akka danda'an, akkamitti akka barreessan, maaliif akka barreessan waliin shaakalsiisuun galma ga'uu kaayyoo barbaadameetiif bu'uura.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Yaada ijoofi yaadolee callaa dubbisa tokkoo argachuuf keeyyattoonni dubbifamaniifi tooftaan ittiin dubbifaman maal fa'i?
2. Jechoonni nuti garee isaanii hinbeekne maqaa jedhamuuf ulaagaa akkamii guutuu qabu?
3. Gosoota maqaalee Afaan Oromoo keessatti argamanii fakkeenya kennuun ibsi.
4. Walitti dhufeenyiifi addummaan maqaafi ibsi maqaa qaban maali?
5. Jechoonni nuti garee isaanii hinbekne maqaa jedhamuuf ulaagaa akkamii guutuu qabu?
6. Akaakuun ibsa maqaa warra kam fa'i? fakkeenyaan deggeruun ibsi

7. Jechi tokko ergaa dubbisa tokkoo kan baatu yoo ta'eefi baay'ee kan si barbaachisu yoo ta'e hiika jechichaa hubachuuf tooftaa akkamiitti gargaaramta?
8. Geerarsi akaakuu ogafaanii keessaa tokko yoo ta'u dhalootaa dhalootatti kan darbu afaaniini. Maalif?
9. Ergaan geerarsa tokkoo eessaa argama?
10. Ogummaawwan dhiyaatan keessaa akka gaariitti gabbifateen jira kan jettu warra kami?

## 5. Madaallii

Kutaan kun akka barattoonni ogummaawwan garaagaraa horatan taasisuurratti xiyyeeffata. Ogummaawwan kana keessaas ogummaa dubbachuu, ogummaa dubbisuu, ogummaa barressuu, ogummaa jechootaa, ogummaa jireenyaafi ogummaa caaslugaa warra bu'uuraati. Isaan kana shaakalsiisuufis ogummaan dubbisuufi ogummaan barreessuu akka goorootti dhiyaatanii jiru. Ogummaawwan kana lamaan dahoo taasifachuun kanneen olitti tarreeffaman barannoo garaagaraatti addaan qooduun dhiyaatee jira. Kanaafuu, kaayyoowwan shaakalootaafi gilgaalotaa akka barbaadametti galmaan ga'uu danda'uu keefi jijjiirraa amalaa barbaadame gonfachuu barattoota keetii mirkaneeffadhu. Madaallii kun ammoo, si'a garaagaraa ta'uu danda'a. Inni tokko barattoonni kee shaakaloo kenname erga xumuranii booda kan geggeeffamu yoo ta'u inni biraa ammoo, osuma isaan shaakalaa jiranii hubachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuf kan geggeeffamudha. Inni kaan ammoo, dhuma boqonnichaarratti madaallii geggeeffamu yoo ta'u tooftaan madaalichi ittiin geggeeffamus garaagraa ta'uu mala.

Tooftaalee madaallii keessaa muraasni gaaffii barreeffamaa, gaaffii afaanii, battalleefi wkf ta'uu danda'u. hundinuu qabiyyee barattoonni xiinxalan sana akka isaan yaachisuu danda'utti dhiyeessuun geggeeffamuu qabu. Kana jechuun kallatiidhumaan asii fuudhanii achi kaa'uu kan danda'an ta'uu hinqabu. Qabanni isaa jireenya dhugaa keessatti wanti hundi qophaa'aa ta'ee kan dhiyaatu ta'uu waan hindandeenyeef. Ogummaa jarri baratan hundumaa madaaluuf tooftaa ga'umasa qabu ta'uuti irra jiraata.

# BOOQONNAA 4: QAAMA BINEENSOOTAA NAMAAF OOLCHUU

**Dheerina wahitii tokkoo 40’**

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun ‘Qaama Bineensotaa namaaf oolchuu’ mata duree jedhu da’oo taasifachuun ogummaawwan yaadrimeewwaniifi hubannoowwan akka baratoonni argatan taasisuu yaala. Gama ogummaatiin ogummaa dubbisuu, dubbachuu, jechoota, caaslugaafi ogummaa barreessuu akka gabbifatan taasisa. Gama yaadrimeetiinis dhimmoota hawaasaa, fayyaa, afaaniifi aadaa dhiyeessuun sadarkaafi hojiirraa oolmaan isaanii maal akka fakkaatu xiinxalchiisa. Hanguma ogummicha horachuuf gilaalota kitaaba barataa keessatti dhiyaatan shaakalaa deeman yaadrimeewwaniifi, hubannoowwan olitti ilaalle horachaafi gaabifachaa deemu.

Kaayyoo boqonnichaa galmaan ga’uuf carraaqqiin gama barsiisaatiifi gama barattootaatiin taasifamu shoora olaanaa qaba. Kanaafuu, dhuunfattee dubbachuu ykn hojjechuurraa of qusadhu. Ga’een kee inni guddaan haala mijeessuu, qajeelchuu, akka miseensaa garee hundaatti hirmaachuu, yaada kaasuun karicharra bu’uun akka barattoonni waan hedduu hojjetan taasisi. Hirmaannaa isaanii dabaluuf garee, dhuunfaa, cimdiifi daree guutuun akka dalagaan haala mijeessi.

## 1. Kaayyoo: xumura barnootaa kanaatti barattoonni:

- Yaadole ijoo keeyyattoota dubbisa dhiyaatee nibaasu.
- Jechoota waliin deeman nitarreessu.
- Galumsarratti hundaa’uun jechootaaf hiika nikennu.
- Maqibsaafi gosoota isaa niqalbeeffatu.
- Gochaawwan gara fuula duraatti raawwachuun isaanii hinoolleefi mamsiisaa ta’an addaan baafatu.
- Hibboorratti hubannoo nihoratu.

## 2. Qabiyyee

- Dubbisa " Qaama bineensotaa namaaf oolchuu," jedhu
- Jechoota waliin deeman
- Hiika jechootaa
- Maqibsa
- Maalummaa maqibsaa
- Akaakuu maqibsaa
- Haala raawwii
- Gochaa fuulduratti raawwachuuf jiru
- Gochaa raawwachuun isaa mamsiisaa ta'e
- Hibboo

## 3. Mala baruu-barsiisuu

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

### Deebii gilgaalotaa

Gaaffiiwwan 'A' fi 'B' jalatti gilgaala kana keessattii dhiyaatan kaayyoo garagaraa qabu. Inni 'A' jalatti dhiyaate akka barattoonni muuxannoo isaanii gara mata durichaatti fidatan taasisa. Muuxannoo isaanii gara mata durichaatti fiduuf ammoo, gaaffiiwwan dimshaashaafi fakkiin dhimmichaan hidhata qabu dhiyaatanii jiru. Kanaafuu, fakkii dhiyaate qo'achuun gaaffiiwwan kennaman akka deebisaniif barattoota kee gareetti qoodi. Sana booda, mariyatanii yaada isaanii akka ibsan taasisi. Hundinuu ammuma hubate haadubbatu. Gara mata-duree barbaadameetti yaada isaanii qajeelchuun ala deebii sirriifi dogoggoraa addaan baafachiisuurratti yeroo kee hinfixin. Qabanni isaa kaayyoon gulantaa kanaa muuxannoo qaban ibsuuf carraaquun yeroo ogummaa dubbachuu isaanii gabbifatan malee bakka sirrummaan itti irraa eegamu waan hintaaneef.

Jechoonni 'B' jalatti dhiyaatan ammoo, dubbisicha keessaa ba'an. Isaanis barattoonni yeroo dubbisan hiika isaanii wallaaluun ergaa isaa hubachuurratti gufuu ta'u yaadaa jedhuun filataman. Waan kana ta'eef, barattoonni hiika jechootaa sanaa akka tilmaaman taasisuun atis yaada kee itti ida'iifi. Asitti hiikni kennameef sirrii ta'uu isaa hubatan malee akka isa 'B' jalatti dhiyaatee banaa

dhiisuun gufachuurra jara hinoolchu. Hiikawwan isin laattan kanneen of keessatti haammachuu danda'u.

1. Furmaata
2. Ture
3. Dhiyaachuu
4. Xiyyoo boollaa, lubbuun ba'uu geessee

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Gilgaala kana jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan kan yeroo dubbisaa hojjetamanidha. Haa ta'u malee, 'A' fi 'B' jalatti kenneen dhiyaatan kaayyoo adda addaa fiixaan baasu. Inni 'A' jalaa odeeffannoo dimshaashaa dubbisichaarratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, inni 'B' jalaa ammoo, odeeffannoo callaa akka argatan taasisa. Inni duraa ariitiidhaan keeyyata seensaafi keeyyata goolabaa dubbisuun yoo argamu, inni itti aanu garuu guutummaa dubbisichaa suuta dubbisuun kan argamudha. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' fi 'B' jalaa dubbisichaarratti hundaa'uun deebisuu akka danda'aniitti kaayyoo isaa addaan baasiitii itti himi. Qabannii isaa dubbisuun kaayyoodhaan waan ta'eef. Deebii isaanii ammoo isaa kan keetti waliin wal-cinaa qabuun bakka barbaachisutti keeyyata dubbisichaa irra deebi'uun mirkaneeffachiisaa shaakalsiisi.

**C.** Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan ammoo, ergaa dubbisichaarraa argatan isa muuxannoo isaaniirraa beekaniin wal-simsiisuun mormaa, deggeraa, madaalaa, keessattis of ilaalaa akka deeman taasisa. Gilgaalonni kitaaba barataa keessatti gilgaala kana jalatti dhiyaatanis dhimma kana galmaan ga'u'uurratti xiyyeeffatu.

1 Soba   2. Soba   3. Soba   4. Soba   5 Soba

**D**. 1 Karaalee lamaan qaama dhukkubsataa tokko baasuun kan birootiin bakka buufnu.

2. Dhukkubsattoonni 100,000 biyyaa Amarikaatti si'a tokko kale jijjiirsifachuuf gaaffii dhiyeeffachuu isaanii.

3 Biyya Ingliziitti baasii kale tokko jijjiirrachuuf taasifameefi akka qaama jijjiirrateen wal-simatuuf kan ba'u ida'ama isaanii.

4 Carraaqqii garaagaraa kan qaama jijjiirsifachuuf taasifamaa ture.

5 Wal'aansa qaama namaa isa fayyaa bakka buusuudhaan du'arraa oolchuu.

**E**. 1 A 2 E 3 C 4 A. 5 A

**F**. 1. Luubbuun darbuu ga'uu
2. Afaan du'aa
3. Akka wal-simatu
4. Dhama'uu
5. Rakkoo baay'ee ulfaataa

**G**. 1. Lafee nyaachuu
2. Maqaa balleessuu
3. Garaa nyaachuu
4. Malkaa bu'uu

## Barannoo 2: Caasluga

### Deebii Gilgaala 4: Shaakala Maqibsootaa

**Maqibsi garee jechootaa keessaa isa tokko ta'ee waa'ee maqaa odeeffannoo dabalataa kan nuuf kennudha, Afaan Oromoo keessatti yeroo hunda maqaa booda dhufa. Gareen jechaa kun maqibsaa bu'uuraafi maqibsa uumamtee jechuun bakka lamatti qooduu dandeenya. Maqibsiin bu'uuraa kan durumaanuu afaanichaa keessa jiru yoo ta'u, maqibsii uumamteen garuu gareewwan jechootaa garagaraarraa kan uumamaniidha.**

Fkn.

1. Nama dheeraa arge.
2. Sangaa guddaan sun bareechee qota.
3. Nama huqqataa

Akkuma fakkeenya kanarraa hubannu jechoonni garaagaraa uumamuun akkasumas, bfa isaanii bu'uuraa qabachuun argamu. Fakkeenyaaf, jechoonni jala muraman maqibsoota. Warri dhuraa lamaan maqibsa bu'uuraa yoo ta'an, inni (3) irraa garuu gochimni huqqate' jedhu {-aa} fudhachuun maqibsa waan ta'eef, uumamteedha.

Gambiraatiin, maqibsoota bakka adda addaatti qoonnee ilaaluu dandeenye. Tajaajilaan maqibsa akeektuu , maqibsa qabeenyaa, maqibsa gaaffii, maqibsa maalummaafi wkf jechuun xiinxaluu dandeenya. Maqibsi qabeenyaa abbaan qabeenyaa tokko eenyuun akka ta'e agarsiisu

Fkn Mana koo
Ijoollee keenya
Hojii isaanii

Fira ishee

Kanaafuu, kanneen jala sararaman qabeenyaa waan agarsiisaniif, maqibsa qabeenyaa jennaan. maqibsi gaaffiis waan tokko iyyaafachuuf jechoota nu fayyadanidha. Isaanis 'kam? Eenyuu? fi wkf agarsiisfamuu danda'u. Maqibsi maalummaa ammoo, jechoota bifaafi amala agarsiisaniin dhiyaata.

Fkn. 1 Nama garraamiin hinbadu

2 Intala bareedduun arge.

3. Sangaa gurraacha bite.

Fakkeenya kana keessatti jechoonni jala sararaman bifaafi amala agarsiisu. Garraamummaa amalaan yoo ta'u, bareedinniifi gurraachinni ammoo bifaan ta'u. Kana malees, maqibsoonni hanga waan tokkoo agarsiisaniis nijiru. Maqibsoonni kunis, furdaa, gabaabaa, dheeraa bal'aafi wkf fa'i (Abarraafi kaawwan 1998; Addunyaa 2010). Fakkeenyotaafi ibsoota asitti dhiyaatan faana bu'uun gilgaalota kitaaba barataa keessatti dhiyaatan shaakalsiisi.

**A** 1. guutuu, moofaa, rakkisaa — 2 dhedheeroo, dhidhiphoo, sun

3 dheeraa, adii — 4 baay'ee, tokko, cuquliisa

**B.**

| Mqibsii akeekatu | Maqibsii maalummaa | Maqibsii qabeenhyaa | Maqibsii gaaffii | Maqibsii hangaa |
|---|---|---|---|---|
| Kun | boonsaa<br>gaarii<br>cimaa | keenya | kam | gurguddaa<br>hundaa<br>gabaabaa<br>mara<br>salphaa |

# Barannoo 3: Afoola

## Gilgaala 5: Shaakala Hiboo

**Deebii**

**A.** Hibboon akaakuu afoolli keessaa tokko ta'ee dhalootaa dhalootaatti afaaniffaan kan darbudha. Kun yoomessa qaba. Yoomessi hibboo ammoo galgala ta'a. Qabanni isaas sammuun dadhabaa oolee akka ittiin bashannanu, ijoolleenis osoo hinmukaa'iin akka hirbaata eeggattu waan taasisuufi. Kana malees, ijoolleen hibboof jecha akka guyyaa hojii hinlaaffifne," yoo guyyaa hibbifatan eegee baasu; warabeessatu nama nyaata" yaada jedhuun xiyyeeffannoon hojiirratti akka ta'u godhu. Hibboon gadi fageessanii yaaduuf gargaara. Abbaan hibboo tokko gaaffii gaafateef yeroo kenna. Yeroo kenname keessatti deebisuu baannaan ni'arrabsa. Kana taasisuu kan danda'us yoo namni gaafatame sun deebisuu dadhabuu isa 'dhugi!' jedhuun mirkaneesseefidha. Akkana jechuun eegala.

Gaafataa: hibboo?

**Deebisaa: Hib!, hibbaka!, hibib!**

**Gaafataa: Deemaa ooltee hanxaxiin karra cufatti.**

**Deebisaa: Dhugi**

Dhugaa kooti
Hundee looti
Waa naaf gooti
Fardii hindannabsuu
Ani sin hinarrabsuu… deebiin ija. jechuun deebii isaa itti hima

**B.**

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| **1.** | **Faana miillaa** | **5.** | **Gundoo** | **8.** | **Majii daakuu** |
| 2. | Fal'aana | 6. | Arraba | 9. | Ija |
| 3 | Citaa | 7. | Kibiriita | 10. | Daabboo |
| 4 | Nuugii | | | | |

**C.** Barattoonni hibboo mataa isaanii fiduun akkaataa naannoo isaaniitti itti Taphatamuufi hiika isaan qabanirratti mariyaatanii dareedhaaf akka gabaasan taasisi.

**D** Faayidaawwan hibboo lakkoofsa 1-5 kennaman faana bu'uun barattoonni yaada isaanii bal'inaan akka ibsan haala mijeessiif.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

Gaaffiiwwan kanaan gadii ogummaawwaniifi yaadrimeewwan boqonnicha keessatti barattoonni shaakalan xiyyeeffatu. Atis dhuma boqonnichaarratti keessa deebitee ilaaluun akka barattoonni kees keessa deebi'anii ilaalan taasisi.

1. Ergaan dubbisa boqonnaa kana jalaatti dhiyaaterraa argatte isa ati naannoo keetti beektuun tukkummaafi adda addummaan inni qabu maali?
2. Yaanni ijoo dubbisa tokkoo akkamitti argama?
3. Yaadolee callaa dubbisa dhiyaatee tooftaa dubbisaa isa kamiin argatte?
4. Tooftaa hiikni jechootaa ittiin hubatamu keessaa tokko galumsa. Ibsi
5. Jechoonni kan isaan duraafi isaan boodaa ibsan nijiru. Isa kana maaliin beekna?

## 5. Madaallii

Qabxiiwwan boqonnaa kana keessatti dhiyaatan akka barattoonni ogummaawwan dubbachuu, dubbisuu, barressuu, jechootaa, jireenyaafi caasluga horatan taasisuurratti xiyyeeffatu. Isaan kana shaakalsiisuufis ogummaan dhaggeeffachuufi dubbisuu akka goorootti dhiyaatanii jiru. Ogummaawwan kana lamaan dahoo taasifachuun kanneen olitti tarreeffaman barannoo garaagaraatti addaan qooduun dhiyaatee jira. Kanaafuu, kaayyoowwan shaakalootaafi gilgaalotaa akka barbaadametti galmaan ga'uu danda'uu keefi jijjiirraa amalaa barbaadame gonfachuu barattoota keetii mirkaneeffadhu. Kanas kan ati taasistu madaaluudhaani. Madaalliin kun ammoo, si'a garaagaraa ta'uu danda'a. Inni tokko,

barattoonni kee shaakaloota kenname erga xumuranii booda kan geggeeffamu yoo ta'u, inni biraa ammoo, osuma isaan shaakalaa jiranii hubachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuf kan geggeeffamudha. Inni kaanis dhuma boqonnichaarratti madaallii geggeeffamu yoo ta'u, tooftaan madaalichi ittiin geggeeffamus garaagara ta'uu mala.

Tooftaalee madaallii keessaa muraasni gaaffii barreeffamaa, gaaffii afaanii, battalleefi wkf ta'uu danda'u. Hundinuu qabiyyee barattoonni xiinxalan sana akka isaan yaachisuu danda'utti dhiyeessuun geggeeffamuu qabu. Kana jechuun kallatiidhumaan asii fuudhanii achi kaa'uu kan danda'an ta'uu hinqabu. Qabanni isaa jireenya dhugaa keessatti wanti hundi qophaa'aa ta'ee kan dhiyaatu ta'uu waan hindandeenyeef. Ogummaa jarri baratan hundumaa madaaluuf tooftaa ga'umasa qabu ta'uuti irra jiraata.

# BOQQONNAA 5: AADAA FUUDHAAFI HEERUMA OROMOO GUJII

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- Aadaafi heeruma naannoo isaanii kan Gujii waliin walbira qabanii ilaalu
- Jechoota hiika isaanii walitti firoomsu
- Tataajila dhamjechootaa addaan baasu
- fufiileefi gosoota isaanii addaan baasanii hubatu
- Keeyyata keessatti sirna tuqaalee bakka barbaachisaa ta'etti galchu
- Sirba yeroo fuudhaafi heerumaa qaaccessu.

## 2. Qabiyyee

- Hiika jechootaa
- fufiilee
- gosoota fufiilee
- Sirna tuqaalee
- dhamjechoota
- sirba fuudhaafi heerumaa

## 3. Mala baruu-barsiisuu

### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

#### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

**A.** Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni otoo dubbisichatti hinseeniin dura mata-duricha naannoo isaanii waliin walqasiisanii akka yaada maddisiisatan gochuuf. Waa'ee fuudhaafi heerumaa beekumsa naannoo isaanii irraa ka'anii bakka bira kan jiru waliin akka walqabsiisan gochuuf isaan gargaara. Kana malees, aadaa fuudhaafi heeruma uummata Oromoo bakka biraa jiru beekuuf yaalii akka godhaniifis isaan kakaasa. Kanaafuu, jalqaba barattoonni fuudhaafi heeruma naannoo isaanii jiru akka dareef ibsan kakaasi. Sana booda, namni mana

isaaniitii (obboleessi ykn obboleettiin) fuudhaniiru ykn heerumaniiru yoo ta'e adeemsi fuudhaafi heeruma keessa darbame maal akka fakkaatu akka himaniif jajjabeessi. Fuudhaafi heeruma Oromoo Gujii bira jiru kan naanoo isaanii irraa ka'anii akka tilmaaman taasisi.

**B.** 1. seeraan kaadhimatanii fuudhuu 2. kan intalliifi gurbaan waliin badan 3 fedhii gam-tokkeen kan geggeeffamu 4. milkiin tole

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni waan hojjetan sammuutti qabatanii akka dubbisuutti seenaaniif gargaara. Gaffileen kunneenis gadifagenyaan dubbisuu waan hinbarbaanneef takkaa dubbisicha keessa yoo bahan hojjechuu nidanda'u. Otoo dubbisicha hindubbisiin dura akka isaan gaaffilee kana dubbisanii qalbiitti qabatan itti himi. Yeroo duuubbisanis gaafilee kana deebisuuf akka dubbisan yaadachiisi.

**Deebii Gilgaala 2:**

**A.**

1. dhugaa: butiin aadaa otoo hinta'iin barsiifata
2. dhugaa: jaarsoliin, kan dhaqee araarsifatu marti dhiirota
3. soba: ilaalcha abbaa gurbaatti kan toltetu abbaa gurbaan filatama
4. dhugaa: Kanbutii horii torba-hundumaarrayyuu ni caala
5. soba: murteessaan murtoo gurbaafi intalaati
6. dhugaa: otoo guraaniifi intalli walii galanii maatiin ammoo seera jiruun akka dinagdeedhaan wal hinmiinetti haala mijeessaniifii qajeelaadha

**B.** **Deebii jechoota hiika isaaniitiin walitti firoomsuu**

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | c | 2. | g | 3. | d |
| 4. | f | 5. | b | 6. | a |
| 7. | e | | | | |

## Deebii Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni yaada amansiisaa burqisiisuun barsiifata boodatti hafaa ta'an balaalefachuurratti hubannoo akka cimsatan gochuufi. Kanaafuu, barattoonni qabxiileen ka'an ilaalcha duubatti hafaarraa kan maddan ta'uu akka kaasanii yaada wal jijjiiran taasisi. Barattoonni tokko tokko ammallee hubannoo dhabisaan ilaalchota kana nideeggaru ta'a. Barattoonni kun barsiifatoonni kunneen duubatti hafoo ta'uu isaanii barattoota ilaalcha kana balaaleffatan ijaaruuniifi yaada ofii kee itti dabaluun akka yaada isaanii jijjirratan

gochuuf yaaluu qabda.

Fakkeenyaaf, mirga namni tokko dhalootaan nama wajjin bultoo ijaarratu filatu sarbamuun hammam akka inni namummaa nama sanaa waraanee madeessu akkasumas hammam akka inni jireenya nama sanaa duwwaa, dukkana taasisu akka itti dhagahamu gochuuf yaali.

Gaaffii isa lammaffaafis, haaawwan muuxannoo abbaadhaa ol caalu da'umsa irraa, hoosisuu irraa, rakkina fuuldura ijoollee isaanii jiru muuxannoo isaanii irraa ka'anii eenyu caalaayyuu akka hiruu danda'an akka hubatan godhi. Ilaalchi isaaniin golatti ukkaamsu, hojii golaa qofaatti daangessu ilaalacha badaafi kan balaaleffatamuu qabu ta'uu akka waliif ibsaniif karaa qabsiisi.

## Barannoo 2: Dubbachuu

### Gilgaala 4: Shaakala Falmii

**Gilgaala kana jalatti gaaffii kitaaba barataa irratti dhiyaate akka barattoonni ogummaa dubbisuu isaanii gabbifatanu taasisa. Kanaafuu, seera falmii eeguun shaakalsiisi.**

## Barannoo 3 : Caasluga

### Gilgaala 5: Shaakala Dhamjechootaa

**A.** Xiyyeeffannoon xinjechaa inni guddaan dhamjecha. Dhamjechi ammoo qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa kan unkaalee hiikaa garaagaraa qabutti addaan mummuramuu hindandeenyeedha. Qaamni xiiqqaan kun akaakuu garaagaraa qaba. Unka isaatiin yoo ilaalle, hirkataafi of danda'aa jechuun kan qoodamu yoo ta'u, dhamjeechi hirkataan of danda'ee kan hindhaabanneefi qaama of danda'aa tokko kan barbaadudha. Dhanjechi walabni ammoo, of danda'ee kan dhaabbatudha.

Fkn

| Dhamjecha walaba | Dhamjecha hirkataa |
|---|---|
| kun | deem- |
| kana | - oota |
| keessa | - maata |
| dheedhii | |

Dhamajecha hirkataas hundee hirkataafi fufii jechuun bakka lamatti qooduu

dandeenya. Hundeen qaama jechaa kan fufii ofirraa hinqabne yoo ta'u, afaan Oromoo keessatti baay'een isaanii hirkatoodha. Fufiin ammoo, jechatti fufamuun hiika yka garee jechichaa jijjiiruufi tajaajila caaslugaatiif oola.

Fkn.

| Jecha | Hundee | Fufii |
|---|---|---|
| 1. qabame | {qaba -} | {am-,-e } |
| 2. namoota | {nama-} | {-oota } |
| 3. lubsaa | {ibs -} | {-aa } |
| 4. mummuisiise | {mur-} | {mu-siis-,-e} |
| 5. Ijaare | { ijaar - } | {- e} |

**B.** 1. sun

3. keessa

7. gara

**C.**

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | {fir- oom-e } | 2. | {fard-, -a-, -oo } |
| 3. | {kirkir -, -e } | 4. | {hojjet-, -am- e } |
| 5. | { nam-, -ummaa } | 6. | {hiyyee,- ss-, - i } |
| 7. | {gurraa -, -ch-a } | 8. | {godaan - , -e } |
| 9. | {mud- ,-am-,-e } | 10. | {hor-,- maata } |

**D.** Dhamjechoota 'B' fi 'C' jalatti tarreeffaman keessaa kanneen 'B' jalaa hundi walaba. Kanneen 'C' jala ammo akka kanaan gadiitti qooduu dandeenya.

| Dhamjecha hundee | Dhamjecha hirkataa | fufii |
|---|---|---|
| fir-<br>ul-<br>kirkir –<br>hojjet –<br>nam-<br>iyyee-<br>gurraa-<br>godaan-<br>ijaan -<br>ijaar-<br>hor | -e<br>-am-<br>-ummaa<br>-ss-<br>-i<br>-ch-<br>-a<br>-sa<br>-maata | Hundeedhan ala dhamjechoota hirkataan hundi fufiileedha |

**E** a) {hin-,-ne }

b) {-ame }

c) {yaa-,-u }

d) {-ii}

e) {-at, -u-,-lee}

**F.**

| Jechoota | Duree | duubee | giddee | naannee |
|---|---|---|---|---|
| 1. hindeemu | hin- | -u | - | - |
| 2. agarre | - | e | -a | - |
| 3. namoomaan | - | -an | - | - |
| 4. filmaataa | - | - maata | - | - |
| 5. altokko | al- | - | - | - |
| 6. faradoo | - | -oo | - | - |
| 7. hiyyaanne | hin - | -ne | | hin….ne |

## Barannoo 4 : Barreessuu

### Gilgaala 6: Shaakala Sirna Tuqaalee

**A**. Barannoon kun fayyadama sirna tuqaaleerratti xiyyeeffata. Shaakala sirna tuqaalee kanaaf kan filatames keeyyaata. Barattootaa kee gareetti qooduun keeyyaata dhiyaate keessatti sirna tuqaalee dhiyaataniif faayidaa isaanii akka addaan baasan taasisi. Itti dabaluunis, keeyyata dhiyaate sirna tuqaalee barbaachisaa ta'aniin akka guutan jajjabeessi. Keeyyatichas akkaa kanaan gadiitti sirna tuqaalee galchuun ilaaluu danda'u.

**B**. Saayinsiin uumamaa dammeewwan adda addaa qaba: Baayooloojii, Keemistiriifi Fiiziksiin warra muraasa. Baayyolojiin damee saayinsii uumamaa ta'ee lubbuu-qabeeyyii kan qoratudha. Lubbuu-qabeeyyiin kunneenis biqiltootaafi bineeldootaatti addaan qoodamuu danda'a. Keemistiriinis dame saayinsii uumamaa ta'ee ijaarsa, amala, caasaafi darbiinsa wantootaa kan qo'atudha. Fiiziksiin ammoo, haala dhangala'oo, jajjaboofi gaasii qo'achuun damee saayinsii uumamaa ta'a. Gabaabumatti, saayinsiin uumamaa haala lubbu-qabeeyyii; amala, ijaarsaafi darbiinsa wantootaa; waa'ee dhangala'oo, jajjaboofi gaasii qo'achuun saayinsii hawaasaarraa adda ta'a.

## 4. Gaaffiiwwan keessa deebii

Gaaffiiwwan kanaan gadii ogummaawwaniifi yaadrimeewwan boqonnicha keessatti barattoonni shaakalan xiyyeeffatu. Atis dhuma boqonnichaarratti keessa deebitee ilaaluun akka barattoonni kees keessa deebi'anii ilaalan taasisi.

1 Aadaan fuudhaafi heeruma Oromoo Gujii isa naannoo keetiitiin tokkummaafi addummaa isaan qaban ibsi.
2. Akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo tokko tokkoon ibsi.
3. Fufiin maaliin dhamjecharraa adda, dhamjechaan tokko ta'aa?
4. Qooddii fufiilee Afaan Oromoo bakka isaaniirratti hundaa'uun taasifame ibsi.
5. Dubbisa 'Aadaa Ffuudhaafi Heeruma Oromoo Gujii' jedhu keessatti ergaa ijoon maal akka ta'e ibsi.

## 5. Madaalli

Kaayyoowwan gurguddaan boqonnaa akka barattoonni ogummaawwan dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, jechootaa, jireenyaafi caaslugaa gabbifatan taasisuudha. Isaan kana shaakalsiisuufis ogummaan dubbachuufi dubbisuu akka goorootti dhiyaatanii jiru. Ogummaawwan kana lamaan dahoo taasifachuun kanneen olitti tarreeffaman barannoo garaagaraatti addaan qooduun dhiyaatee jira. Kanaafuu, kaayyoowwan shaakalootaafi gilgaalotaa akka barbaadametti galmaan ga'uu danda'uu keefi jijjiirraa amalaa barbaadame gonfachuu barattoota keetii mirkaneeffadhu. Kanas kan ati taasistu madaaluudhaani. Madaallii kun ammoo, si'a garaagaraa ta'uu danda'a. Inni tokko, barattoonni kee shaakaloota kenname erga xumuranii booda kan geggeeffamu yoo ta'u, inni biraa ammoo, osuma isaan shaakalaa jiranii hubachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuf kan geggeeffamudha. Inni kaanis dhuma boqonnichaarratti madaallii geggeeffamu yoo ta'u, tooftaan madaallichi ittiin geggeeffamus garaagara ta'uu mala. Tooftaalee madaallii keessaa muraasni gaaffii barreeffamaa, gaaffii afaanii, battalleefi wkf ta'uu danda'u. Hundinuu qabiyyee barattoonni xiinxalan sana akka isaan yaachisuu danda'utti dhiyeessuun geggeeffamuu qabu. Kana jechuun kallatiidhumaan asii fuudhanii achi kaa'uu kan danda'an ta'uu hinqabu. Qabanni isaa jireenya dhugaa keessatti wanti hundi qophaa'aa ta'ee kan dhiyaatu ta'uu waan hindandeenyeef. Ogummaa jarri baratan hundumaa madaaluuf tooftaa ga'umasa qabu ta'uuti irra jiraata.

# BOQONNAA 6: KUFAATII DINAGDEE ADDUNYAA

Jaarraa Digdamii Tokkoffa Dheerina wayitii tokkoo 40’

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni ogummaawwan adda addaa gabbiftu. Jalqaba boqonnichaatti dubbisa waa’ee Kufaatii Dinagdee Adduunyaarratti dhiyaate dubbisuun gaaffiiwwan ogummaawwaniifi yaadrimeewwan barbaadamerratti kitaaba barataa keessatti kennamani saffisaafi suutaan dubbisuun deebisu. Dhimmoota ka’anirratti akkamitti sababaafi bu’aa akka addaan baasan haalaan shaakalsiisi. Hiika jechootaas akka galumsaatti tilmaamuu shaakalu. Barannoo isa itti aanu keessatti maalummaa, faayidaafi gosoota durduubee addaan baasu. Himoota keessatti fayydamaniis ni’agarsiisu. Barannoonnoowwan itti aananitti waa’ee wal-simannaa, matimaa, antimaafi gochimaa shaakalawwan garaagaraa hojjechuun maalummaa, faayidaafi gosoota jaraa addaan baasisuurratti xiyyeeffata. Himoota keessattis fayyadamani agarsiisu. Dhuma boqonnichaatti maalumaafi faayidaa fufii horteerratti gilgaalota adda addaa hojjechuun ogumma jaraa gabbifatu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- Dubbisa eessaa yaada ijoo hubatu.
- Hiika jechootaa haala gaalumsaarratti hundaa’uun tilmaamu.
- Durduubeefi gosoota isaa addaan baasu.
- Wal-simanna, matima, antimaafi gochima nibalballoomsu.
- Maalummaafi faayidaa fufii hortee nixiinxalu.

## 2. Qabiyyee

- ‘Dubbisaa ‘Kufaatii Dinagdee Addunyaa Jaarraa Digdamii Tokkoffaa’ jedhu
- Hiika jechootaa
- Durduubeefi gosoota Isaa
- Wal-simannaa matimaa, antimaafi gochimaa
- Fufii hortee

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

**A Gilgaala kana jalatti barattoonni muuxannoo isaanii gara mata durichaatti akka fidatan taasisuuf gaaffiiwwan dhiyaatanirratti gareen akka mariyatan, dareefis akka gabaasan taasisi. Marii isaanii kana keessatti akka dubbatantu barbaadama waan ta'eef, waan itti dhaga'ame mara dubbachuuf carraa kenniif. Mataduree dubbisuuf deemanis akka tilmaaman taasisi. Kana booda hiika jechoota haarawaa kanneen dubbisicha keessaa ba'an akka tilmaaman taasisi.**

**B 1. cunqursaa 2. dhaabachuu 3. miisooma 4. gadibu'iinsa**

### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

**A. 1. a. Hanga garagartummaa warra galii giddu galeessaafi galii guddaa qabanu**

b. Ummanni hedduun biyyoota guddinaan boodatti hafan keessatti jiranu guyyaatti doolara tokkoo gadi argatu

c. Jaarraa kufaatiin dinagdee itti uumame

d. Qarshii dabalataa oggantoonni baankiiwwanii gaalii callaa irra argatan

2. Hojii dhabuu, bakka jireenyaa dhabuu, nyaata dhabuu, dhaabbileen adda addaa gabaa keessaa ba'uu wkf

**B. 1. oolaniiru; hafaniiru**

2. caalbaasii
3. walgita
4. sodaachisaa; naasisaa
5. tattaafii
6. qusachuu
7. qooda fudhateera
8. kafaltii dabalataa
9. dursaan, dura-bu'aan, geggeessaan
10. galii baasii booda argamu

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

**Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan barattoonni karaa garagaraa akka**

**yaadan taasisuu danda'u. Kanaafuu, akka barattoonni itti yaadanii karaa garagaraa ibsanu taasisi.**

## Barannoo 2: Caasluga

**Gilgaala 4**

**A** 1. Durduubee jechuun maqaa dura ykn booda galuun hidhata inni garee jechaa kanneen biroo waliin qabu kan ifa baasudha.

2. Garee jechootaa warra kaanirraa kan adda taasisu, hormaataafi uumamsa jechootaa keessatti qoodni inni qabu muraasa ta'uu isaati.

**B**.

| | |
|---|---|
| 1. booda | 2. keessa |
| 3. itti | 4. irratti |
| 5. bira | 6. irra |
| 7. jala | 8. cina |
| 9. itti | 10. akka |

Faayidaan durduubeewwan kanaa garaagra. Kaan kallattii agarsiisu. Kaan ammoo akkaataa, kaanis bakka wanta tokkoo agarsiisu. Kanaan tajaajila dabala xumuraa (gochibsaa) kennu.

Akka barattoonni kee gareedhaan ta'anii durduubeewwan dubbisicha keessa jiran baasuun tajaajila isaaniirratti mariyatan taasisi. Kana taasisuuf ammoo, dura bu'aa akka filatan kanneen baasanis tajaajila isaanii waliin akka dareedhaa gabaasan haala mijeessi.

**Gilgaala 5: Shaakala Walsimannaa**

**A**.

| | |
|---|---|
| 1. Taphanna | 2. Dhukkubsatanii |
| 3. Barbaadan | 4. Deemne |
| 5. Qaba | 6. Qabu |
| 7. Idaa'amanu, ta'a | 8. Qabu |
| 9. Gosa | 10. Madda |

**B.** Yoo barattoonni gaaffiiwwan dhiyaatan deebisuu dadhaban fakkeenya adda addaa kennuun akka maalummaafi faayidaa mathima sitti himanu godhi. Deebii barattootaa harkaa fuudhi

**C.** **Hundumtuu matima agarsiisu.**

**D.**

| | |
|---|---|
| 1. Isaan | 2. Ati |
| 3. Nuti | 4. Isheen |

5. Ati
6. Isaan
7. Isaan
8. Ati
9. Nuti
10. isheen

**Gilgaala 6: Shaakala Antimaa**

**A.** 1. Aantimni kan gochi irratti raawwatamedha.

2. Aantimni hima keessatti akka aantima sirriiffii aantima dalgeetti galuudhaan tajaajila.

B. 1. kitaaba
2. bishaan
3. obboleettii isheef, hucuu
4. hunda keenya, nagaa
5. hoolota sagal
6. haadha isaa
7. Bilisee, shaashii
8. sababoota kufaatii dinagdee addunyaa irratti, gaabaasa
9. haadha isaaf, bishaan
10. walga’ii
11. obboleettii koo
12. bishaan
13. xaafii
14. harree
15. antima hinqabu

**Gilgaala 7: Shaakala Gochimaa**

**A fi B**

Gaaffiiwwan ‘Afi B’ jalatti dhiyaatan hojjechiisuuf yaadannoo kitaaba barataa keessaa haalaan dubbisuun bararattoota kee haalaan hojjechiisi.

**C.** 1. deeme
2. taphachaa jiru
3. dha
4. qoratte
5. deemnee turre
6. dubbisan.
7. kennan
8. dha
9. hingaafatu
10. qo’achaa jiru

**D.** 1. dha= ta’umsa
2. gurmaa’an =mit-darboo
3. dha= ta’umsa
4. haasa’aa ture = darboofi ta’umsa
5. deemaa jirta = miti-darboofi ta’umsa
6. dhufna=mit-darboo
7. qale:= darboo

8. ari'aman= mit-darboo
9. rafee jira= darboofi ta'umsaa
10. barbadamaa jirta:= darboofi tumsituu

**Gilgaala 8: Shaakala Fufii**

**A. Deebii 1fi 2**

Fufiin dura ykn duuba jechaa galuun tajaajila caaslugaa ykn jijjiirraa hiikaa kan agarsiisudha. Akaakuu fufii keessaa tokko fufii hortee yoo ta'u, tajaajilli isaas caasluga agarsiisudha. Fufii horteerratti adeemsa kitaabaa barataa keessatti kenname sirriitti hordofi. Fakkeenya dabalataa akkauma barbaachisummma isaatti kennuun ibsa dabalataa gochuu dandeessa.

**B.** a) lakkoofsa( heddummina) b) gochima raawwate
c) lakkoofsa ( heddummina) d) lakkoofsa (heddumina)
e) haala raawwii f) ramaddiifi haala raawwii
g) hedduminaafi haala raawwii

**C.** 1. Haala raawwii agarsiisti.
2. koorniyaa dhalaafi haala raawwii agarsiisa.
3. haala raawwii
4. Rammadii lammaffaafi danoomai
5. Rammadii sadaffaa, danooma
6. Rammadii saadaffaa,

**D.** 1. {-an}= rammadii sadaffaa, danooma(baayina)
2. {-ttii}= korniyaa naayee (dubartii)
3. {-ch-}= murtteessituu, korniyaa (dhiiraa)
4. {-ttii}= mutteessitu, korniyaa naayee( dubartii)
5. {-oota}= danooma
6. {-ch-, -dhaa}= murteessituufi aantima alkallattii
{-n}= meeshaa
7. {-n, -rra} matimaafi bakka
8. {-t-} = rammadii sadaffaa, qeenxee koorniyaa naayee ( dubartii)

**E.** Fufiilee dhiyaatanirratti akka barattoonni mari'achuun hima itti ijaaran jajjabeessi.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebi'ii

1. Sababiiwwan kufaatiin dinagdee addunyaa fidan keessaa warra ijoo ibsi.
2. Dhiibbaawwan kufaatiin dinagdee addunyaa ummattootaafi biyoota garaagaraa irratti fide gabaabaan ibsi.
3. Durduubee jechuun maal jechuudha?
4. Durduubeewwan muraasa himoota keessatti fayydamuun agarsiisi.
5. Walsimannaa jechuun maal jechuudha?
6. Himoota walsimannaa aantimaafi matima agarsiisanu ijaari
7. Mathima jechuun maal jechuudha?
8. Mathima himoota keessatti fayyadamuun agarsiisi.
9. Antima jechuun maal jechuudha?
10. Himoota antimootni keessatti fayyidaa irra oolan ijaari.
11. Gochima jechuun maal jechuudha?
12. Gochimoota gosa garaagaraa himoota ijaaruun agarsiisi.

## 5. Madaallii

Barattoonni hangam akka boqonnaa kanarra akka baratan baruuf warra armaan gadii hojjechuu jaraa mirkaneeffadhu:

- Kufaatii dinagdee addunyaa jaarraa digdamii tokkoffaa ilaalchisee sababiiwwaniifi dhiibbawwan isaa addaan baasanii ibsuu isaanii
- Hiika jechootaa haala galumsaatiin kennuu isaanii
- Maalumaa fi gosoota durduubee addaan baasanii tarreessuu isaanii
- Walsimannaa, mathima, anthimaa fi gochima walitti fidanii barreessuu isaanii
- Maalummaa fi faayidaa dhamjecha hortee himaan barreessuu isaanii.

# BOQONNAA 7: HARKA QULLAA FIIGU MOO…?
## WAYITII 11
## Dheerinni Wayitiin tokko daqiiqaa 40

### Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni ogummaawwan adda addaa gabbiftu. Jalqaba boqonnichaatti sheekkoo “Harka Qullaa fiiguu Moo…?” jedhu dubbisuun gaaffiiwwan ogummaawwanii kitaaba baratаa keessatti kennamanii saffisaafi suutaan dubbisuun deebisu. Hiika jechootaas akka galumsaatti tilmaamuu shaakalu. Kana malees, mammaksa jalqabame guutanii barreessuun ogummaa mammaaksa yaadachuu isaanii madaalu. Hima tokko keessatti gochimaafi gosoota isaa dandeettii addaan baasu nigabbifatu. Itti dabalees, maalummaafi faayidaa yaasaa, bamaqaafi akaakuu isaa hima keessatti dandeettii foo’uu nihoratu. Sirna tuqaalee hima keessatti galchuun dandeettii isaanii cimsatu.

### 1. Kaayyoo: xumura barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- Yaada ijoo sheekkoo dubbisanii hubatu.
- Hiika jechootaa galumsa isaarratti hundaa’anii ijaaru.
- Sirna tuqaalee hima keessaatti bakkeewwan sirrii ta’anitti itti fayadamu.
- Mammaaksa maal maalessanii (tarreessanii) haala keessatti dubbatamu himu.
- Gochimaafi gosoota isaa nifoo’u.
- Maalummaafi faayidaa yaasaa (derivation) himu.
- Bamaqaafi akaakuu isaa nihubatu.

### 2. Qabiyyee

- Dubbisa
- Ogummaa Jechootaa
- Ogummaa Caaslugaa:
- Maalummaafi Faayidaa Yaasaa
- Barreessuu: Sirna Tuqaalee
- Dubachuu
- Ogbarruu
- Gochimaafi Gosoota Isaa
- Bamaqaafi Akaakuu Isaa

## 3. Mala Baruufi-barsiisuu

### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

#### Gilgaala 1 : Shaakala Dubbisuun Duraa

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni gara mata-duree dubbisuuniif jedhaniitti yaada isaanii sassaabatanii dubbisuuf kaka'insa akka uummataniifi. Gaaffilee kan barattoonni sadi sadiin akkarratti mari'atan taasisi.

1. Barattoonni sadii sadiitti qoqqoodamanii muuxannoo isaanii akka waliif hiran jajjabeessi. Muuxannoon jaalalaa kan maatii ta'uu danda'a, kan nama jaallatanii kamiiyyuu ta'uu danda'a, kan saala faallaa ta'uu danda'a. Kan kamiiyyuu yoo ta'e akka walitti himaniif jajjabeessi.
2. Gaaffii kanaaf barattoonni deebiiwwan gara garaa kennuu ni danda'u. Garuu deebiin isaanii mata-duree jaalalaarraa akka hinbaane to'adhu.

#### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Kaayyoon shaakala dubbisa kanaa barattoonni yeroo dubbisan akkasumaan dubbisu otoo hinta'iin gaaffilee kana deebisuuf dubbisu. Kun ammoo barattoonni sababa dubbisaniifii akka qabaatan taasisa. Barattoonni gaaffilee kennaman akka qalbiitti qabataniif jajjabeessi.

1. soba- amaatiin mucaa isheef laatte malee haadha manaa mucaa isheef miti.
2. dhugaa- seenaa jaraa isa xumuraa yoo ilaalle waliin hojjetanii hiyyuma keessaa bahaniiru.
3. soba- jibbitee osoo hintaanee waan gootetti saalfatteeti.
4. soba – lachuu hanqina ni qabu; isheen maatii ishee biratillee hirkachuu osoo qabduu erga qubeelaa ishee gurgurtee bira deemte. Innis, otoo mana akka waa hinjirre beekuu ishee dhiisee deeme.
5. dhugaa- dibisichi kanuma xumura irratti hime.

B. Jechoota armaan gadiif dubbisicharratti hundaa'uun hiika isaanii akka kennan taasisi.

1. daraan: hedduu, baayyee
2. firoottan: namoota dhiigaan tokko ta'an
3. riqichi: daandii lagarra ijaarame kan laga ittiin cee'an
4. birraan: tibba qooraa abaabowwan daraaran, kan gannatti aanee dhufu
5. qee'ee: araddaa

6. leeyya'e: saalfate, qaana'e

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni yaada tokko deeggaruun falmii adeemsisuudha. Faayidaan shaakala kanaa barattoonni yaada amansiisaarratti hundaa'uun dandeettii nama amansiisuu isaanii akka gabbifataniif. Waltajjii mijeessuun akka barattoonni seera falmii eeganii wal falman taasisi. Deebbiiwwan gaaffiilee kanaa banaadha. Hanga yaada isaanii yaadolee amansiissaa irratti hundaa'anii dhiyeessanitti jajjabeessuu qabda. Asirratti, qabxiiwwan amansiisan sirriitti itti yaadanii akka falmichaaf dhihaataniif jajjabeessi.

## Barannoo 2: Afoola

### Gilgaala 4: Mammaaksa

Barattoonni mammaaksa gilgaalicha jalaa guutanii akka barreessan taasisi.

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | hanga bishaan gahutti. | 2. | maaliif of huuti? |
| 3. | lafaan nama gaha. | 4. | karaa dura. |
| 5. | Ollaafi dugdaan, | 6. | Foon lafa jiru, |
| 7. | hamaamota ofiiti. | 8. | Hiriyyaa malee dhaqanii, |
| 9. | cululleen hinfudhattu. | 10. | Akka abaluun sirbaan, |

## Barannoo 3: Caaslugaa

## 3.1 Gochimaafi Gosoota Isaa

### 3.1.1 Gochima

### Gilgaala 5: Shaakala Gochimaa

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni beekumsi duraan waa'ee gochimaa qaban yoo jiraate akka itti fayyadamaniif. Tarii yoo hinbeekan ta'ellee yaalii isaanii jajjabeessi. Jechoonni gochima mul'isan kanneen armaan gadiiti.

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | deemte. | 2. | -dha. | 3. | miidha. |
| 4. | ta'u. | 5. | ture. | 6. | barbaadaa oole. |

Gochimni tajaajila kennurratti hundaa'ee gosa adda addaatti qoodamuu danda'a. Gochimoonni darbuufi darbuu dhiisuu gocha tokkoorratti hundanii gochimoota

darboofi hafoo jedhamanii qoodamu. Itti dabalees, gochimoonni of danda'anii dhaabachuufi akka gargaartuu ta'anii tajajila kennanirratti hundaa'ee ammoo gochimoota muummeefi gochimoota gargaartuu jadhamanii qoodamu. Kana malees, gochimoonni ta'umsa mul'isan irratti hundaa'anii gochimoota ta'umsaa jedhamanii waamamu.

### 3.1.2 Gochimoota Darboofi Hafoo

**Gilgaala 6: Shaakala Gochimoota Darboofi Hafoo**

Amala gosoonni gochaa qabanifi bakkawwan itti qoqqoodamuu danda'an fakkeenyota garagaraa fudhachuun erga ibsiteefii booda deebii gilgaala 6 akka kennan taasisi.

1. cabsite- gochima darboo
2. jaalata- gochima hafoo
3. rukute- gochima darboo
4. guba- gochima darboo
5. romi'te -gochima hafoo

### 3.1.3 Gochimoota Muummeefi Gargaartuu

**Gilgaala 7: Shaakala Gochimoota Muummeefi Gargaartuu**

Gochimoonni darboofi hafoo qofa otoo hinta'iin muummeeffi gargaartuu jedhamanii akka qoodamanis ibsiifii.

1. deemaa- gochima dhaabbataa
   jirti- gochima hirkataa
2. jooraa-gochima dhaabbataa
   oole- gochima dhaabataa
3. nyaatte- gochima dhaabataa
4. haamaa_ gochima dhaabbataa
   roobe- gochima dhaabataa
   ture- gochima hirkataa
5. deeme- gochima dhaabataa
   dhiqate- gochima dhaabataa
   nyaate- gochima dhaabataa

### 3.2 Dhamjechoota

Afaan barsiisuu keessatti malli barataa giddu galeessa godhate, barattoonni ofiin yaalanii; yaalii isaanii keessaatti barsiisaan haala mijeessuufi karaa qabsiisaa deemuu qaba. Haaluma kanaan barattoonni gilgaala saddettaffaa ofiin akka yaalan taasisiiti dhumarratti deebii walii galaa akka kannan godhi. Tarii barattoonni yoo yaaluu dadhaban fakkeenya tokko yookiin lama kennuufii dandeessa.

**Gilgaala 8: Maalummaafi Faayidaa Yaasaa**

A. Fuftuuwwan yaasaa jechoota itti maxxananii hiika kennuu danda'an waliin akka walitti firoomsan godhi.

1. tokko + -ummaa = tokkummaa
2. beeke+ -umsa= beekumsa
3. bite + -aa = bittaa
4. gooftaa + -ummaa= gooftummaa
5. taajabe + -ii =taajjabbii
6. furdaa + -ina = furdina
7. jabaa + - ina = jabina
8. fira + -ooma + firooma

B. Jechoonni "A" jala jiran latiiwwan yaasaa "B" jalaa filatameen ala kan biro fudhachuu nidanda'u ta'a. Sababni isaa haalli jochoonni afaan Oromoo itti horamaniifi uumaman gara gara waan ta'eef. Dalaga kanaaf, barattoonni latiiwwan kaanaan alaa kan afaanicha keessaatti naannoo isaaniitti gargaaraman yoo jiraate fudhachuu dandeessa. Garuu, latiin yaasaa kun garee jechichaa kan jijjiiru ta'uu mirkaneeffachuu qabda.

Fuftuuwwan "-ummaa', "-umsa", "-aa", "ii" , "-ina", "-ooma" jedhaman yaasa jedhamu. Barattoonni gafficha yoo yaalan gaariidha.Yoo yaaluu dadhabani haaraa isaanitti ta'uu danda'a waan ta'eef yaaluu dhabuu isaaniitti akka hinleeyyaane jajjabeessi. Itti aansuudhaan hiikni isaa maal akka ta'e akka barreessan jajjabeessi. Asirrattis hiika sirrii ta'e akka kennanirraa hineegiin.

C. Yaasa jechuun latii jecha tokkorratti dabaluun jecha biraa uumuu jechuudha. Yaasni horteerraa kan adda ta'u kutaa(garee) jichichaa jijjiiruu waan danda'uufi.

## 3.3 Bamaqaafi Akaakuu Issaa

### 3.3.1 Bamaqaa

**Gilgaala 9: Shaakala Baamaqaa**

Barattoonni himicha keessaa bamaqaalee baasanii akka barreessan taasisi.

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | ishee | 2. | inni |
| 3. | isaan | 4. | ani |
| 5. | of | 6. | kan, san |
| 7. | wal | 8. | ati |
| 9. | kan, koo | 10. | kam |
| 11. | kan | | |

Erga gilgaalicha hojjechiifteen booda hiika bamaqaa ofii isaanii akka yaalan godhi. Sana booda hiika walii gala kenniif. Himni tokko caasaa ittiin ijaaramu qaba. Caaseffama himaa keessatti jechoonni bakka maqaa ykn gaalee maqaa bu'uun tajaajila kennan bamaqaa jedhamu.

### 3.3.2 Akaakuu Bamaqaa

**Akaakuu bamaqaa armaan gaditti dhihaatan sirriitti xiinxaluun barattootaaf haala mijaa'uu danda'utti dhiheessiif. Yoo dalaga qindeessitee haala isaan hubannoo isaanii cimsachuu danda'anitti dhiheessiif.**

Bamaqaan akaakuu garagaraa qaba. Caasaa garagaraas qabaachuu dnanda'a. Haaluma kanaan, bamaqaan akaakuuwwan armaan gadiitti qoodamuu danda'a.

### A. Bamaqaa Dhuunfaa (personal pronoun)

Bamaqaan dhuunfaa bakka matimaatti unka armaan gadii qaba.

| Ramaddii | qeentee | danuu |
|---|---|---|
| 1ffaa | ani | Nu/ nuyi/ nuti/ uni |
| 2ffaa | ati | isin |
| 3ffaa | inni<br>ishiin | isaan |

**Fakkeenya**

1. <u>Ani</u> barsiistuudha.
2. <u>Ati</u> hiriyyaa kooti.

3. Isheen hojjettuu mana kitaabaati.
4. Inni jaarsa kabajamaadha.
5. Nuti barnoota afaan Oromoo barachaa jirra.
6. Isin gilgaala kana gareen hojjettu.
7. Isaan itti gaafatamaa mana barumsichaati.

Jechoonni himoota armaan olii keessatti jalqabarratti dhufan bamaqaalee matayyaa jedhamu. Sababni isaas bakka matimaatti dhufuudhaan tajaajila waan kennanniif. Bamaqaaleen lakkoofsota 1-4tti jalqaba himootaa irratti dhufan qeentee yeroo ta'an kanneen lakkoofsa 5-7tti jalqaba himaa irrratti dhufan ammoo danuudha.

Bamaqaan matayyaa bakka antimaatti unka armaan gadii qaba.

| Ramaddii | qeentee | danuu |
|---|---|---|
| 1ffaa | ana | Nu |
| 2ffaa | si | isin |
| 3ffaa | isa<br>ishii | isaan |

Fakkeenya

1. Qufaan na qabate.
2. Inni si jaalata.
3. Laaqiin isa liqimse.
4. Gufuun ishii rukute.
5. Bokkaan nu xuullesse.
6. Baacaan isin waame.
7. Barsiisaan isaan gorse.

Jechoonni himoota armaan olii keessatti bakka aantima sirrii dhufan bamaqaalee antimaa jedhamu. Lakkoofsa 1-4tti kanneen dhufan qeentee yeroo ta'an kanneen 5-7tti dhufan ammoo danuudha.

Bamaqaan bakka aantima alkallattii unka armaan gadii qaba.

| Ramaddii | qeentee | danuu |
|---|---|---|
| 1ffaa | (a)naa | nuu |
| 2ffaa | sii | isinii |
| 3ffaa | isaa<br>ishii | isaanii |

**Fakkeenya**

1. Harmeen kophee naaf bitte.
2. Abbaan Jamiilaa mana yaalaa ishii geesse.
3. Yoo sirriitti qo'atte barnoonni sii gala.
4. Nuti qarshii isaa buufne.
5. Yuunvaristiin Jimmaa barnootaaf ishii erge.
6. Barsiistuun kitaaba nuuf hirte.
7. Kitaaba hedduu isinii ergan.
8. Bokkaan yeroo isaa eegee nuuf roobe.
9. Obbo Bultiin tajaajila gorsa seeraa isaanii kenne.

Jechoonni himoota armaan olii keessatti jala sararaman bakka aantima mitsirrii / antima alkallattii dhufan. Lakkoofsa 1-5tti kanneen dhufan qeexee yeroo ta'an kanneen 6-7tti dhufan ammoo danuudha.

Bamaqaan akka abbimaatti gargaaramu unka armaan gadii qaba.

| Ramaddii | qeentee | danuu |
|---|---|---|
| 1ffaa | koo | keenya |
| 2ffaa | kee | keessan |
| 3ffaa | isaa<br>ishii | (i)saanii |

**Fakkeenyaaf**

1. Egereen abbaa kooti.
2. Roobsan mucaa keeti.
3. Morodaan barsiisaa isaati.
4. Beektuun haadha isheeti
5. Afaan Oromoo afaan keenya.
6. Inni gamaa dhufaa jiru obboleessa keessani.
7. Jamaal hooganaa isaaniiti.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni

| | | |
|---|---|---|
| koo | kee | isaa |
| ishee | keenya | keessan |

jedhan akka abbimaatti tajaajilani. Akka abbimaatti haa tajaajilan malee kaan unki isaanii bamaqaalee bakkichatti tajaajilan kanaan durarra ilaalleen adda. Kaan ammoo unka tokkollee hindabalanne. Kanaafuu, tajaajila isaaniin malee unkaan addaan baasuu hindandeenyu.

## B. Bamaqaa Ufnaa (Refilexive pronoun)

Wantoonni raawwataman haala garagaraafi namoota garagaraan raawwatamuu danda'u. Kana malees, namoonni ofii isaanii gocha tokko raawwachuu isaaniifi wantoota isa/ishii irratti ta'aniif sababa ta'uu agarsiisuu danda'a. Bamaqaan ufnaa namni tokko gocha tokko ofumaan yoo raawwatu kan uumamu. Himoota armaan gadii akka fakkeenyaatti xiinxali.

**Fakkeenya**

1. Isheen of jajuu guddifti.
2. Bultiin waantoota adda addaa hojjechuun of bulcha.
3. Inni hanqina isaatiin nama of taajjabsiise.
4. Margeen ofiif mana jireenyaa ijaarratte.

Jechoonni himoota armaan olii keessatti jala sararaman bamaqaalee ufnaati. Fakkeenyota kana babal'isuun barattoota keef ibsuu yaaluu qabda.

## C. Bamaqaa Eertoo(Demonstrative pronoun)

Ibsa yaadaa keessatti bakki iddoo olaanaa qaba. Kanaafuu, wantoonni bakka mul'isan yaada ibsamu tokko ibsuufi yookaan agarsiisuuf dhufuu danda'u. Hima Afaan Oromoo keessatti, jachoonni tajaajila kana kennan  jiru. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

| Buusa matimaa | Buusa bu'uuraa | Danuu |
|---|---|---|
| kun | kana/kun | kaneen/kunneen |
| sun/san | sana/sun | sanneen/sunneen |

**Fakkeenya**

1. <u>Kun</u> daree itti barnoota Afaan Oromoo barannu.
2. <u>Sun</u> dirree kubbaa miilaa itti taphannu.
3. Abbaan <u>koo</u> dabtara kana naaf bite.
4. Manni kitaabaa <u>sun</u> bakka itti yeroo boqonnaa keenyaa kitaaba itti dubbisnu.
5. Sangoonni  <u>kunneen</u> kan keenya.
6. Loon <u>sunneen</u> bishaan dhugaa jiru.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala sararaman bamaqaalee eertoodha.

Tajaajilli isaaniis bakka itti waan tokko ta'e mul'isuudha. Bakkawwan isaan mul'isanis dhihoo ykn fagoo ta'uu nimala. Bamaqaaleen eertoo bakkawan dhihoofi fagoo mul'isan akka armaan gadiitti taa'aniiru.

Bamaqqale eertoo wantoota namoota cinaa jiran mul'isan;

Bamaqaalee eertoo wantoota namarraa fagoo ta'an mul'isan

| Bamaqaalee eertoo wantoota namoota cinaa jiran mul'isan | Bamaqaalee eertoo wantoota namarraa fagoo jiran mul'isan |
|---|---|
| kun<br>kana<br>kunneen(danuu) | sun /sana/san<br>sanneen/sunneen(danuu) |

## D. Bamaqaa Iyyaafannoo(interrogative pronoun)

Himoonni akkuma laalima, iyyaafannoo, kkf jedhamanii qoqqoodaman, bamaqaaleenis tajaajila kennaniini eeroo, iyyaafannoo, kkf jedhamanii qoodamu. Kanaan walqabatee, bamaqaalee iyyaafannoo armaan gaditti ilaalla.

Eenyu, kam, maal, yoom, meeqa, hammam

Bamaqaaleen iyyaafannoo kunneen waa'ee namootaa ykn wantootaa gaaffii gaafachuun tajaajila kennu. Hima keessatti bakka qubatanirratti hundaa'anii unka gara garaa qabaachuu danda'u.

**Fakkeenya:**

1. Eenyutu na waame?
2. Kamtu salphata?
3. Dhadhaan kiiloon tokko meeqa?
4. Yoom dhufta?
5. Siidaan Onosmoos eessa ?

Jechoonni jala sararaman bamaqaalee iyyaafannoo jedhamu. Bamaqaalee iyyaafannoo afaan Oromoo keessa jiran barattoonni himoota akka itti ijaaran tasisu. Sirrii ta'uu isaas mirkaneeffadhu.

## E. Bamaqaa Waliyyoo(Reciprocal pronoun)

Namoonni akkuma amalli isaanii ibsu waliin jiraatu. Waan ta'eefis wantoota tokko tokko waliin raawwatu. Amalli akkasii ammoo afaan keessatti nimul'ata. Bamaqaaleen waliyyoos jechoota tajaajila namoonni waliin hojjetan mul'isu. Jechoonni bamaqaa kana jalatti tajaajila kennan kan armaan gadiiti.

Walii, walumaan, wal, waliif, walumaaf, waliin

Fakkeenya

1. Nuti kitaaba Afaan Oromoo kutaa kudha lammaffaa waliin barreessine.
2. Amalli namootaa inni tokko waliin jiraachuudha.
3. Aniifi isheen wal bira teenya.
4. Naanahiifi Bilqiisaan waliin baratan.

## F. Bamaqaa Waliingaa (Relative pronoun)

Afaan Oromoo keessatti jechi “kan” “ishee”fi “isa” jedhaman galumsa adda addaa keessatti tajaajila gara garaa kennu. Fakkeenyaaf, akka bamaqaa waliingaatti gargaaru.

**Fakkeenyaaaf:**

1. Maaykil Jaaksan, mootii Poop kan ta’e, waggaa lama dura kan du’e, lammii Amarikaati.
2. Dooktor Xilaahun, kan kitaaba xiinqooqaa Afaan Oromoon barreessan, ogeessa xiinqooqaati.
3. Kitaabichi, inni ati anarraa ergifattee dubbisaa turte, na jalaa bade.
4. Kennaan jaalalaa, ishiin ati naaf kennite, kan na duraa baddee turte, amma argamteetti.
5. Tulluun Diimtuu, inni magaalaaa Aqaaqii gararraa jiru, biyyoo diimaan keessaa hammaaramaa jira.

Himooti armaan olii ciroowwan hirkatoofi ciroowwan dhaabbatoo of keessaa qabu. Ciroowwan kan lamaan gidduu seenuun kan walitti firoomsan, jechoota jala sararaman, “ishee”, “inni”,fi “kan” fa’i. Jechoonni kun bamaqaa waliingaa jedhamu.

## Barannoo 5: Barreessuu: Sirna Tuqaalee

Kaayyoon shaakala kana barattoonni itti fayyadama sirna tuqaalee sirriitti akka dhuunfataniif gargaara. Barbaachisummaa sirna tuqaalee kanneen jijjiirraa hiikaa fiduu danda’an akka fakkeenyaatti kennuufiin barbaachisummaa isaanii barattoonni akka hubatan taasisi.

### Gilgaala 10: Shaakala Sirna Tuqaalee

1. Oriyuun keenya midhaan kanneen akka xaafii, qamadii, garbuu, boqqolloofi baaqelaa biqilcha.
2. Yoo ciisu akka reeffaa; yoo ka’u akka leencaa.

3 “Yaa jaalallee ko, harka qullaa kaatu moo, harka qubeelaa baatu wayya?” jedhe.
4. Seenaan barattuu kutaa kudha lamaati.
5. Yoon si dhiise nan dhiisin!
6. Kumashiin, barattuun daree keenyaa, bor Finfinneetii dhufti.
7. Otoon rafuu sa’aattii 2 :30 natti ta’e.
8. Shukkaarri kiiloon tokko qar. 13. 75niin gurguramaa jira.
9. Musaan kutaalee 9 - 12tti Afaan Oromoo barsiisa.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Sheekkoon maaliif dandeettiiwwan afaanii babal’isuuf dubbisa filatamaa ta’a ?
2. Barnoota afaanii keessatti beekumsa jechoota gabbifachuun maaliif nama gargaara?
3. Mammaaksa yaadattu keessaa kudhan barreessiiti ergaa isaan dabarsan xiinxali.
4. Gochimaafi gosoota isaa hima barreessuun agarsiisi.
5. Jechoota kudhan yaasa gargaaramuun uumiiti garee jechaa jijjire himi.
6. Akaakuun bamaqaa warra kam fa’i? Fakkeenyaan deggeruun ibsi
7. Sirni tuqaalee kam kam fa’i? Hima keessa galchuun agarsiisi.

## 5. Madaallii

Boqonnaan kun akka barattoonni ogummaawwan garaagaraa horatan taasisuurratti xiyyeeffata. Ogummaawwan kana keessaas ogummaan dubbachuu, ogummaan dubbisuu, ogummaan barressuu, ogummaan jechootaafi ogummaan caaslugaa warra bu’uuraati. Kanaafuu, kaayyoowwan shaakalootaafi gilgaalotaa akka barbaadametti galmaan ga’uu danda’uu kee mirkaneeffadhu. Madaalliin kun ammoo, si’a garaagaraa ta’uu danda’a. Inni tokko barattoonni kee shaakala kenname erga xumuranii booda kan geggeeffamu yoo ta’u inni biraa ammoo, osuma isaan shaakalaa jiran hubachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuf kan geggeeffamudha. Inni kaan ammoo, dhuma boqonnichaarratti madaallii geggeeffamu yoo ta’u tooftaan madaalichi ittiin geggeeffamus garaagraa ta’uu mala.

Tooftaalee madaallii keessaa muraasni gaaffii barreeffamaa, gaaffii afaanii, battalleefi kkf ta’uu danda’u. Hundinuu qabiyyee barattoonni xiinxalan sana akka isaan yaachisuu danda’utti dhiyeessuun geggeeffamuu qabu. Kana jechuun kallatiidhumaan asii fuudhanii achi kaa’uu kan danda’an ta’uu hinqabu. Qabanni isaa jireenya dhugaa keessatti wanti hundi qophaa’aa ta’ee kan dhiyaatu ta’uu waan hindandeenyeef. Ogummaa jarri baratan hundumaa madaaluuf tooftaa ga’umasa qabu ta’uuti irra jiraata.

# BOQONNAA 8: GABATEERRAA ODEEFFANNOO DUBBISUU
## WAYITII : 9

## Seensa

Boqonnaa kana keessattis barattoonni ogummaawwan adda addaa gabbiftu. Jalqaba boqonnichaatti mata-duree “Baay’ina Barattota Oromiyaa” jedhu jalatti odeeffannoo gabateerraa qaaccessu. Ragaalee gabatichaarratti hundaa’uun kanneen lakkoofsaan, gabateefi giraafiidhaan taa’an gara himaafi keeyyataatti jijjiiru. Garee gareetti qoodamuun baay’ina barattootaa mana barumsaa isaanii qaama mana barumsichaa kan dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun odeeffannoo sassabanii dareetti dhiyeessu. Barannoo caaslugaa jalatti ibsa gochimaafi gosoota isaatu dhihaata. Kana malees, maalummaafi faayidaa otoolaafi otooltaa’arratti nixiyyeefatama. Himoota keessattis fayyadamani agarsiisu.

## 1. Kaayyoo: xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Odeeffannoo gabateerraa dubbisanii qaaccessu.
- Ragaalee lakkoofsaanfi giraafiin taa’an gara himaafi keeyyataatti jijjiiru
- Ibsa gochimaafi gosoota isaa himu
- Maalummaafi faayidaa otoolaafi otoolta’a himu

## 2. Qabiyyee

- Dubbisuu
- Ogummaa Caaslugaa:
- Ibsa Gochimaafi Gosoota Isaa
    - Ibsa Gochimoota Yeroo
    - Ibsa gochimoota Iddoo
    - Ibsa Gochimoota Akkaataa
    - Ibsa Gochimoota Meehsaa
- Maalummaafi Faayidaa Otoolaafi Otoolta’a

## 3. Mala baruu-barsiisuu.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Dhaabbata tokko keessatti ragaa qindeessanii kaa'uun wantoota hedduuf nama gargaara. Fakkeenyyaaf, yeroo barbaadamutti odeeffannoo barbaachisu argachuuf nama fayyada. Namni haarawaanillee yoo dhaabbata sanatti ramadamee dhufe odeeffannoo barbaadu salphaatti argachuu danda'a. Haaluma wal fakkaatuun, baay'ina barattootaa yeroo yeroon kaa'uun baay'ina daa'immaniifi dargagootaa umrii isaanii barnootaaf gahe hammamtu akka barumsa hordofaa jiru, hammamtu ammoo otoo hinbaratiin akka hafe, hammamtu akka addaan kute addaan baasuuf nama gargaara. Kana malees, saala (koorniya) waliin wal qabatee garaagarummaa jiru addaan baasaniirratti hojjechuuf nama gargaara. Barbaachisummaa ragaa ol kaawwachuu aramaan olii yoo barbaachisaa ta'e yaada kee itti dabaluun barattootaaf dhiheessiiti yaada gara ragaalee gabateerraatti isaan geessuu danda'an akka burqisiisan taasisi.

1. Baay'ina barattoota daree isaanii akka himan taasisi.
2. Saala isa kamtu irra caalaa baay'ee akka ta'e akka himan godhi.
3. Yoo kan beekan ta'e akka himan; yoo hinbeekan ta'e garuu akka tilmaamaniif jajjabeessi.

Gabatee kitaaba barataarratti dhihaate keessatti baay'ina barattoota sadarkaa lammaffaa (9-12), kan bara 2003 waggaa waggaaniifi saalaan addaan bahee taa'eera. Barattoonni odeeffannoo gabatichaarratti hundaa'nii gaaffilee armaan gadii akka deebisan taasisi.

### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni waan hojjetan sammuutti qabatanii akka dubbisuutti seenaaniif gargaara. Gaaffileen kunneenis gadi fageenyaan dubbisuu waan hinbarbaanneef takkaa odeeffannoo gabaticharraa yoo dubbisan hojjechuu nidanda'u. Otoo dubbisicha hindubbisiin dura akka isaan gaaffilee kana dubbisanii qalbiitti qabatan itti himi. Yeroo duubbisanis gaafilee kana deebisuuf akka dubbisan yaadachiisi.

Deebbiin isaanii kanneen armaan gadii waliin tokko ta'uu isaanii mirkaneeffadhu.

1. Magaalaa Adaamaa, 12441
2. Arsii, 68509
3. Gujii, 108
4. Naqamtee
   dhiira: 1973
   dhalaa: 1827

   Shaashammannee
   dhiira: 2995
   dhalaa: 2496

**B.** Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni odeeffannoo gabateerraa akka irra deebi'anii xiinxalan gochuuf. Kanaafuu, ragaa gabateerratti kennamerratti hundaa'anii gaaffilee armaan gadii "soba" ykn "dhugaa" jechuun akka deebisan taasisi.

1. soba
2. dhugaa
3. dhugaa
4. soba
5. dhugaa

**C.** Baay'ina barataa ibsuuf lakkoofsota kennaman kanneen armaan gadii gara jechootaatti jijjiiranii odeeffannoo akka kennan godhi.

1. Baay'inni barattootaa kutaalee sagalii hanga kudha lamaa kan Horroo Guduruu Wallaggaa, kuma digdamii shaniifi dhibba shaniifi torbaatamii sadiidha.
2. Baay'inni barattootaa kutaalee arfanii(9-12) kan magaala Shaashamannee kuma kudha lamaafi saddetamii sadeeti.
3. Baay'inni barattootaa sadarkaa lammaffaa kan guutuu Oromiyaa, kuma dhibba jahaafi digdamii torbaafi dhibba afuriifi digdamii jaha.
4. Baay'inni barattootaa dubaraa kutaalee arfanii kan Shawaa Kaabaa kuma kudha tokkoofi dhibba sagaliifi digdamii ja'a.
5. Baay'inni barattootaa kutaalee sagalii hanga kudha lamaa kan magaala Bishooftuu, kuma sagaliifi dhibba sagaliifi afurtamii torba.

**D.** Baay'inni barattootaa garaa garummaa kuma kuma shaniin gabatee irratti barattootaaf kennameera. Garagarummaa baay'ina barattootaa dhiiraafi dhalaa

kan godinaalee arfanii giraafii kaasuun akka agarsiisan taasisi. Kan saala dhalaa haaluu gurraacha akka diban godhi.

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisa Boodaa**

Kaayyoon dalagaa kanaa barattoonni waajiraalee gara garaa quunnamuun akkaataa odeeffannoo itti funaanan akka shaakalaniif. Kanaafuu, duraan dursee garee baratаа ja'a ja'a qabutti barattoota qoodi. San booda, kutaalee sagal, kudhan, kudha tokkoofi kudha lama keessatti baay'inni barattootaa hammam akka ta'e odeeffannoo akka sassaaban godhi. Gabaasa yeroo barreessan barattoota saalaan akka addaan foo'an itti himi.

## Barannoo 2: Caasluga

**Caasaa hima tokkoo keessatti gareen jechoota garee jechoota kaan ibsuuf tajaajilan jiru. Fakkeenyaaf, gareen jechaa maqaa ibsuuf tajaajilu jira. Gareen jechaa kun ibsa maqaa jedhama. Haaluma walfakkaatuun gareen jechaa gochima ibsuuf fayyadu ibsa gochimaa jedhama. Kutaa kana jalatti, garee jechaa ibsa gochimaa ilaalla.**

## 2.1 Ibsa Gochibootaafi Gosoota Isaa

### 2.1.1 Gochibsaa

**Gilgaala 4: Shaakala Gochibsa**

A. Deebbiin barattoonni kennan kanneen armaan gadii waliin tokko ta'uu mirkaneeffadhu.

| | |
|---|---|
| 1. daddafee. | 2. bara dhufu yoona |
| 3. magaala+-tti | 4. dafee |
| 5. konkolaataa+-n | 6. rasaasaa+-n |
| 7. gaachanaa+-n | 8. akka abiddaa |
| 9. Dirree Dhawaa | 10. ganama ganam |

B. Gachibsoota addaan baasan keessaa jechoonni garee gochibsa yeroo, iddoo, akkaataa ykn meeshaa agarsiisan isaan kam akka ta'an akka himan taasisi.

a. Ibsa gochimoota yeroo: bara dhufu yoona, ganama ganam

b. Ibsa gochimoota iddoo: magaalatti, Dirree Dhawaa

c. Ibsa gochimoota akkaataa: daddafee, dafee, akka abiddaa

d. Ibsa gochimoota meeshaa: konkolaataan, rasaasaan, gaachanaan

### 2.1.2 Gosoota Gochibsaa

Kaayyoon dalagaalee mata-duree kana jalaa barattoonni ofiin waan tokko akka duraan dursanii yaalan gochuuf. Tarii deebii sirrii ta'e kennuu dhiisuu danda'u. Dogoggora isaan godhaniif obsa qabaachuu qabda. Sababni isaa dogoggora isaaniirraa booda yoo deebii sirriin kennameefii baratu waan ta'eef. Erga isaan yaalanii booda, deebii sirrii ta'e kennuufiin yoo barbaachise fakkeenyaafi ibsa dabalataa kennuufiin akka hubatan gochuuf yaali. Isaanis himoota ibsa gochibsoota itti gargaaramuun akka ijaaraniif jajjabeessi.

**Gilgaala 5: Gochibsa Yeroo**

**Deebiin barattoonni kennan kanneen armaan gadii waliin tokko ta'uu isaanii mirkaneeffadhu.**

1. Wiixata, Roobiifi Jimaata
2. bara baraan
3. har'aa bor
4. amma
5. ganamaa galgala

Gosni ibsa gochima kanaa gochi tokko yeroo ykn ennaa itti ta'e kan mul'isu. Gosti ibsa gochimaa kanaa gaaffii "yoom" jedhuuf deebii kenna. Isaanis bor, ifataan, Jimaata, har'a, kaleessa, dur dur, bara baraan, yeroo kanatti, takka takka, guyyaa guyyaatti kkf.

**Gilgaala 6: Gochibsa Iddoo**

Jechi yookaan gaaleen gochibsoota iddoo gilgaala 9 kitaaba barataarratti kennamanii kanneen armaan gadiiti.

1. mana
2. biyya alaa
3. Yuunivarsitii Jimmaatti
4. galma magaalaa Naqamteetti
5. Bulee Horaatti

Gochibsooti iddoo bakka itti wanti tokko ta'e kan mul'isu. Jechoota gochibsaa addaan baafachuuf gaaffii 'eessa" jedhu gaafachuu dandeenya. Deebiin gaaffichaas jechoota ykn gaalee gochibsaa iddoo ta'u jechuudha.

**Gilgaala 7: Gochibsa Akkaataa**

Jechi yookaan gaaleen gochibsaa akkaataa gilgaala 10 kitaaba barataarratti kennamanii kanneen armaan gadiiti.

1. daddaftee
2. qajeelchee
3. suuta suuta
4. ariitiin
5. akka waraabessaa, akka namaa

Gochibsa kanaa haala itti wanti tokko raawwate kan ibsu. Hima tokko keessatti jechi yookaan gaaleen gaaffii "akkamitti?" jedhiif deebbii kennu ibsa gochima akkaataa jedhama.

**Gilgaala 8: Gochibsa Meeshaa**

Jechi yookaan gaaleen gochibsaa meeshaa gilgaala 11 kitaaba barataarratti kennamanii kanneen armaan gadiiti.

1. fardaan
2. eeboon
3. fal'aanaan
4. xiyyaaraan
5. funyoon

Meeshaaleen wantoota garagaraa ittiin tajaajilamnu jiru. Haaluma kanaan raawwii yookaan ta'umsa tokko meeshaa ittiin raawwatameen yeroo ibsinu gochibsaa meeshaa jedhama. Jechoonni yookaan gaaleen gochibsaa kun gaafii "maal?" jedhu kanneen deebisani.

## 2.2 Maalummaafi Faayidaa Otoolaafi Otoolta'a

Dhalli namaa akkuma wantoota qabatamaa waliif dabarsu, haalota sababaafi bu'aarratti hundaa'anii ta'aniifi ta'uu danda'anis waliif ibsa. Haalonni kun sabab-irratti hundaa'anii ta'uu danda'u; hawwii ibsachuuf jedhamuu nidanda'amu; yookaan ammoo waan cira ta'uu hindandeenye ibsuufis gargaaramamu. Fakkeenyaaf, waan cira ta'uu hindandeenye ibsuuf mammaaksa Oromoo keessatti, "Otoofi eegeen booda dhufti," jedhama. "Otoon", akka mammaaksa kanaatti wanta hawwan tokko ykn wanta darbee deebisuu hindandeenyeef gaabbii ofii ibsachuuf itti gargaaramna.

**Gilgaala 9: Shaakala Ciroowwan Addaan Baasuu**

Himoota armaan gadii keessatti ciroon jala sararame ciroo otoolaafi ciroo

dhaabbataa ta'uu isaa addaan baasi.

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | ciroo hirkataa | 2. | ciroo dhaabataa |
| 3. | ciroo hirkataa | 4. | ciroo hirkataa |
| 5. | ciroo dhaabataa | 6. | ciroo hirkataa |
| 7. | ciroo dhaabataa | 8. | ciroo hirkataa |

Ciroon jechoota "yoo"fi "otoo" jedhuun jalqabe ciroo otoolaa yoo ta'u, ciroon hafe ciroo dhaabataadha. Ciroon otoolaa yaada rarra'aa ta'e yoo qabatu, yaanni yookiin gochi ciroon dhaabataan raawwatamuufi raawwatamuu dhiisuun isaa kan ciroo otoolaarratti hundaa'a. Ciroon otoolaa akaakuu sadii qaba. Isaanis: a. kan ta'uu danda'u, kan ta'uuf hawwan(hawwii)fi kan ta'uu hindandeenye qabachuu danda'a.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebi'ii

1. Ragaa waajira ykn dhaabbata tokkoo sassaabanii qindeessanii kaa'uun maaliif barbaachisa?
2. Ragaa lakkoofsaafi barreeffamaan(fakkeenyaaf keeyyataafi barreeffama dheeraan) taa'u gidduu garagarummaan jiraa?
4. Barreefama, lakkoofsa, gabateefi giraafii keessaa isa kamtu raga irra caalaa namaa olkaa'uu danda'a?
5. Gochima jechuun maal jechuudha?
6. Gosoonni gochimaa maal maal fa'i?
7. Ciroo otooltaa gargaaramuun waan hawwitu tokko barreessi.

## 5. Madaallii

Barattoonni kutaa kudha lamaa bara itti aanuu kaasee barnoota olaanaa seenuu danda'u. Adeemsa ol deeman kan keessatti ragaaleefi odeeffannoo haala gabatee dubbisa jalatti dhiyaateen ykn sanaa ol walxaxaa kan ta'e xiinxalanii qaaccessuutu isaanirraa eegama. Shaakalli dubbisarratti shaakalsiifte kaayyoo kana hanga tokko fiixaan baasuu isaa madaali. Fakkeenyaaf, ragaalee lakkoofsaan, gabateeniifi giraafiidhaan taa'an gara barreeffamaafi kan barreeffamaa ammoo gara lakkoofsaa, gabateefi giraafiitti jijjiiruu dandaa'uu isaanii mirkaneeffadhu. Ibsa gochimaafi gosoota isaa addaan baasuu danda'uufi hima keessaatti

itti gargaaramu isaanii madaali. Otoolaafi otoolta'a hima keessatti galchanii barreessuu isaanii mirkaneeffadhu.

Ogummaa dubbisuu, ogummaa barressuu, ogummaa jechootaafi ogummaa caaslugaa warra bu'uuraati. Kanaafuu, kaayyoowwan shaakalootaafi gilgaalotaa akka barbaadametti galmaan ga'uu danda'uu kee mirkaneeffadhu. Madaallii kun ammoo, si'a garaagaraa ta'uu danda'a. Inni tokko barattoonni kee shaakala kenname erga xumuranii booda kan geggeeffamu yoo ta'u inni biraa ammoo, osuma isaan shaakalaa jiranii hubachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuf kan geggeeffamudha. Inni kaan ammoo, dhuma boqonnichaarratti madaallii geggeeffamu yoo ta'u tooftaan madaalichi ittiin geggeeffamus garaagraa ta'uu mala.

Tooftaalee madaallii keessaa muraasni gaaffii barreeffamaa, gaaffii afaanii, battalleefi wkf ta'uu danda'u. hundinuu qabiyyee barattoonni xiinxalan sana akka isaan yaachisuu danda'utti dhiyeessuun geggeeffamuu qabu. Kana jechuun kallatiidhumaan asii fuudhanii achi kaa'uu kan danda'an ta'uu hinqabu. Qabanni isaa jireenya dhugaa keessatti wanti hundi qophaa'aa ta'ee

# BOQONNAA 9: OG- WALALOO :

## WAYITII: 10

## Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni barruuwwan og-walaloorratti hundaa'uun ogummaa afaanii gabbifatu. Jalqaba boqonnichaatti walaloo dhaggeeffatanii shaakalawwan dhaggeeffachuu dalaguun ogummicha gabbifatu. Barannoo itti aanutti walaloo mata-dureen isaa "Biilko" jedhu dubbisuun shaakalawwan dubbisuu hojjetu. Itti aansee maalummaa walaloo ruuqota(caacculee)fi amala isaarratti hubannoo barbaachisaa ta'e argatu. Hubannoon isaan qabaatan akka isaan walaloo dubbisuu, hiikuufi madaaluu danda'aniif isaan gargaara. Hiika jechootaas akka galumsaatti tilmaamuu shaakalu. Himoota keessatti saabooqoo, sorgoofi sokoo addaan baasu. Kun ammoo, dubbii godhan ykn godhamu keessatti akka isaan itti fayyadamaniif isaan gargaara.

## 1. Kaayyoo: xumura barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- Faayidaa og-walaloo ni himu.
- Hiika jechootaa galumsa isaarratti hundaa'anii ijaaru.
- Amalootaafi ruuqota walaloo maal maalessu.
- Jechootatti fayyadamuun cigoo ijaaru
- Cigoo keessaa saabbooqoo, sorgoofi sokoo addaan foo'u.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuu
- Dubbachuu
- Hiika Jechootaa
- Og-barruu
- Maalummaa Og-walaloo
- Amala Og-walaloo
- Ruuqolee Og-walaloo
- Saabbooqoo, Sorgoofi Sokoo

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Barattoonni minjaala tokkorra taa'an gaaffilee sadan akka mar'atan godhi. Tarii deebiin isaanii tokko ta'uu dhiisuu ni danda'a. Ta'ullee akka yaada walii wal kabajaa walirraa fudhatan itti himi.

1. Gaaffii kanaaf qaamolee namaa keessaa kanneen akka onnee, sombaa, sammuu jechuun kennu danda'u. Ati garuu kayyoon kee gara mata duree dubbisuuf jirtuu "Sammuu"tti isaan fiduu waan ta'eef sammuu jedhi. Sababni isaa onnees, sombas kan to'atuu danda'u saammuu waan ta'eef jechuu dandeessa.
2. Yeroo baay'ee qaama kana jalaa wanti dhokatu akka hinjirre itti himi.
3. a. delaqxe- haboottattee rukutte.
   b. gidirsu- rakkisuu, boqonnaa dhorkuu.
   c. furguggaatee- gatantaree, dhaabachuu dadhabee bitintire.

### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

**Barattoonni dhaggeeffataa bakkawwan duwwaa walaloo "sammuu" jedhu akka guutan itti himi.**

**Sammuu**

Sammuu jedhu- qaama dhibee
Kan delleqxu- akka dibbee
Bilbiltuutu-marmee ciisa
Eeboo caala-of gidirsa
Xeeba caalaa-qaama harkisa
Of caccabsee-of rakkisa.
Gadi hintaa'u – ni barrisa
Yaada horee-yaada tumsa.
Yookaa faallaa-of bobbaasa
Mirgaafi bitaan- gad of yaasa

Yaa'ee yaa'ee- yaa'ee deema
Diida laalee-keessatti hima
Dhuma hinqabu yeroo hundumaa
Sammuu jedhu-mootii qaamaa

Ofii yaadee-of tilmaama.

Sammuu…
Madda ergaa-madda yaadaa
Hawwii yaabee-offif badaa.

Hawwee hinquufu
Dhabee hinciisu
Shillib jedhee hinlakkisu
Har'a argateef hincallisu.

Boriif jecha-furguggaataa
Hawwii dhalchee-hawwii baataa
Galaanarraa-abbuuqataa
Samii yaabee-ol hiixataa
Biiftuu irratti-nyaata nyaataa
Qilleensarratti- of taattiraa
Meeqa of qoodee-meeqa of hiraa.

Sammuu- sammuu- sammuu- sammuu
Ofii malee namaaf hinsarmu
Fedhiif malee 'abboomamu
Fiiga malee hinargamu
Sammuu jedhu maqaa qaba
Qaamaan xiqqoo yaadaan arba
Utuu taa'uu balali'a
Irribarraa nama ar'a.

## Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni dandeettii jechoota haaraa galumsa dubbisa dhaggeeffatanirraa akka tilmaaman ykn hojjetan gochuudha.

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. b | 2. g | 3. d | 4. e |
| 5. c | 6. a | 7. f | |

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffilee kana, barattoonni, jalqaba akka dhuunfaa dhuunfaa isaaniittiin yaalan; sana booda ammoo akka lama lamaan dalagan itti himi. Barataan hundi sirriitti irratti hirmaachuu isaa hordofi. Sana booda, waan hojjetan daree walii galaaf akka himan taasisi.

1. Gaaffiin kun muuxannoo barattoonni qabanirratti hundaa'a. Yoo muuxannoo isaa hinqaban ta'e hindhiphisiin. Gaaffi itti aanutti darbanii haa hojjetani.
2. Muuxannoon gaaffii kana barattoonni tokko tokko kan isaan hinmudanne ta'uu danda'a.
3. Gaaffiin kun aadaan eebbaa uummata Oromoo keessatti bakka guddaa qabaachuusaa akka yaadan godha. Yoo hinbeekanillee ta'e, walaloon itti aanuu waa'ee maalii akka ta'e akka tilmaaman taasisi.

### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Kaayyoon shaakala kanaa barattoonni waan hojjetan sammuutti qabatanii akka dubbisuutti seenaaniif gargaara. Kun ammoo barattoonni kaayyoo tokko ykn dalaga tokko malee yeroo dubbisan callisanii kanaaf sana qabanii akka gadhisan isaan godha. Gaffileen kunneenis gadi fageenyaan dubbisuu waan hinbarbaanneef takkaa odeeffannoo gabaticharraa yoo dubbisan hojjechuu nidanda'u. Otoo dubbisicha hindubbisin dura akka isaan gaaffilee kana dubbisanii qalbiitti qabatan itti himi. Yeroo dubbisanis gaaffilee kana deebisuuf akka dubbisan yaadachiisi.

1. Torba qaba
2. Yeroo gaarii dabarsu
3. Yeroo waliin turan wantoota gaggaarii waliin dabarsan seenessa
4. Gorsaafi eebba, yaada gaarii qabaachuufii isaa agarsiisa.
5. Bo'oon tokkoffaan isa sadaffaa waliin kan mana rukutu yoo ta'u; inni lammaffaa ammoo isa arfaffaa waliin mana rukuta.
6. Buufanni ja'affaan bo'oo ja'a qaba.

### Gilgaala 6: Shaakala Dubbisa Boodaa

Kaayyoon dalaga kanaa barattoonni hanga tokko walaloo xiinxaluu akka yaalan gochuufi. Yeroo hedduu, walaloon yaanni isaa hedduu dhokataa kan hinxiinxalamne jedhamee yaadamuu danda'a. Garuu, sadarkaa salphaatii gara ulfataatti deemaa yoo xiinxalan akka xiinxaluu walaloo kan nama gammachiisu

hinjiru. Barattoonnis akka shaakalaniif sirriitti hojjechiisi. Jajjabeessis.

1. Jireenya yeroo baay'ee cimdiilee faallaa walii ta'aniin kan guutamte. Cimdiileen kun ammoo wal dhiibuufi wal dhiituu irraa bilisa hinta'ani.

   Fakkenyaaf:

   waliin ta'uu/adda bahuu

   halkan/guyyaa

   dukkana/ifa

   du'a /jireenya

   tulluu/dirree

   orma/fira

   Jechoonni "tulluu/dirree, orma/ fira" cimdiidhaan dhufan jireenya namfakkoota maqaan hindhahamiinii kanneen takkaa waliin ta'anii sana booda addan bahanii ibsuuf dhufe.

2. Namni gara kuteessa jechuun oo'a hinqabu jechuu miti. Jarreen lamaanuu jireenya nama tokkoo keessatti haal itti mul'atan qabaatu. Kan nama tokko goota taasisu, wantoota haqa ta'anirratti gara kuteessa ta'ee namummaan ammoo isheen/inni akka oo'a qabaattu/qabaatu yeroo taasisu arguudha. Wanti gaddisiisaan goota tokko kanneen kuffisan keessaa tokko diinni isaa yoo oo'a qabaachuu isaa bare gaarummaa dhuma isaa kanaan sakalee isa kuffisuutiin.

3. Bakkichi yadaannoo isa heddu mi'aawaa ta'e wajjin hedduu waan walitti hidhateeruuf ifatti maqaa dhahe.

## Baarannoo 3: Amalaafi Ruqoolee Walaloo

### Gilgaala 7: Jechamoota

Himoota armaan gadii keessatti jechoota sabbooqoo sookoofi soorgoo of keessatti qabatan baasuun hiika isaanii akka barreessan erga taasiftee booda deebin isaanii kanneen armaan gadii waliin tokko ta'uu mirkaneeffadhu.

1. mataa namaa dhoofti.

   sabbooqoo: mataa namaa

   Sorgoo: rifeensa mataa namaa dhoofti

   sokoo: jechaan sammuu namaa tuqxi

2. lafa

   sabbooqoo: lafa

   sorgoo: dachee

   sokoo: garraamii, oo'a qabeessa, tolaa ta'e

3. ciree
   sabbooqoo: ciree
   sorgoo- kutee
   sokoo- nyaata ganama nyaaatamu
4 simbira
   sabbooqoo: simbira
   sorgoo: kaattuun balaliitee dhufte
   sokoo: isheen isin bira taatee
5. gurra
   sabbooqoo: gurra
   sorgoo : na dhaggeeffate
   sokoo: qaamaa keessaa gurra naaf ergise

### 3.1 Amalaafi Ruuqoolee Og-walaloo

Odeeffannoon tokko barsisumarraa callisee kan barattoottaatti fe'amu ta'uu hinqabu. Isaanis, odeeffannoo mata-duree tokkoorratti yaada ofii isaanii kan maddisiisan ta'uu qabu. Kun ammoo, dalaga tokkorratti waa gumaachuu danda'anuu isaaniin itti hirmaannaan akka isaanitti dhagahamuuf isaan gargaara. Waan kana ta'eef, yoo isaanitti ulfaatellee akka yaalan jajjabeessi. Achiin booda, amalootaafi ruuqolee walaloo kitaaba gargaaraa barsiisaa irratti dhufe kana barattoota hubachiisi. Yeroo hubachiiftu fakkeenyota adda addaa fudhadhu.

#### 3.1.1 Walaloon Maal?

Hayyoonniifi qeeqxonni og-barruu haala gara garaan walaloo ibsuuf yaalaniiru. Kaan, walaloon jechoota guyyaa guyyatti dubbataman itti fayyadamuun jechoonni sun humnaa ol akka dubbatan taasisuudha jedhu. Kana jechuun, akkaataan itti fayyadama isaanii haala adda ta''eefi humna adda ta'e akka qabaatan gochuu jechuudha. Hayyoonni tokko tokko ammoo walaloon, muuxannoo gammachiisaa ykn gaddisiisaa kan yeroo muraasaa haala muraassa keessatti jechoota muraasaa ta'aniin waan hedduu ibsaniin barreessuudha jedhu. Kaan ammoo muuxannoo, mudannoofi dhageettii nama keessatti ukkaamamee dhohuuf jedhu jechaan waraqaarratti barreessuun afuura baafachuu jechuudha jedhu.

**Gilgaala 8: Shaakala Ruuqoolee Walaloo**

1. Rukuttaa, dhikkisa, safara, dubbiiwwan qoolaa kanneen akka mallattoo qabaachuu isaa fakkeenya fudhadhuuti itti agarsiisi. Fakkeenyaaf, sirna boraafadhee"

gaaleen jedhu mallattoo dachee-Oromiyaa ta'uu nidanda'a.

2. Amaloonni gaaffii tokkooffaa jalatti tarreessifaman walaloon tokko akka nama harkisu gochuu danda'u.
3. Amaloota walaloo armaan olitti ibsaman maal maalessuu isaanii mirkaneeffadhu. Yoo kan hinbeekne ta'e ibsi.
4. Amaloota walaloo armaan olitti ibsaman maal maalessuu isaanii mirkaneeffadhu. Yoo kan hinbeekne ta'e ibsiifii.
5. Sagalee "yaa" jedhurratti kan gadi bu'u (___) yoo ta'u, " 'ee " kan jedhurratti garuu ol ka'a. Kanafuu caaseffafmni isaa: __ / __/ __/ fi /___ ta'a jechuudha. Sararri dalgaa (___) sagalee gadi bu'u yoo agrsiisu, sarrarri olii (/) sagalee ol ka'uu agarsiisa. Ol ka'ee gadi bu'uun, ol ka'ee gadi bu'uun caasaffamuun sagaleelee yaa'a walaloo tokkoo ibsa.

**Gilgaala 9: Walaloo Barreessuu**

Gaaffiiwwwan armaan gadii akka hojjetan taasisi.

1. a. akkasaa b. Nameessaa
   c. bakkasaa d. arbeessa
   e. saaduu(habalaka)
2. a. kaleessa, har'aafi boor
   b. hawwiin dhaabbii qaba jedhanii falmuu nidanda'u hinqabus jedhanii falmuu ni danda'u.
3. Walalaloo gabaabaa tokko barreessanii akka dubbisan taasisi.

### 3.1.2 Ruuqolee Walaloo

Walaloon gosoota og-barruu kaanirraa kan adda isa taasisu amala adda adda qaba. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

A. Filannoo jechootaa

Akkuma hiika armaan oliitti ibsuuf yaalame, walaloo keessatti jechoonni humnaa ol itti gargaaramamu. Jechi lafa bu'u walaloo keessatti hinjiru. Kana jechuun,

jechi tokko, kan kanaan dura afaanicha keessatti ibsuun ala hiika addaa fe'achuu danda'a. Kanaafuu jechoonni filataman humna dhageettii keessa namaa, dhikkifannaa jireenya namaa keessaa, miixuu dhala namaa, wkf kanneen ibsan ta'uu qabu. Yookaan akka ibsuu danda'anitti kalaqamu.

B. Rukuttaa(rhyme)

Rukuttaan xumura toorawwan walaloo lama yookaan isaa ol sagalee tokko ta'aniin ykn walfakkaatanii yoo xumuraman sagalee uumamu. Amalli kun walaloon miidhaga addaa akka qabaatu taasisa. Sagaleen muuziqaas akka uumamu godha. Kanaaf, walaloon humna namoota ofitti harkisu qabaata. Fakkeenya armaan gadii keessatti sagaleele walfakkaataa xumura toorawwaniirratti dhufan xiinxali.

Sammuu jedhu- qaama dhi**bee**
Kan delleqxu- akka di**bbee**
Bilbiltuutu-marmee cii**sa**
Eeboo caala-of gidir**sa**
Xeeba caalaa-qaama har**kisa**
Of caccabsee-of ra**kkisa**.
Gadi hintaa'u – ni barri**sa**
Yaada horee-yaada tum**sa**.
Yookaa faallaa-of bobbaa**sa**
Mirgaafi bitaan- gad of yaa**sa**

Akkuma buufata walaloo armaan oliirratti ilaauun danda'amu, sagaleeleen /b/fi /e/ torawwan tokkoofi lamarratti dhufaniiru. Sagaleen /b/ toora lammaffaatti jabachuu malee garaagarummaa tokkollee hinqabani.Sagaleeleen /k/, /i/, /s/fi /a/ illee toora sadii hanga afuriitti; /s/fi /a/n toorawwan torbaa hanga kudhaniitti tokkuma. Sagaleeleen haal kanaan yoo xumura walalootti dhufan rukuttaa uumani jenna. Rukuttaan, egaa amala walaloo keessaa isa tokko.

C. Dhikkisa(Rhythm)

Sagaleeleen wal fakkaatan toora tokko keessatti dhufuu danda'u. Akkuma onneen dhikkisa walirraa hincinne taasisu, sagaleeleen kunneenis akkasuma godhatu. Fakkenya armaan gadii xiinxali.

Yaa'ee yaa'ee- yaa'ee deema
Diida laalee-keessatti hima
Dhuma hinqabu yeroo hundumaa
Sammuu jedhu-mootii qaamaa
Ofii yaadee-of tilmaama.

Buufata armaan olii keessatti sagaleelee /y/, /a/, /e/, toora tokkoffaa keessatti; sagaleelee /y/fi /a/ toora tokkoffaafi shanaffaa keessatti xiinxali. Kana malees,

toora tokkoffaa jecha ‘yaa’ee” jedhuuf toora lammaffa keessatti “jecha “laalee” jedhu yoo xiinxalte, birsaga /yaa/fi /laa/ irratti sagaleen namaa yoo gadi bu’u, /’ee/fi /lee/ irratti ol ka’a. Toora tokko keessatti qofaa osoo hinta’iin sagaleelen wal fakkaatan buufaticha keessatta bakka gara garaatti dhufanii dhikkisa uumuu ni danda’u.

D. Safara(meter)

Safarri toora walaloo tokko keessatti ol ka’uuf gadi bu’uu sagalee irratti xiyyeeffata. Baay’inni caaseffama ol ka’uufi gadi bu’uu toora walaloo keessatti lakkaa’amuu danda’a. Mee toora walaloo tokkoffaa rukuttaa jalatti dhufe ilaali. Yommuu ilaallu birsaga birsagaan qoonnee ilaalla.

Yaa’ee yaa’ee- yaa’ee deema

Toora walaloo kana keessatti jalqaba birsagaa irratti sagaleen namaa gadi yeroo bu’u, birsaga lammaffaa irratti garuu ol ka’a. Akkasitti toorri walaloo tokko safara meeqa meeqa akka qabu lakkoofsaan agarsiisuun ni danda’ama.

E. Dubbiiwwan qoolaa

Walaloon gabaabaa waan ta’eef jechoota hedduutti dhima hinbahu. Jechoota muraasaan waan hedduu jechuutu filatama. Kanaaf ammoo dubbiiwwan qoolaa hedduu barbaachisoodha. Kanaafuu, dubbiiwwan qoolaa kanneen akka fakkii(imagery), fakkinaa(analogy), iddeesaa(metaphor),mallatummaa(symbole), nameessaa(personification), walqabsiisuu(allusion), habalaka(irony) walaloon hedduu itti fayyadama.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Maalummaa walaloo hima tokkoon gabaabsii barreessi.
2. Walaloo isa jalqabaa keessatti jechoota “sammuu” addeessuuf barreessichi itti gargaaramerraa. Walaloo keessaatti gaheen jechootaa suuraa sammuu nama dubbisuu keessatti kaasuu hagam?
3. Walaloo buufata lama qabu tokko barreessii barattoota dareekeef dubbisi.
4. Ruuqoleen og-walaloo maal maal fa’i? Fakkeenya kennuun agarsiisi.
5. Himoota cigoo shan bareessuun saabooqoo, soorgoofi sookoo isaa baasii

barreessi.

## 5. Madaallii

Boqonnaan kun barattoonni ogummaa walaloo dubbisuu, qaaccessuu, hiikuufi madaaluu akka horatan taasisuurratti xiyyeeffata. Ogummaawwan kana keessaas ogummaa dubbisuu, ogummaa jechootaa (saabboqoo, sookoofi soorgoo), ogummaa barreessuu warra bu'uuraati. Kanaafuu, kaayyoowwan shaakalootaafi gilgaalotaa akka barbaadametti galmaan ga'uu danda'uu kee mirkaneeffadhu. Madaallii kun ammoo, si'a garaagaraa ta'uu danda'a. Inni tokko barattoonni kee shaakala kenname erga xumuranii booda kan geggeeffamu yoo ta'u inni biraa ammoo, osuma isaan shaakalaa jiranii hubachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuf kan geggeeffamudha. Inni kaan ammoo, dhuma boqonnichaarratti madaallii geggeeffamu yoo ta'u tooftaan madaalichi ittiin geggeeffamus garaagraa ta'uu mala. Keessumattuu barattoonni og-walaloo hiikuun hindanda'amu, niulfaata jedhanii waan yaaduu danda'aniif, yaada dogoggoraa kana kan dhabamsiisuu danda'u shaakalaafi madaallii sadarkaa garagaraatti kennuun barbaachisaadha.Tooftaalee madaallii keessaa muraasni gaaffii barreeffamaa, gaaffii afaanii, battalleefi kkf ta'uu danda'u. Hundinuu qabiyyee barattoonni xiinxalan sana akka isaan yaachisuu danda'utti dhiyeessuun geggeeffamuu qabu.

# BOQONNAA 10: BABAL'INA BARNOOTA OLAANAA
# WAYITII:10

## Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni ogummaawwan adda addaa gabbiftu. Jalqaba boqonnichaatti dubbisa waa'ee "Babal'ina Barnoota Olaanaa" dhiyaate dubbisuun gaaffiiwwan ogummaawwaniifi yaadrimeewwan barbaadamerratti kitaaba barataa keessatti kennamanii saffisaafi suutaan dubbisuun deebisu.. Hiika jechootaas akka galumsaatti tilmaamuu shaakalu. Barannoo isa itti aanu keessatti faayidaa walqabsiistotaa hubatanii hima tokko keessatti addaan baasu. Ogummaa caaslugaa jalatti ammoo himaafi caasaa himni qabatu akka addaan baasaniif gilgaalonni kennamaniiru. Ogummaa barreessuu jalattis barattoonni ibsoota(gumee) qopheessanii keeyyata tokko akka barreessaniif shaakalli dhiyaateera.

## 1. Kaayyoo: xumura barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- Yaada dubbisa keessaa hubatu.
- Hiika jechootaa haala galumsa isaaniitiin uumu.
- Faayiidaaf gosa walqabsiisotaa himu.
- Gumaa qopheessanii keeyyata barreessu.

## 2. Qabiyyee

- Dubbisuu
- Ogummaa Caaslugaa:
- Walqabsiistota of Danda'oo
- Himaafi Caasaa Himaa
- Gaalee Xumuraa
- Gaalee Durduubee
- Hiika Jechootaa
- Faayidaafi Gosoota Walqabsiistota
- Walqabsiistota Hirkatoo
- Galee Maqaa
- Gaalee Maqibsaa
- Keeyyata Barreessuu

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Deebii walii galaa akka kennan godhi. Deebii sirrii kennuu isaanii hordofi.

1. Yuunivarsitii Finfinneefi Yuunivarsiitii Haramaayaati.
2. Barattoonni yuunvarsitoota godina isaanii jiru akka himan taasisi. Godina isaanii hinjiru yoo ta’e, godinoota isaanitti dhiyoo kan jiran himuu nidanda’u. Yoo hinjiru ta’e himuuf hindirqamani..
3. Barattoonni yuunvarsiitii bara egeree galuu danda’an akka himan taasisi. Sana booda yuunvarsitii fedhan galuuf ammoo cimanii hojjechuu akka qaban yaadachiisiin..

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Deebiin shaakala yeroo dubbisuu kan armaan gadiitti.

| Lakk. | Baroota | Baay’ina yuunivarsiitotaa |
|---|---|---|
| 1 | Waggota 20 dura | 2 |
| 2 | Waggaa 10 dura | 7-8 |
| 3 | Waggaa shanii as | 22 |
| 4 | Waggoota shan gidduutti | 31 |

B. “soba” yka “dhugaa”

1. soba-baay’ina qulqullina waliin wal simsiisanii deemuun danda’ama
2. dhugaa-odeeffannoon gabatee shaakala yennaa dubbisaa keessa jiru kanuma mul’isa.
3. soba-ammallee baay’ina walii gala uummata biyyattii walii yoo ilaalamu karaa hedduu deemuutu barbaachisa.
4. soba-garuu walsimsiisuuf yaalii gara garaatu godhamaa jira.
5. dhugaa- odeeffannoon gabatee shaakala yennaa dubbisaa keessa jiru kanuma mul’isa.

C. Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala sararaman akkaataa galumsa isaaniin hiika isaanii akka kennan taasisi.

1. gahee
2. ciruma
3. baayy’ifachuu, oomishachuu
4. daandii siyaasaa, dinagdee
5. wal-madaalchisaa

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisa Boodaa

Gaaffileee kana barattoonni muuxannoo isaaniirratti hundaa’anii akka kennan taasis.Tarii barattoonni yaada gara garaa gaaffii tokkoof yoo kennan ragaa isaan kennan sirriitti hordofuun karaa qabsiisi.

## Barannoo 2: Caasluga

## 2.1 Walqabsiistuufi Gosoota Walqabsiistuu

### 2.1.1 Walqabsiistuu

Yaanni sammuu keessatti duraa duubaa eegee hintaa'u. Yeroo barreessinus walqabachuu dhabuun kun dhiibbaa nurratti gochuu danda'a. Furmaanni kanaa inni tokko walqabsiisota fayyadamuudha. Walqabsiistonni hima keessatti yaadni akka walqabatu taasisa.

**Gilgaala 4: Shaakala Walqabsiistotaa**

Himoota armaan gadii keessatti walqabsiisota hima keessaa erga addan baastee booda tajaajila isaan kennan himi.

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. -fi. | 2. -f | 3. -s | 4. garuu |
| 5. -moo | 6. -ree | 7. yookaan | 8. malee |
| 9. akkuma | 10. otoo | | |

Walqabsiitonni barreeffama keessatti jechaafi jecha, gaaleefi gaalee, himaafi hima walqabsiisuuf kanneen gargaarani. Tajaajilli jarreen kanaa yeroo mara hima keessattifi keeyyata keessatti mul'ata.

**2.2 Gosoota Walqabsiistuu**

Walqabsiistonni hirkatoof of danda'oo kanneen armaan gadiiti.

| Of danda'oo | hirkatoo |
|---|---|
| garuu, yookaan | -fi, -f, -s, -malee, |
| Akkuma | -immo, -ree |

Walqabsiistonni iddoo lamatti qoodamuu nidanda'u. Isaanis, walqabsiistota ofdanda'oofi hirkatoo jedhanii qooduun nidanda'a. Isaanis armaan gaditti maal maalessuun yaalameera.

| Of danda'oo | Hirkatoo |
|---|---|
| garuu, yookaan | -fi, -f, -s, -malee, |
| akkasumas, mmo | utuu, -tti , -ree, |
| ammoo, kanan malee, | yoo, otoo, utuu, illee |
| akkuma ta'ullee, haata'u malee, | |
| kana malees, itti dabalee, | |
| akkasumas kanaafuu, | |
| waan kana ta'eef | |

## 2.2 Gaaleefi Ciroo Hima Keessaa

**Gilgaala 5: Gaalee**

1. Gaaleewwan lama qaba.
   a. gaalee maqaa: Galgaloon
   b. gaalee gochimaa: dhufe
2. Gaaleewwan lama qaba.
   a. gaalee maqaa: Dureettiin
   b. gaalee gochimaa: herrega qo'atti
3. Gaalee lama qaba
   a. gaalee maqaa: haati
   b. gaalee gochimaa: ijoolleef gaariidha.
4. Gaalee lama qaba
   a. gaalee maqaa: inni gara mana abbaa isaa
   b. gaalee gochimaa: deeme
5. Gaalee lama qaba
   a. gaalee maqaa: Tolaan
   b. gaalee gochimaa: obbolaa lama qaba
6. Gaalee lama qaba
   a. gaalee maqaa: Firaa'ol
   b. gaalee maqibsaa:nama gaariidha
7. Gaalee lama qaba
   a. gaalee maqaa: Kennasaan
   b. gaalee maqibsaa: mucaa qaxalee
   c. gaalee gochimaa: -dha
8. Gaalee afur qaba
   a. gaalee maqaa: Gadheen
   b. gaalee durduubee: waa'ee safuu
   c. gaalee gochimaa: hinbeeku

Barattoonni akka armaan oliitti gaalee hima tokkoo erga qoodaniin booda qabxii bu'uuraa tokko akka hubatan taasisi. Innis, gaaleen maqaafi gaaleen gochimaa hima tokko keessatti kan hafuu hindandeenye ta'uu isaaniitti. Kana malees, gosoonni gaalee, afaan Oromoo keessatti bakkawwan afuritti akka qoodaman agarsiisiif.

Isaanis:

gaalee maqaa
gaalee gochimaa
gaalee maqibsaa
gaalee durduubeefi

**Gilgaala 6: Ciroowwan**

Himni tokko ciroolee akka caasaatti of jalatti qabachuu akka danda'u ibsiifii. Himoonni armaan gadii ciroo meeqa akka qabaniif gosoota ciroowwanii akka himan godhi.

1. Ciroo dhaabataadha: ibsaan ife
2. Ciroo lama qaba
   a. Ciroo hirkataa: yoo sirriitti qo'atte
   b. Ciroo dhaabataa: qabxii gaarii ni fidda.
3. Ciroo lama qaba
   a. ciroo hirkataa: samii addaataa roobu nama kolfaa nama miidhu
   b. ciroo dhaabataa: ofirratti hinbeekani
4. Ciroo tokko qaba
   Ciroo dhaabataa: na affeeri sinaffeera
   Ciroowwan dhaabataafi hirkataa maal akka ta'an ibsiif.

## Barannoo 4: Barreessuu

**Gilgaala 7: Gumee**

A. Ta'insa jireenya isaanii keessatti hinirranfanne tokko fudhatanii duraa duuba isaatiin maal maalessuun(tarreessuun) gumee qopheessisi.Seenaa ofii isaaniiti waan ta'eef itti harkifamaa gumicha maal maalessuu danda'u. Yeroo barreessan tartiibota armaan gadii hordofuu danda'u.

Seenichi waa'ee eenyuuti?

Eessatti ta'e?

Yoom ta'e

Dura maaltu ta'e?

Itti aansee maaltu ta'e?

Fiixeen seenichaa maal?

Dhumarratti maaltu ta'e

Bu'aan isaa hoo?

Maal irraa baratte?

B. Gumee qopheesanirratti hundaa'anii akka keeyyata tokko barreessan taasisi.

**Gilgaala 8: Tartiiba Yaadaarratti Hundaa'uun Keeyyyata Barreessuu**

Tartiibni yaadaa himootaa gilgaala kana jalaa kanneen armaan gadiiti. Erga tartiiba isaanii sirreessaniini booda akka keeyyata tokko barreessan taasisi.

| | | | |
|---|---|---|---|
| a. e | b. h | c. a | d. d |
| e. g | f. b | g. f | h. j |
| i. i | j. c | k. k | l. l |

**4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii**

1. Ati babal'ina barnoota olaanarraatti ni amanataa ? Maaliif? Bu'aa isaafi babal'na wajjin rakkoolee walqabatanii dhufuu danda'an himi.
2. Jechuma tokko akka galumsa isaatiin waan garagaraa ibsuun itti fayyadamuun rakoowwan akkamii hir'isa?
3. Walqabsiiftuun maal maaliif fayyada? Gosoota walqabsiiftuu tokko tokkoof himoota shan shan barreessi.
4. Hima tokko keessatti gareen jechootaa hafuu hindandeenye isaan kami?.
5. Keeyyata tokko otoo hinbarreessin dura ibsoota(gumaa) qopheeffachuun maaliif garagaara?

**5. Madaallii**

Boqonnaa kan keessaatti dandeettii afaanii baratootaa kanneen cimsan dalagaaleen adda addaa dhihaataniiru. Ogummaa dubbisuu jalatti barattoonni babal'ina barnoota olaanaa biyya Itoophiyaa akka hubataniif madaaluun barbaachisaadha. Dubbisa kana keessatti barattoonni odeeffannoo dubbisicha keessatti dhufe argachuufi argachuu dhiisuu isaanii shaakala kenname hojjechiisuun madaali. Lammata ammoo, akka isaan barnoota olaanaa babal'achaa jiruu kanaatti seenuuf fedhii horataniif of akka madaalanis taasisi. Hiika jechootaa akka galumsa isaaniittti tilmaamuufi dhiisuu isaanii mirkaneeffadhu.. Kanaafuu, kaayyoowwan shaakalootaafi gilgaalotaa akka barbaadametti galmaan ga'uu danda'uu kee mirkaneeffadhu. Madaallii gootu ammoo haala gara garaa keessatti akka barattootaaf mijatuuf fooyyessi. Fakkeenyaaf barattoonni kee shaakala kenname erga xumuranii booda madaaluu dandeessa. Yookiin ammoo, osuma isaan shaakalaa jiranii hubachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuf geggeessuu dandeessa. Inni kaan ammoo, dhuma boqonnichaarratti madaallii geggeeffamu yoo ta'u tooftaan madaalichi ittiin geggeeffamus garaagraa ta'uu mala.

# BOQONNAA 11: ASOOSAMA: WAYITII : 11

## Seensa

Asoosamni dhimmoota dalaga ogummaawwan afaanii babal'isan keessaa baasuuf hedduu badhaadhadha. Boqonnaa kana keessatti barattoonni barruulee asoosamaarratti hundaa'uun ogummaawwan adda addaa gabbiftu. Jalqaba boqonnichaatti dubbisa asoosama gabaabaa "Dongoo Halkan Sanaa" jedhurraa fudhatamerratti hundaa'uun shaakala dubbisaa hojjetu. Itti aansee, dubbisicharratti hundaa'uun barattoonni akka jechoota hiika isaaniitiin walitti firoomsaniif shaakalli kennameera. Kana malees, hubannoo dubbiiwwan qolaa akka babal'ifataniif himoonni dubbiiwwan qolaa qabatan kennamaniiruuf. Itti dabalees, ogummaa dubbachuu isaanii akka gabbifataniif dalagaaleen walfaana hojjetan ogummaa dubbachuu jalatti kennamaniifiiru. Shaakalli kun, barattoonni sammuu isaaniitti yaada qindeessanii akka dubbataniif isaan gargaara. Garaagarummaa asoosamaafi alasoosamaa akka baraniifis barruuwwan akka fakkeenyaatti kenamaniiriif. Akka caacculee asoosamaa hubataniif dalagaaleen fakkeenyotaan deeggaraman kennamaniiru.

## 1. Kaayyoo: xumura barnoota boqonnaa kanaatiin booda:

- maalummaa asoosamaa himta
- hiika jechootaa asoosama dubbisuun gabbifatta
- caacculee asoosamaa asoosama tokko keessaa hubatta
- garaagarummaa asoosamafi alasoosamaa himta
- dubbiiwwan qolaa fayyadamtee hima barreessita

## 2. Qabiyyee

- Dubbisuufi Dubbachuu
- Malleen Dubbii
- Ideessaa
- . Arbeessuu
- Akkasaa
- Habalaka
- Walqabsiisuu
- Nameessaa
- Eemitii
- Asoosamaafi Alasoosama
- Ibsa Gochimaafi Gosoota Isaa
- Caaculee Asoosamaa
  - Ijaargocha
  - Waldiddaa
  - Ija
  - Namfakkii
  - Yoomessa
  - Keeyyata Barreessuu

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### A. Dubbachuufi Barreessuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbachuufi Barreessuu

A. Gaaffilee armaan gadii garee afur afuriin irratti mar'adhaa.

1. Gaaffin kun barattoonni waa'ee asoosama ilalchisee muuxannoo qaban akka waliif hiraniif. Tarii assosama dubbisanii kan hinbeekne yoo jiraatan kanneen beekanirraa muuxannoo akka fudhatan jajjabeessi.
2. Mata-duree asoosamaa dubbisanii beekan akka walitti himan taasisi. Asirrattis barattoonni dubbisanii hinbeekne yoo jiraatan akka warra kaanirraa yaadicha gabbifatan taasisi.
3. Asirratti barattoonni wantoota gara garaa tarreessuu danda'u. Wanti barbaadamu yaada isaanii akka burqisiifataniif malee deebiin sirrii ta'e isaanirraa eegamuu dhiisuu danda'a. Ta'us asoosasamni ta'insoonni isaa kan nama ofitti harkisu, hicciitiin achi harkifamu kan nama rarraasu, gochaaleen keessatti raawwataman yeroo baay'ee jireenya namaa waliin kan wal qabataan ta'uusaati.
4. Waan irratti mari'atanirratti hundaa'anii hiika asoosamaa gabaabsanii akka barreessan taasisi.

B. Qabxiilee kitaaba barataarratti kennamerratti hundaa'anii akka hiika asoosamaa kennan jajjabeessi.

Asoosamni seenessama sammuu barreessaadhaan kalaqamee, uumamee, qindaa'ee ta'insootaafi gochoota hedduu walitti rarra'aniifi nama rarraasaniin uumamu. Seenessama jechuun ammoo ta'umsootaafi gochoota raawwataman himuu jechuudha.

### B. Dubbisuu

### Gilgaala 2: Shaakala Dubbisuun Duraa

Shaakalli gilgaala kana jalatti dhufe barattoonni dubbisa dubbisuuf jiranirratti yaada akka gabbifataniif isaan gargaara.

A. 1. Barreeffama seenaa ykn seenessama dubbisanii beekan gabaabsanii akka walitti himan taasis.

2. Dubbisa isaan walitti himan keessatti namfakkoota meeqatu akka keessatti

hirmaate gaafadhu?

3. Seenichi nama gammachiisuu ykn nama gaddisiisuu isaa isaan gaafadhu.

4. Jechoota sadan erga tilmaamsiftee booda hiika isaanii itti himi.

B. cufaa- balbala, hurgufe- raase, waliin dhahame- bita gale

**Gilgaala 3: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

A. Gaaffilee armaan gadii qalbiitti akka qabatan itti himi. Yeroo dubbisanis gaffilee kana deebisuuf akka dubbisan qalbeeffachiisi.

1. – barsiisaa Boonsaa
   - mucayyoo, intaloo
   - harmee intaloo
2. Hoteela tokko keessa kutaa mana ciisichaa barsiisaa Boonsaatti.
3. Barsiisaa Boonsaa
4. Inatala Arsiiti
5. Daandiin jireenyaa wal-qixa akka hintaane, asiin tole yoo jedhan achiin kan nama gatu ta'uu isaati. Walumaa galatti walxaxinsa ykn bu'aatiifi ba'insa jireenyaa agarsiisa.
6. Barsiisaa Boonsaa

B. Deebiin firoomsuu barattoonni kennan kanneen armaan gadii waliin tokko ta'uu mirkaneeffadhu.

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | d | 2. | l | 3. | a | 4. | k |
| 5. | e | 6. | c | 7. | f | 8. | j |
| 9. | i | 10. | h | 11. | g | 12. | b |

**C. Gaaffiiwwan " Dhugaa"fi "soba" haala armaan gadiitti deebisuu isaanii mirkaneeffadhu.**

1. soba –lakkoofa ishiin cuftee bantutti ejjennoon isaa diigamaa deemaa ture.
2. dhugaa- yaanni ishii kennituuf, ilaalchi ishiin eenymmaa ishiirratti qabdu akkasumas itti gaafatamummaa ishiin haadha ishiif fudhatu umrii ishii ol yaaduu ishii mul'isa.
3. dhugaa.- sababni gaaffii tokkoffaaf kenname kanaafis nihojjeta.
4. soba- ta'e jettee osoo hinta'iin achumaan ishii cimtuu akka taatu taateetu guddifamteetti.
5. dhugaa- "Aadaadhaam bari " ittiin jechuun ishee hammam eenyummaa ishii ilaalchisee ofirratti amantummaa akka qabdu mul'isa.

D. Gaaffilee armaan gadii garee afur afuriin irratti akka mar'atan godhi.

1. Baratаan marti yaada tokko siif kennuu hindanda'u ta'a. Ta'us hanga sababa quubsaa kennanitti yaada isaanii irraa fuudhi. Akka kootti, barsiisaan Boonsaan sirrii miti. Saniyyuu barsiisaa ta'ee, umriinis eessaaf eessa kan ishee caalu haga kanaa mucaa xiqqoo saalqunnamtiif hingeenye kajeeluun isaa dogoggora.
2. Dubartii arge hundaa duuba akka eegee harkifamutu agarsiisa Waraabbii kana keessa hinjiraatiin malee yaanni kun asoosamicharratti seenessameera. Yoo dubbisteetta ta'e ykn asoosamicha qabda yoo ta'e fiddeefii dubbisuufii dandeessa. Maliifuu dhageettiin yeroo adda addaa waraabbicha keessatti agarsiisu dubartii argee akka itti harkifamu.
3. Akka dibbisichaatti wantoota nama qoran keessaa tokko uumaadha. Kan irratti atis barattoonnis yaada garaa garaa qabaachuu dandeessu. Kun akka amanataa namatti garagara. Barattoonni waan itti amanan yoo kennan itti hinmufatiin. Akka kootti namni dhageettii isaa barsiifata isaafi waan itti qabametu isa qora malee Waaqni isa hinqoru.
4. Barattoonni kakuu ofiif galaniif gara kuteenyaan akka cimsanii eeggatan itti himi. Yoo kana ta'uu baate qorumsa maratti kufaa namoota hamileen isaanii lawwaasa'e ta'u.

**Gilgaala 4: Malleen Dubbii**

1. iddeesaa- iddeesaa jechuun iddoo nama ykn lubbu qabeeyyii tokkoo bakka bu'ee kan tajaajilu jechuudha.
2. Iddeesaa
3. iddeesaa
4. nameessaa- nameessa jechuun lubbuu dhabeessa ykn lubbuu qabeessa ta'ee amala namaa gonfatee kan barreeffama keessatti tajaajilu.
5. eemitii- eemitii jechuun wantoota amala faallaa walii qabaniin waa ibsuudha.
6 eemitii- haala walii galaatti, namni tokko ykn ni yaadata ykn ammoo ni irraanfata.

   Yaadachaa irraanfachuun kan faallaa walii ta'ee waliin hindeemne.Kanaafuu himni kun waan hiika hinkennine fakkaachuu danda'a ta'a. Garuu, haala walii galaatti kana haa fakkaatu malee, hiika dhokataa ta'e dabarsa. Innis otuma beekuu sammuu isaa akka irraanfatteetti gowwomsuuf yaalii godhu garuu sammuun kan hindaganne tau'uu mul'isa.
7. akkeessaa- dubbiin qoolaa akkeessaa jedhu jecha "akkee" jedhu irraa kan

dhufe. Kun yeroo wantootni amala walfakkaatu qaban waliin madaalaman wal madaalchisuuf dhufti waan ta'eef.

Fakkeenyaaf:

Akka abaluun sirbaan morma nama jallisa.

Namni akka waraabessaa nyaatu gaafa akka namaa nyaatu nidu'a.

Akka offitti bulu malaa akka namaatti hinbulani.

8. habalaka- habalakni wanta jedhan saanan faallaa wanta jedhan sanaa jechuu jechuudha. Fakkeenyaaf, himicha keessatti barsiisichi baratаa sana yeroodhaa dhufte jechu barbaadee otoo hinta'iin baay'ee guyyeeffatte jechuu barbaadeetu.
9. arbeessuudha- arbeessuun wanta hammana hinjedhamne tokko gurra guddisuun baay'ee ol kaasanii himuudha
10. walqabsiisuu- walqabsiisuun seenaa irraa ykn og-barruu irraaykn afoola irraa ykn amantiifi kkfnirraa yada amma dabarsuuf barbaadame tokko dabarsuu jechuudha.

## Barannoo 2: Garaagarummaa Asoosamaafi Alasoosamaa

### Gilgaala 5 : Garaagarumaa asoosamaafi alasoosamaa

Keeyyatoota kennaman lamaan irratti hundaa'anii, garaagarummaa asoosamaafi alasoosamaa akka addaan baafatan jajjabeessi. Tarii sadarkaa kana irratti wal jalaa makuu nidanda'u ta'us adeemsa keessa ibsaan qulqulleessaa deemtu. Sana booda, wanta dhuunfaatti yaalan lama laman ykn sadi sadiin minjaala taa'anirratti akka waliin madaalan taasisi. Sana booda, barattoonni minjaala tokkoo barattoota minjaala biroorra warra jiran waliin akka dalaga isaaniin rratti mari'atan taasisi. Dhumarratti wantarratti walii galan daree maraaf dhiheessuu qabu.

**Asoosamni**

a. Rara'insaan kan guutame
   - gochoonni asoosama keessatti dhufan nama rarrasu
   - itti aanee maaltu dhufa kan jehdu hedduu dhageettii namaa rarraasa.

b. Jechoonni asoosama keessaa gogaa miti
   - jechoonni ta'insootaafi gochoota ijaaran nama gammachiisuus, nama gaddisiisuus, nama kofalchiisuus, nama boossisuus danda'u
   - dubbiiwan qoolaan waan guutameef dhageettii tuttuquutti jechoonni asoosamaa humna guddaa qabu

c. Hojii kalaqaati, hojii uumamaati, hojii arga yaadaati

- ta'insoonni, ijaargochi, bakki, yeroon, namfakkoonni, kkf qalaqaan kan uumaman malee qabatamaatti dhugaa miti.
- fakkeenyaaf, barsiisaa Boonsaan addunyaa kanarratti yoo barbaanne argachuu hindandeenyu. Kan inni argamu addunyaa asoosamichaa qofaarratti argayaadaan kan arginu.

d. Asoosamni falaassama of keessatti qabachuu danda'a
- asoosonni, walloonni, falaasamtoota; falasama isaanii ammoo asoosama barreessan keessatti ibsati

**Alasoosamni**

a. Kaayyoon isaa, yaada, odeeffannoo ykn haqa tokko duraa duubaan ibsuu malee nama raraasuu miti
- keeyyanni B jala jiru yaadota amansiisaafi haqoota tartiiba isaaniin dhiheessuu irratti xiyeeffata

b. Jechoonni alasoosamaa irri jireessi isaanii goggaadha
- dhageetti kakaasuurratti kan xiyyeeffatan waan hintaaneef jechoonni isaanii goggaadha.

c. Ka'umsi barreefama alasoosamaa haqa, yaada amansiisaafi ragaawwan qabatamaarratti hundaa'ee waan barreeffamuuf akka asoosamaa uumuu, kalaquu ykn arga yaadaarratti hinhundaa'u

d. Falassamarra alasoosamni yaada qabatamaa barreessuurratti xiyyeeffata.

**Gilgaala 6: Caacculee Asoosamaa**

Deebii barattootarraa fuudhiiti deebii armaan gadii waliin madaaliiti deebii walii galaa kenni.

Gaaffilee armaan gadii garee afur ykn shaniin hojjedhaa.

1. Ijaargocha jedhama. Ijaargochi akkuma maqqaan isaa ibsu ijaarsa gochaa jechuudha. Gochatu duraa duubaan ijaarama. Waldiddaatu sababa tokko irraa ka'ee walxaxaa deema. Sanatu onnee namaa rarraasa. Ijaargochi utubaa seenessama tokkooti. Kan asoosamni asoosama ta'ee akka achi deemuuf ijaargochi caaccuu isa bu'uuraati.
2. Waldiddaadha. Waldiddaan namaafi nama gidduutti, namaafi uumama gidduutti, namaafi hawaasa gidduutti akkasumas namuma tokko ofii isaa keessatti ta'uu danda'a.Waldiddaan rarra'insa uumuun ijaargocha tumsa. Namni asoosama jalqabee kan addaan hinkunne.Kanaafi kalaqa cimaadhaan qindeeffamni jarreen kanaa nama dubbisu seenaa asoosamichaa keessatti

akka liqimsamu humna taasisu qaba . Waldiddaan Godaannisarraa fudhatames waldiddaa namuma tokko keessatti ta'u. Fedhiifi safuun yoo walitti bu'an, namni tokko isa kam akka keessummeessu filachhuu dadhabee hedduu dhiphata.

3. Bakki itti raawwate hoteela tokko keessatti mana ciisichaa barsiisaa Boonsaati. Kutaa ciisichaa harmee ishii wajjin qabatan illee nyaata geessiteetti. Wanta achitti ta'e garuu waallee nutti hinhimne.Kun yoomessa jedhama. Yoomessi kanaa olillee deemuu danda'a. Sadarkaa kanatti garuu kanuma barattoottaf yoo ibsite gahaadha.

Yeroon yoomessa keessaa isa tokko. Asoosama tokko keessatti yeroon seenaa hawaasichaa ykn ta'insa yeroo murtaawaa tokkotti ta'ee bakka bu'uu nidanda'a. Yeroon asoosamichaa ta'iinsa yeroo murtaawaa ta'een yeroo laallu galgala akka raawwate argina. Kana jechuun galgala yeroo irbaataatii hanga yeroo hirribaa kan jiru jechuudha. Bakkaa fi yeroo walitti qabee kan xiinxalu egaa yoomessa jedhama.Yoomessa jechuun akkuma maqaan isaa ibsu gaaffilee “Yoom” jedhuu fi “Eessa” jedhu kan deebisudha.Eessa kan jedhu bakka yeroo ibsu yoom kan jedhu ammoo yeroo ibsa.

4. Kun ija(point of view). Gosni ijaa ammoo bakka ija waan hundaa argu jedhama. Iji waan hundaa argu kun sammuu namfakkootaa keessa seenuun waan namni tokko yaadu, itti dhagahamuu baasee seenessa. Wanti isa jalaa dhokatu hinjiru. Gosoonni ijaa kanneen biroon, fakkeenyaaf kanneen akka ija ramdaddii sadaffaa murtaawaa, ija akka diraamaafi ija ramaddii tokkoffaa jedhamu.Iji akka diraamaa osoo iji waa hundaa argu seenee hingabaasiin namfakkootuma gidduutti waliin dubbii godhamuun raawwata.Fakkenyaaf kan waraabbii dubbisa dubbiste keessaa waraabame kan armaan gadii ilaali.

“Ni dhukkuba moo?”

“Miti.”

“Maali ree?”

“Homaa.”

Asoosamni “Suuraa Abdii” ija ramaddiii tokkoffaan barreeffame.

5. Namfakkii jedhamu.Namfakkii jechuun nama lubbuu qabu jechuu utuu hinta'in namfakkii jechuun akkuma maqaan isaa ibsu namatti kan fakkeeffamu. Namfakkoonni kan isaan jiraatan addunyaa asoosamaa keessatti qofa. Namfakkoonni hirmaannaa asoosama tokko keessatti qabaataniin bakka lamatti qoodamu.Isaanis:namfakkoota gurguddoofi namfakkoota xixiqqoo jedhamu. Namfakkiiwwan gurguddoon asoosama keessatti hirmaannaa olaanaa kan qaban yeroo ta'u, namfakkiiwwan xixiqqoon ammoo namfakkoota gurguddoo

tumsuuf yeroo barbaadamanitti kan dhufanidha.

6. Dhaamsa jedhama.Dhaamsa jechuun ergaa ijoo asoosama tokkoot jechuudha.

**Gilgaala 7: Asoosam Barreessuu**

Barattoonni ta'insa ykn muudannoo tokko irratti hundaa'uun yookaa ammoo uumuun asoosama gabaabaa tokko akka barreessan taasisi. Erga barreessanii booda, akka barattoota daree isaaniifi dhiheessan jajjabeessi. Sana booda, barattoota dandeettii addaa qaban barreeffama isaanii filuun akka miidiyaa mana barumsichaatti seenessamu taasisuu yaali.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Asoosamni yoo dubbisan maaliif ofitti nama harkisa ?
2. Dubbiiwwan qoolaa kam kam fa'i? Tokko tokkoo isaaniif fakkeenya kenni.
3. Garaagarummaan asoosamaafi alasoosamaa gidduu jiru maal maal fa'i? 4. Asoosama gabaabaa tokko dubbisiiti caacculee keessatti dhufan himi..

## 5. Madaallii

Boqonnaan kun akka barattoonni asoosamarratti hundaa'uun ogummaawwan garaagaraa horatan taasisuurratti xiyyeeffata. Ogummaawwan kana keessaas ogummaa dubbachuu, ogummaa dubbisuu, ogummaa barressuufi ogummaa jechootaa warra bu'uuraati. Kanaafuu, kaayyoowwan shaakalootaafi gilgaalotaa akka barbaadametti galmaan ga'uu danda'uu kee mirkaneeffadhu. Shaakala hojjetan barattoonni dhageettii, argayaadaa isaanii tuquu akka danda'utti hojjechuu kee mirkaneeffadhu. Kana malees barattoonni dandeettii asoosama hiikuu hanga tokko bali'fachuu isaanii mirkaneeffadhu. Barattoonni asoosama gabaabaa tokko barreessuuf yaaluu isaanii mirkaneeffadhu. Barattoonni dubbiiwwan qoolaa dubbii keessatti hanga tokko gargaaramuuf yaalii gochuu isaani mirkaneeffadhu. Madaalliin kun ammoo, si'a garaagaraa ta'uu danda'a. Inni tokko barattoonni kee shaakala kenname erga xumuranii booda kan geggeeffamu yoo ta'u inni biraa ammoo, osuma isaan shaakalaa jiranii hubachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuf kan geggeeffamudha. Inni kaan ammoo, dhuma boqonnichaarratti madaallii geggeeffamu yoo ta'u tooftaan madaalichi ittiin geggeeffamus garaagraa ta'uu mala.

## BOQONNAA 12: DIRAAMAAFI ASOOSAMA WAYITII: 8

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun barattoonni garaa garummaa diraamaafi asoosamaa akka hubatan gochuurratti xiyyeeffata. Jalqaba boqonnichaatti dubbisa waa’ee “Diraamaafi Asoosamaa” dhiyaate dubbisuun gaaffiiwwan ogummaawwaniifi yaadrimeewwan barbaadamerratti kitaaba barataa keessatti kennamanii saffisaafi suutaan dubbisuun deebisu. Hiika jechootaa akka galumsaatti tilmaamuu shaakalu. Barannoo isa itti aanu keessatti maalummaa, faayidaafi gosoota durduubee addaan baasu. Himoota keessatti fayyadamanis ni’agarsiisu. Barannoowwan itti aananitti waa’ee wal-simannaa, matimaa, antimaafi gochimaa shaakalawwan garaagaraa hojjechuun maalummaa, faayidaafi gosoota jaraa addaan baasisuurratti xiyyeeffatu. Himoota keessattis fayyadamani agarsiisu.

### 1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota kan booda:

- Yaada asoosamaafi diraamaa hubatu.
- Faallaa jechootaa addaan baafatu.
- Garaagarummaa asoosamaafi diraamaa hubannoo cimsatu.
- Diraamaa barreessanii hubannoo gabbifatu.

### 2. Qabiyyee

- Dubbisa
- Diraamaafi Asoosama
- Ogummaa Jechootaa
- Diraamaa Barreessuu:

### 3. Mala Baruu-barsiisuu

### Barannoo 1: Dubisuufii Dubbachuu

#### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Himoota armaan gadii barattoonni gareen akka irraatti mar’atan taasisi.

1.Namoonni keennaa kaneen qaban yoo jiraatan akka dareef ibsan taasisi.

2. Barreeffamoota nama bashannansiisan yoo dubbisanii beeku ta'e akka himan taasisi

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

**A.** Dubbisicha sirriitti erga dubisteen booda, keeyyatoota 2, 3,fi 4 irratti hundaa'iiti gabatee armaan gadii guuti.

| Gosoota ogbarruu | Tokkummaa | Garaagarummaa |
|---|---|---|
| Asoosamaafi diraamaa | - Damee ogbarruuti<br>- Barreeffamaan dhihaatu<br>- Caacculee kanneen armaan gadiin ijaaramu<br>Jaargochaa<br>Namfakkii<br>Seenaa<br>Yoomessa<br>Dhaamsa<br>Waldiddaa<br>Nafakkeessuu<br>- muuxannoolee namaa calaqisiisu<br>- rakkoolee, kabajawwan, falasama hawaasaa agarsiisu | Diraamaa:<br>- akkeesitootaan gochaafi ta'insaan dhihaata<br>- waliin dubbiin dhihaata<br>- namni barates(dubbisu) namni hinbarannes(hindubbisnes) daawwachuu danda'a<br>- namoonni qophii diraamaarratti hirmaatan hedduudha<br>- akkeessitoonni uffata uffatanii, faayaa godhatanii, dubbii dubbachuun hojjetu.<br><br>Asoosama:<br>- nafakkootaan ta'insootaannifi gochootaan dhihaatu<br>- bakka dubbistoonni hinjirretti maxxansama<br>- malawwan hundi wal makanii dhihaachuu danda'u<br>- nama dubbisuu danda'u ykn yoo dubbisamu nama dhaggeeffatu qofaatu ergaa isaa hubata<br>- namfakkiin dhihaatu jechaan qofa sammuu namaa keessatti suuraan isaa ka'a |

**B. Firoomsuu**

Deebiin barattotaa kan armaan gadii waliin walfakkaachuu isaa mirkaneeffadhu.

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | g | 2. | a | 3. | e | |
| 4. | f | 5. | d | 6. | h, | |
| 7. | j | 8. | i | 9. | i | 10. |

**Gigaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

A. Jarri sadanuu ragaafi yaada amansiisaa dhiyeeffatanii falmii isaanii dhiheessuu danda'u. Falmiin isaanii akka ho'uufi barattoonni dandeettii amansiisuu isaanii akka baafataniif kakaasi.

B. Barattoonni diraamaa gocha ykn ta'insa tokkorratti xiyyeeffatu akka barreessan jajjabeessi. Asirratti barattoonni qaxaleeniifi kennaa barreessuu qaban akka jiran qalbeeffadhu. Carraan isaan kennaa kanitti baasan keessaa inni tokko kanarratti. Kanaaf, irratti xiyyeeffattee hojechiisaa eenyu kennaa sana akka qabu addaan baafachuun kanneen isaan barreessan waldorgomsiisuun kanneen caalmaa qaban filuun dareef akka dhiheessan taasisi. Barreeffamni barattoota akkasii miinii miidiyaa barattootaa fa'irratti akkka dhihaatu haala mijeessiif. Kan malees, akka isaan mana barumsichaatti barattoota maraaf dhiheessan taasisi. Yoo danda'ameef, akka barreeffamni isaanii sirriitti qulqullaa'ee sektarri akka aadaafi tuuriisimii deeggaree Televijiniifi Raadiyoo Oromiyaatti darbuuf yaalii godhi.

**4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii**

1. Diraamaa ilaaluu moo asoosama dubbisuu filatta ? Maaliif?
2. Garaagarummaan diraamaafi asoosamaa maal maal fa'i?
3. Diraamaaf asoosamni wantoota itti wal fakkaatan himi.
4. Diraamaa tokko barreessiiti baratootta daree kee akka taatotaatti qooda fudhachiisuun daree keessaniif dhiheessisi.

## 5. Madaallii

Barattoonni diraamaa gocha ykn ta'insa tokkorratti xiyyeeffatu barreessuu isaanii mirkaneeffadhu. Barattoonni kun adeemsa barreessuuf yaalan keessatti gargaarsa gooteefii madaali. Barattoota kennaa diraamaa barreessuu qaban addaan baafachuu kee mirkaneeffadhu. Carraan isaan kennaa kana itti baasan agarsiisuu kee madaali. Irratti xiyyeeffattee hojechiisaa eenyu kennaa sana akka qabu addaan baafachaa kanneen isaan barreessan waldorgomsiisuun kanneen caalmaa qaban filuun dareef akka dhiheessan taasisuu kee madaali. Barreeffamni barattoota akkasii miinii miidiyaa barattootaa fa'irratti akkka dhihaatu haala mijeessuu kee mirkaneeffadhu. Kan malees, akka isaan mana barumsichaatti barattoota maraaf dhiheessan taasisuuf yaalii goote madaali. Yoo danda'ameef, akka barreeffamni isaanii sirriitti qulqullaa'ee biiroleen akka aadaafi tuurisimii deeggaranii TVfi Raadiyoo Oromiyaatti akka darbuuf yaalii gochuu kee mirkaneeffadhu.

# BOQONNAA 13: TUMAA WAYITII: 8

## Seensa

Hawaasa tokko keessatti aadaan adda addaa nimul'atu. Isaan keessaa tumaan tokko. Boqonnaa kana keessatti dubbisa mata-dureen isaa "Tumaa" jedhutu dhihaata. Mata-duree dhihaate kanarratti hundaa'aniis shaakaloonni dubbisuu, jechoota haraafi dubbachuu nidhihaatu. Dhimmoota ka'anirratti akamitti sababaafi bu'aa akka addaan baasan kan barattoota shakalsiisu ogummaa dubbachuu jalatti kennameera. Jechootaas akkaata hiikaan walfakkataniin walitti firoomsuu nishaakalu. Ogummaa caaslugaa jalatti walqabsiistota bakka duwwaa galchuun ogummaa walqabsiistota gargaaramuu nibal'ifatu. Keeyyata akka fakkenyaatti kennameefiirratti hundaa'uun hima ijoo, himoota callaafi hima goolabaa addaan baasu. Barannoo isa itti aanu keessatti maalummaa, faayidaafi gosoota durduubee addaan baasu.

## 1. Kaayyoo: xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- ijoo dubbisichaa hubatu
- jechoota haaraa hiika isaa baranii dubbachuu, barreessuu fa'i keesssatti itti fayyadamu
- bakka duwwaa walqabsiistuun guutuun yaada tokko akka wal simatu taasisu
- keeyyata keessaa hima ijoo baasuun keeyyata barreessu

## 2. Qabiyyee

- Dubbisa
- Ogummaa Caaslugaa
- Dandeettii Barreessuu:
- Himoota Callaa
- Hiika Jechootaa
- Dandeettii Dubbachuu
- Hima Ijoo
- Hima Goolabaa

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

## Barannoo1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

1. Yoo arganii beeku ta'e akka walitti himan taasis. Tarii kan tumatee daree jiru jira ta.a. Barattoonnis barattittiitti ykn baratichatti kolfaa qubatti qabuu danda'u waan ta'eef ati ammoo barataan sun akka hinleeyyaaneef ofitti qabuu qabda.
2. Wanta isaanitti dhagahame akka dubbatan godhi.
3. Nama tumatee beeku sababa tumateefii gaafatanii yoo beeku ta'e of miidhagsuuf haata'u, dhukkubarraa fayyuuf haa ta'u, gootummaaf haa ta'u maaliif akka ta'e gaafadhu. Hinbeekanillee yoo ta'e sababoota olitti ibsaniif akka nomoonni tumatan akka tilmaaman taasis.
4. Hiika jechootaa kenname akka tilmaaman taasisi.

### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffilee armaan gadii si'a lama irra deebi'anii akka dubbisan itti himi. Yeroo dubbisan akka gaaffilee sana deebisuuf dubbisan itti himi.

1. Tumaan irra caalaa kan inni raawwatamu baadiyyatti. Raawwiin isaas amanataa bareedinafi dhukkubaaf akka qorichaatti gargaara jedhamee waan fudhatamuuf.
2. Namoonni tumaa tumatan morma isaanii, ilkaan isaanii, sarbaa isaanii, maddii isaanii naannessanii tumatu.
3. Midhaaleen tumaa wajjin wal qabatanii dhufan kanneen akka daranyoo, qurcii, fanxoo, dhibee simbiraa, dhibee dhadhichaa fa'i. Meeshaaleen sibiilaa namni tokkotti fayyadame nama kan biroof yoo itti fayyadaman ammoo dhukuba hamma yoonaatti dawwaa hinarganne dhukkuba Eedsiif saaxila nama baasa.
4. Dubbisicha keessatti akka fakkeenyaatti hinka'iin malee gootummaa, garbummaafi yakkamaa ta'anii adabbiif nitumatu.
5. Dhukubni tumaan fayyu tokkollee hinjiruu. Namoonni garuu waan itti amanamuuf fayyadamu. Kunammoo akkuma aaddee Baaccuurraa ilaalle

du'aatii namaaf sababa ta'a. Tumaan ofii isaa, keessumattuu magaalatti, waan akka aadaa boodatti hafaatti ilaalamuuf , waan bu'aanisaa hamaa akka ta'e beekamuuf, warra kana raawwatan namoonni magaalaan akka duubatti hafootti laalamu.

B. Deebbii jechoota hiikaan wal fakkaatan walitti firoomsuu.

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | i | 2. | f |
| 3. | a | 4. | h |
| 5. | c | 6. | b |
| 7. | e | 8. | g |
| 9. | d | | |

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisa Boodaa**

1. Barattoonni suuraan jaraaf wanta dalagamuu sirriitti isaaniif ifuu isaa beekuuf suuraa akka kaasan jajjabeessi. Kaasuu isaaniis irra deddeemii to'adhu.
2. Barattoonni yaada lamaan keessaa tokko filachuun qabxiilee ragaaa qopheefatanirratti wal falmuu danda'u. Garuu, gochi kun kan deegaramu miti. Rakkoon gooytarii kan dhufu nyaata ayoodinii qabu nyaachuu dhabuudhaani. Dhukuba sababni isaa waan biraa ta'e tumaadhaan fayyisuuf yaaluun dhukkuba biraatiin akka saaxilamu nama godha. Aadde Baaccuunis dhukkubaaf kan sababa itti ta'e bira dhukkuba isa lammaffaa yallachuun ishii du'a itti fide. Kana irraa wanti hubatamu, tumaan dhukuboota nama qabaniif sababa yoo ta'e malee dhukkuba irraa akka nama fayyisuu hindandeenye hubachhun ni danda'ama.
3. Akkas ta'a jedhanii akkasan godha jedhanii murteessuun ulfaataadha. Garuu, hawaasichaan achi dhiibamanii, madaa xiinsammuu inni nama iraan gahu baatanii barnoota xumuranii sadarkaa hojjetaarra gahuun waan guddaadha. Ani akka kootti gorsa namni naaf kennu fudheen waa'ee namaa yaaduurra, waan darbe tokko as deebisuun akka hindanda'amne hubadhee waan amma hojedhu irratti xiyyeeffadha.
4. Tumaa tumachuun faayidaa qabaachuufi qabaachuu dhiisuu isaa ofii isaanii filatanii akka irratti wal falman taasisi. Sana booda, faayidaa isaarra midhaan isaa akka cimaa ta'e amansiisuuf yaali.

## Barannoo 2: Barreessuu

### Gilgaala 4: Caasaa Keeyyataa

Caasaaleen keeyatichaa haala itti aanuun diigamanii ilaalamuu danda'u.

1. Hima ijo

   Barattoonni kutaa kudhalamaa barnoota olaanaa galuufi gosa ogummaa barachuu barbaadan argachiif cimanii hojjechuu qabu.

   Gosni keeyyatichaa keeyyata amansiisaa waan ta'eef hima ijoo keessatti yaanni dhufu yaada dhuunfaa barreessichaati. Yaadichi "cimanii hojjechuu akka qaban" kan jedhu yaada ofii isaa kan dhiyeessu. Kun ammoo deeggaramuu ykn mormamuu danda'a. Kanneen kana booda barnoota hinfeene jiraachuu danda'u. Kanneen ammo fedhii barnoota ol aanaa seenuu qaban jiru..

2. Himoota gargaartuu

   Kanneen mormaniin amansiisuuf; kanneeen deegaraniif irra caalaa akka hojjetaniif hubannoo laachuuf, haqoota amansiisaa ta'antu barbaachisaadha. Haqoonni amansiisaa keeyaticha ijaaran himoota calla keeyyatichaa keessatti argamu. Isaanis:

   a. Tokkoffaa carraan kun takkaa qofa kennama.

   b. Yoo isaan jala darbe sana booda akka barataa idileetti lakkaa'amanii ilaalchi barbaachisu isaanii godhamuu hindanda'u.

   c. Lammaffaa, erga carrichi nama darbee booda hamilee ittiin akka barataa idileettii hojjetanii tokko miti.

   d. Erga carraan duraa darbee ofirratti amantee "Irra deebi'ee hojjedheen qabxii olaanaa fida" inni jedhu hedduu isaaniirratti nihir'isa ykn tasa nidhabama.

   e. Sadaffaa, akka barataa idilee guyyaa guyyaatti mana barumsaa oolanii waan barnoota hindalagneef yaaliin isaanii gargar ciccitaa ta'a.

   f. Humna guutuudhaan hinqowatanii jechuudha.

3. Hima goolabaa

Carraa takkaa namaaf kenname humnaafi dandeettii sammuu qaban xuuxxatanii hojjetanii tarkaanfachuu malee yoo takkaa nama darbe karaatti deebifachuun ulfaataadha.

Himni goolabaa yaada hima ijoo keessaatti dhufeef xumura cimaa ta'e kenna.

**Gilgaala 5: Walqabsiisota**

1. tokko: bo'oo 3.
2. kan biraan ammoo: bo'oo 4
3. kana irraa kan ka'e: bo'oo 6
4. yoo: 8
5. sababa kanaan: bo'oo 10
6. karaa biraa: bo'oo 12
7. otoo: bo'oo 14
8. erga: b'oo 15
9. akka carraa: bo'oo 15-16

**4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii**

1. Namoonni tumaa deeggaran otoo si mudatanii barsiifta nama miidhuu danda'u ta'uu isaa akkamiin amansiifta ?
2. Walqabsiiftonni boqonnaa kana jalatti bakka duwwaa guuttee kam kam fa'i? Irra deebi'ii ilaali.
3. Keeyyata tokko keessatti himni ijoo maaliif nama gargaara?
4. Himoonni callaa keeyyata tokko keessatti maal maaliif nama gargaaru?
5. Keeyyanni tokko yoo hima goolabaa malee barreeffame maal ta'a?

**5. Madaallii**

Boqonnaan kun akka barattoonni ogummaawwan garaagaraa horatan taasisuurratti xiyyeeffata. Ogummaawwan kana keessaas ogummaan dubbisuu, ogummaan dubbachuu, ogummaan barreessuu, ogummaa jechootaafi ogummaan caaslugaa warra bu'uuraati. Kanaafuu, kaayyoowwan shaakalootaafi gilgaalotaa akka barbaadametti galmaan ga'uu danda'uu kee mirkaneeffadhu. Madaalliin kun ammoo, si'a garaagaraa danda'a. Inni tokko, barattoonni kee shaakala kenname erga xumuranii booda kan geggeeffamu yoo ta'u inni biraa ammoo, osuma isaan shaakalaa jiranii hubachaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuuf kan geggeeffamudha.

Inni kaan ammoo, dhuma boqonnichaarratti madaallii geggeeffamu yoo ta'u tooftaan madaalichi ittiin geggeeffamus garaagraa ta'uu mala.

Tooftaalee madaallii keessaa muraasni gaaffii barreeffamaa, gaaffii afaanii, battalleefi kkf ta'uu danda'u. Hundinuu qabiyyee barattoonni xiinxalan sana akka isaan yaachisuu danda'utti dhiyeessuun geggeeffamuu qabu. Kana jechuun, kallatiidhumaan asii fuudhanii achi kaa'uu kan danda'an ta'uu hinqabu. Qabanni isaa jireenya dhugaa keessatti wanti hundi qophaa'aa ta'ee kan dhiyaatu ta'uu waan hindandeenyeef. Ogummaa jarri baratan hundumaa madaaluuf tooftaa ga'umasa qabu ta'uuti irra jiraata.

# BOQONNAA 14: SEERA MAKOO BILLII WAYITII: 11

## Seensa

Hawaasni tokko seera ittiin bulmaataa niqaba. Boqonnaa kana keessatti seera ittiin bulmaataa uummata Oroomoo durii biratti hojiirra oolaa turetu dhihaateera. Matadureen isaas, "Seera Makoo Billii" jedha. Dubbisa kanarratti hundaa'uun barattoonni ogummaawwan adda addaa gabbifatu. Barattoonni saffisaafi suutaan dubbisuu kan isaan dandeessisu shaakalli dhihaateera. Dubisicha dura barattoonni ogummaa dhaggeeffachuu gabbifatu. As jalatti shaakalli dhageeffachuu sadarkaa sadarkaan dhihaateera. Ogummaa dubbisuu gabbifachuu keessatti barattoonni haasawaafi seera haasawaa akkasumas falmiifi sirna falmii akka shaakalaniif dalagaaleen dhihaataniiru. Kana malees, barreessuu jalatti ibsoota keeyyata seenessamaa barreessisuu danda'an akka hojjetan kan isaan taasisan dalagaaleen qophaa'aniiru.

## 1. Kaayyoo: Barattoonni xumura barnoota kanaa booda:

- Dhaamsa dubbisichaa nihubatu
- Hiika jechootaa addaan baafatu
- Haasawaafi sirna isaa nibalballoomsu
- Falmiif yaada amansiisaa dhiheessu
- Himoota callaa barreeffama seenessaa qopheessu
- Dhaggeeffatanii waan hafe guutu

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuu
- Dubbisa "Seera Makoo Billii"
- Haasawaafi Sirna Isaa
- Caasaa Keeyyataa Seenessaa
- Ogummaa Jireenyaa
- Hiika Jechootaa
- Falmiifi Sirna Falmii

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Shaakala dhaggeeffachuu duraa kitaaba baratаа keessatti dhiyaate akka barattoonni dandeettii dubbachuu gabbifataniifi ogummaa jireenya isaanii gara mata durichaatti fidachuun gabbifatan taasisa. Kana taasisuunis, barnoota qabiyyee guyyaa sanaa keessatti dhiyaate salphaatti hubachuu dandeessisa. Kanaafuu, muuxaannoowwan jireenyaa barattoonni kennan kan bifa garagaraa qaban ta'uu danda'a. Garuu dhaamsa mata-duricha irraa akka hinbaane hordofi. Deebii barattoonni kee kennan hundumaa harkaa fuudhuun akka isaan yaada isaanii gara mata durichaatti qajeelfatan taasisuun barbaachisaadha.

Barattoonni deebiiwwan garaagaraa kennuun muuxannoo isaanii gara mata durichaatti akka fidatan erga taasistee booda, jechoota gaaffiiwwan dhaggeeffachuu isaaniitti gufuu ta'u jedhaman barruu dhaggeeffachuuf dhiyaate keessaa baasuuun akka barattoonni kee tilmaaman taasisi.

Erga isaan hiika jechoota gufuu ta'anii addaan baafatanii booda, seenessa armaan gadii dubbisiif. Yeroo dubbistuuf, jalqaba callisaanii akka dhaggeeffatan, isa lammaffaa yaaadannoo qabachaa akka dhaggeeffatan isa dhumaa gaaffilee gilgaala 2 jala jiran dhaggeeffachaa akka deebisan itti himi.

3. baraaru- si haa ollchu hirkate-ciise

kokkee- qaama keessa mormaatti argamu

**Abbaa Warraa Hinaafaa**

Mana abbaa warraa haadha warraa hinamannee buluu haaturuuti dallaa isaa seenuullee nama haabaraaru. Guyyaa Jimaata ture. Barataa qormaata itti seensa barnoota olaanaa fudhachuuf qophaa'aa jirun ture. Mana barumsaa qophaa'naatiin gara biyya warra koottan gala ture. Otoon deemuu karaatti natti dukanaa'e. Deebi'uuf karaa baay'ee deemeera; deemuuf karaa baay'eetu na hafa. Takkaa dhaabadhee yaadeen mana namaa goree buluun murteesse. Sana booda, mana tokko akka na

bulchaniifan gaafadhe. Akka carraa abbaan warraa waan hinturreef haati warraa naaf hayyamte. Otoon bakka hirkadhu naaf kennanii baay'een gammada ture. Kana gidduutti abban warraa dhufe. Battaluman mana seeneetti utaalee kokkee na qabate. Kana gidduutti haati warraa barataa karaatti natti dhihe akkan ta'e otoo itti himuuf yaaltuu akkuman ta'u ta'een gadhiifadheen bahee kutee ceehe. Erga gaafasii qee'ee abban warraa hinjirre seenee bishaanillee dhuguu nan sodaadha.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

1. **Kitaaba barataa gilgaala 2 jalatti kennameef debiin isaanii ta'insichi guyaa Jimaataa akka raawwate, dalagni abbaa seenichaa barataa akka ta'eefi kan baratus kutaa kudha lama akka ta'e tilmaamuu isaanii mirkaneeffadhu.**
2. **Sana booda, ta'insoota gilgaala jalatti wal makanii jiran akka duraa duuba isa dhaggeeffataniitti akka sirreessan taasis. Tartiibni sirriinis kan armaan gadiiti.**

   -Guyyaa Jimaataa ture.

   -Dhiha keessaa sa'aatii tokkoof walakkaa ture.

   -Mana barumsaatiin gala ture.

   -Karaatti natti dukkanaa'e

   -Mana tokko akka nabulchaniifan gaafadhe.

   -Abbaan manaa karaa deemeera.

   -Haati manaa naaf hayyamte.

   -Halkan sa'aatii afuriifi walakkaatti abbaan manaa dhufe.

   -Utaalee kokkee na qabate.

   -Akkuman ta'u ta'een gadhiifadhee bade.

**Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Barattoonni kun sadarkaa kanatti rakkoolee matii isaanii keessatti ka'u furuuf hanga tokko gahee ofii isaanii nitaphatu jedhamee eegama. Kanaaf, barattoonni kee garee barataa afur qabutti qoqqoodamanii rakkoo obbo Sooressaa akka mucaa isaa ta'uun gorsa akka kennaniif jajjabeessi. Yaadoleen furmaataa armaan gadii akka ka'umsaatti fayyaduu danda'u.

- hinaaffaan mana diiga malee akka hinijaarre.

- wanta qabatamaa hintaane maatii keessatti kaasuun rakkoo kanaan dura hinturre akka dhalu hubachiisuu.
- rakkoon akkasii sammuu ijoollee maatiwwanii keessatti muuxannoo gadhee akka horu.
- wal shakkuurra caalaa wal amanuun utubaa bultoo(jireenya maatii) akka ta'e.

## Barannooo 2: Dubbisuufi Dubbachuu


### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffilee gilgaala kana jala jiru akka barattoonni gareen hojjetan taasissi.

1. Yoo uummanni tokko seera malee akkuma fedhetti bule wanti hundi seera dhaba. Haala akkasii keessatti humna qabeessa qofaatu jiraachuu danda'a. Qabeenya kooti jechuun hindanda'amu-abbaan irree yoomiyyuu namarraa fudhachuu danda'a. Wanti marti seera dhabaa ta'a.
2. Uummata Oromoo biratti waliin jiraachuun bakka olaanaa waan qabuuf seera tumuun sirna Gadaa keessatti barbaachisaa ta'e. Dheerina yeroo keessaa, uummatichi yeroo babal'achaa dhufe, walquunnamuun akka si'anaa salphaa waan hinturreef, seeronni tumamaman afaaniin waan darbaniif seeruma sana jalatti haala qabatamaa naannoo isaaniitti Oromoonni ittiin bulmaata baafatu ture. Uummatichi dudhaalee kana dhalootarraa dhalootatti dabarsaa dhufe. Tarii wanti amma barattoonni walii isaaniitti himan hambaalee warra duriii sana jechuun nidanda'ama.
3. Akka hubannoo isaaniitti akka deebisaniif jajjabeessi . Garuu, akka yaada amansiisaa gargaaraman qabachiisi.
4. Barattoonni waan baay'ee himuu danda'u irra caalaammoo faayidaa seerri hawaasa tokkoof kennu maal maalessi.
5. Barattoonni suurichaa ilaalanii uummatichi maal akka gochaa jiru akka tilmaaman taasisi.

### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Caasseffama yaadaa ramaan gadii keeyyata 8ffa sirriitti dubbisii deebisi.




B. Seerawwan keeyyata 11 jalatti tumaman yakkawwan raawwatamaniif adabbiiwwan isaanii akka kennan taasisi. Hundi isaanii gabaticha akka dabtara isaaniirratti garagalchan mirkaneeffadhu. Sana booda, sirriitti barreessuufi barreessuu dhiisuu isaanii hordofi. Kana jechuun ammoo seerri Makoo Billii tume kudha lama qofaadha jechuu miti. Sadarkaa kanaattiifi hammi barreeffamni dubbisaa sadarkaa kanaatti qabachuu qabu daangessinaan malee seera tumame hedduun akka jiru barattoota kee qabaciisi.

| Lakko. | Yakkawwan raawwataman | Adabbii :waggaan/horiin |
|---|---|---|
| 1 | Nama otoo beekuu nama ajjeese | Seeratti dhihaatee akka ajjeesetti haa du'u |
| 2 | Nama osoo hinbeekiin nama ajjeese | Salgiifi abbaan bokkuu gumaa baasisanii haa araarsani |
| 3 | Namni ija tokko baase | Saawwa 40 haa kafalu |
| 4 | Namni ilkaan cabse | Saawwa 10 haakafalu |
| 5 | Namni niitii namaa irratti qabame | Saawwa 5 haakanfalu. Yoo sana dide seeraan haa reebamu |
| 6 | Namni dubara namaatti roorrise | Hidhaa kofoloo haa hidhamu, saawwa 20 haa baasu. Shaneenis dubbatee gabbara kennisiisee haa fuusisu |
| 7 | Namni hiriyyaa isaarraa dubbii qabu | Gara hayyuuu deemee iyyata haa dhiheessu |
| 8 | Namni sareefi adurree namaa ajjeese | Sareefi adurree guddisee haa baasu |
| 9 | Namni sangaa namaa ajjeese | Gatii haa kanfalu |

| | | |
|---|---|---|
| 10 | Hattuun yoo gabaa saamte | Haa duutu |
| 11 | Namni osoo saamuu argame duunaan | Gumaa hinqabu |
| 12 | Namni seerri irratti jige | ol iyyachuu danda'a |

C. Gaaffilee armaan gadii gareenirraatti mar'adhaa.

1. Makoo Billii
2. Akeekni lamaan uummata isaa:
   a. Lafti tulluun isaa bishaan dhangalaasu, lafti lalisni, bosonnifi margi isaa bayeessa ta'e, bitaafi mirga kan jiru irratti uummata isaa bobbaasuu
   b. seera cimaa uummata isaatiif baasuu
3. Horro, Limmu, Liiban, Sadan Gibee, Noolee, Iluu, fa'i.
4. Tulluu Irreessaa(Tulluu Faachaa)ti.
5. Barattoonni kan hinta'a jedhan seera ammaa waliin walqabsiisanii raga amansiisaa ta'een yoo dubbataniifi yoo itti amanate daree walii galaafis akka yaadichi fudhatama qabu himuufii dandeessa.
6. Seerri muramuu, qadaadamuu

D. Armaan gaditti jechoota "A" jala jiraniif "B" jalaa filuun walitti firoomsi.

1. d
2. f
3. a
4. g
5. e
6. b
7. c

**Gilgaala 6 : Shaakala Dubbisa Boodaa**

Barattoonni kan deeggaraniif ragaa tarreeffachuun akka walfalman taasisisi.

**Gilgaala 7: Haasawaafi Sirna Haasawaa**

Barattoonni dubbisicha sirriitti dubbisanii akkaataa itti jaarsoliin dabaree walirraa fuudhan, akkataa itti jalqabanii xumuran, kaayyoo haasa'ichaa sirriitti xiinxalan

taasisisi.

**Gilgaala 8: Shaakala Hasawaafi Sirna Haasawwaa**

Barattoonni garee afur afuritti qoodamuu isaanii sirriitti mirkaneeffadhu. Otoo gareen martinuu barattoota afur afur kan qabatu siif ta'ee gaariidha. Ta'uu yoo baate garuu yoo lama ta'anis ykn sadii ta'anii gahe jaarsolii sanaa akka qooddatan itti himiiiti gargaari. Barattoonni sirriitti akkeessuu isaanii mirkaneeffadhu. Sana booda dareef akka dhiheessan taasisi.

Sana booda akka hojii manaatti haasaa hiriyyoonni waliin godhan, haasa'aa gareen wal morman waliin godhan akkasumas haasaa jaarsoliin waliin godhanirratti qophaa'anii, uffata haasa'aa sana waliin walmadaalu uffatanii akka dareetti dhiheessan taasisi.

Gilgaala kana barattoonni sirriitti itti qophaa'anii wal-tajjii uumanii (dareetti, fuuldura barattootaa taa'anii) falmii adeemsisuu qabu.

**Gilgalaa 9: Shaakala Falmii**

Asirratti barattoonni mata-duree wal-falmisiisu filachuuna garee gareen akka walfalmaniif waltajjii qopheessi. Waltajjicharrattis seeronni kitaaba barataa irratti eegaman hojiirra ooluu isaanii mirkaneeffadhu. Mata-dureen walfalmii kitaaba barataa irratti kenname ykn mata-duree falmisiisaa isaan filatan qoqqoodiifiiti akka hojii manaatti qophaa'anii dareetti falmii adaamsisan taasisi.

## Barannoo 3: Barreessuu:

**Gilgaala 10: Calleen barreeffama seenessaa qopheessuu**

Calleen armaan gadii tartiiba isaanii sirreessi.

- bokkaan yandoon robe
- lolaan gamaa gamanaa didichee lagatti yaa'a
- lagni Jaarraa guddeelacha gangalchee yaa'a
- sa'aatii tokkoo ol eegne
- muka gamanatti biqilee dameen isaa gamatti cee'eetu ture
- hiriyyaan koo irra cee'e malee jedhe
- anis kadhee, namnis kadhatee gonkumaa  dide
- yaabee walakkaa gahe

- dameen mukaa foxxoqe
- walakkaa lagaatti lafa dhahe
- reeffa isaa gudeelcha waliin baase

**Gilgaala 11: Ibsoota Yaada Tarreessuu**

Mata-dureewwan kitaaba barataa keessatti maal maaleffaman keessaa tokko filachuun akka ibsoota tarreeffatan taasisi.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Nagaa hawaasa tokkoof seerri hagam barbaachisaadha?
2. Qabxiiwwan Seera Makoo Billii keessatti dubbifte seera amma biyyattii keessatti hojiirra oolaa jiru waliin kanneen walfakkaatan jiru?
3. Haasawaafi sirni haasawaa ati shaakalte gara fuula duraatti otoo miseensa mana mare uummataa taatee hagam si gargaara?
4. Falmiifi sirni falmii shaakalte falmii tokko adeemsisuu keessatti maal maal fa'i sibarsiise?
5. Ibsoonni(yaadonni callaa) ati keeyyata seenessamaa barreessuuf itti gargaaramte otoo asoosama gabaabaa ykn seenaa dhuunfaa barreessitee hagam si gargaara?
6. Seenessamni dhaggeeffannaa siif dubbisame dandeettii dhaggeeffachuu kee hagam siif gabbise?

## 5. Madaallii

Boqonnaa kana keessatti barattoonni barbaachisummaa seeraa hubachuu isaanii mirkaneeffadhu. Seera Makoo Billii dubbisicha keessatti dhufe erga dubbisanii booda dandeettii Oromtichaa hubachuu isaanii mirkaneeffadhu. Qabxiilee seera sana keessaatti dhufan hubachuu isaanii mirkaneeffadhu. Kana malees, jechootaafi hiika sirrii kennuu isaanii, hasawaafi sirna haasawaa shaakalanii dhiyeessuu isaanii, falmiifi akkataa falmiin itti adeemsifamu shaakaluu isaanii madaali. Ibsoota(yaadota callaa) barreeffama seenessaa qopheessanii dhiyeessuu isaanii mirkaneeffadhu. Dhaggeeffatanii waan hafe guutuu isaanii mirkaneeffadhu.

# BOQONNAA 15: HAROO WANCII WAYITII: 7

## Seensa

Boqonnaa kana keessatti dubbisni barreeffama addeessaa “Haroo Wancii“ addeessu dhihaateera. Dubbisni kun barattoonni akka waan bakka haroo sanaa jiraatanii arguu danda’aniitti addeeffame. Dubbisichi jechoota suuraa haroo sanaa sammuu namaa keessatti kaasuuf humna cimaa qabaniin dhiyaate. Hiika jechootaas akka galumsaatti tilmaamuu shaakalu. Maalummaa keeyyataafi amala isaa akka shaakalaniif keeyyatoonni kennamaniiruuf. Kana malees shaakalli maalummaafi akkaataa keeyyata addeessaa ittiin hubachuu danda’aniis boqonnaa kana keessatti dhihaateera.

## 1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota kana booda:

- dhaamsa dubbisichaa hubatu
- hiika jechootaa haala galumsa isaaniitiin kennu
- maalummaa keeyyataafi amaloota keeyyataa hubatu
- maalummaafi akkaataa keeyyata addeessaa itti barreeffamu hubatu

## 2. Qabiyyee

- Dubbisa: Haroo Wancii
- Hiika Jechootaa
- Maalummaafi Amala Keeyyataa
- Maalummaafi Akkaataa Keeyyata Addeessaa Barreessuu

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1 : Shaakala Dubbisuun Duraa**

1. Yoo arganii beeku ta'e haala nama dhaggeeffatu keessatti suuraa kaasuu danda'utti akka walitti himan taasisi. Yoo hinbeekan ta'e warri hinbeekne bakka warra beekanii dhaqanii akka dhaggeeffatan godhi.
2. Haroowwan Oroomiyaa akka maqaa dhahan taasisi. Dubbisicha keessaati akka haroowwan kana arguuf jiranis fedhii isaan keessatti uumi.
3. Faayidaa haroo akka himan godhi. Fakkeenyaaf, galii tuuriizimiirraa argamu cimsuuf, hormaata qurxummiif, caancoo qaruuraatti naqanii gurguruuf, humna ibsaa maddisiisuuf, …

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisaa**

A. Gaaffilee kana qalbiitti qabatanii akka dubbisan yaadachiisi.

1. Bishooftuu, Ziwway, Laagaanoo, abijaataa
2. Haroon Wancii kan argamtu, Godina Shawaa Kibba Dhihaa aanaa Wancii keessatti yoo ta'u, kallattiin ishii magaalaa Walisoorraa gara kaabaatti, magaalaa Amboorraa ammoo gara kibbaatti.
3. Gaarreen akka Gooroo, tulluu Gulee, burqituuwwan, gufuuwwan gaattiraa kan durii, holqa laga horaa, bishaan holqa horaa keessaa ol finiinu, fincaa'aa Daawulaa
4. Hora

B. Hiika jechoota jala sararamanii akka kennan taasisi.

1. barbadaa
2. itti naanna'ee
3. cororu, yaa'u
4. hallayyaa gadi gadi fagoo
5. murxuxifamti
6. badhee
7. ol tiife

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisa Boodaa**

1. Dalaga kanarratti barattoonni suuraa akka dubbisanii sammuu isaaniitti qabatanitti suuraa uumama Haroo Wancii marsee jiru akka kaasan taasisi. Waldorgommiin giddu isaaniitti akka uumamuu danda'utti haala uumi.

2. Barattoonni qe'ee jiraatan ykn magaalaa keessa jiraatan namni tokko akka waan ijaan argeetti akka yaada keessatti qabatu haala dandeessisuun jechoota 250 hincaalleen akka barreessanii dhufaniif hojii manaa kenniif.

## Barannoo 2: Barressuu

**Gilgaala 4: Keeyyata**

Barattoonni afur afur ta'anii akka hojjetan godhi.

1. Saddet
2. Keeyyata Tokkofaa: Qabeenya Oromiyaa
   Keeyyata Lammafaa : Bakkafi kallattii Haroon Wancii Argamu
3. Hiika keeyyataa akka barreessan taasisi.

**Gilgaala 5: Amala Keeyyata**

Barattoonni lama lamaan keeyyaticha akka dubbisan godhiiti tokkummaa, wal-ta'insafi xiyyeeffannoo inni qabu akka himan taasisi. Sana booda, waa'ee amaloota kanaa kitaaba barataarratti dhihaate akka hubataniif dura dubbisiisiiti sana booda ibsiif.

**Gilgaala 6: Shakala Keeyyata Barreessuu**

Qabxiilee kitaaba barataarratti dhufan lamaaniif barattoonni keeyyata addeessaa tokko tokko akka hojiimanaatti akka barressan taasisi.

**4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii**

1. Dubbisa "Haroo Wancii" jedhu yeroo dubbiste akka qaamaan bakkicha jiraattee ilaalaa jirtuutti sitti dhagahameeraa ?
2. Dubbisa tokko keessatti hiika jecha tokkoo yoo hinbeektu ta'eefi galmeen

jechaa yoo hinqabdu ta'e maalirraa tilmaamuuf yaalta?

3. Maalummaa keeyyataa hima tokkoon gabaabsii barreessi.
4. Amaloonni keeyyataa maal maal fa'i? Amaloota kana keeyyata akka fakkeenyaatti siif kenname keessatti xiinxaluuf yaali.
5. Keeyyanni addeessaa maal?
6. Keeyyata addeessaa tokko barreessiiti hiriyyaa daree kee jiru tokkoof dubbisi.

**5. Madaallii**

Dubbisichatti otoo hinseeniin dura barattoonni dubbisuuf qophaa'oo ta'uu isaanii mirkaneeffadhu. Dubbisanii shoora haroon sun tajaajila tuurizimiif kennu hubachuu isaanii mirkaneeffadhu. Jechoota hiika kallattii kennuu danda'uu isaanii madaali. Maalummaa keeyyataa himuufi amaloota isaa tarreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Hubannoo amala keeyyata addeessaa argatanii keeyyata addeessaa barreessuu danda'uu isaanii mirkaneefadhu.

# BOQONNAA 16: GUMAA WAYITII: 8

## Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni ogummaawwan adda addaa gabbiftu. Jalqaba boqonnichaatti dubbisa waa'ee "Gumaa" dhiyaate dubbisuun gaaffiiwwan ogummaawwaniifi yaadrimeewwan barbaadamerratti kitaaba barataa keessatti kennamanii saffisaafi suutaan dubbisuun deebisu. Dubbisicha keessatti akkaataa itti gumaan gegeeffamutu dhihaata. Sanarratti hundaa'uun hiika jechootaa galumsa isaaniirraa akka tilmaamaniif shaakalli kennameera. ogummaa caaslugaa jalatti hima tokko keessatti bamaqaalee iyyaafannoo bakka duwwaatti guutuun akka shaakalaniif gilgaalli qophaa'eera. Ogummaa barreessuu jalatti hubannoo akkaataa barreeffama ibsaa itti qopheessan erga qabaataniin booda keeyyata ibsaa barreessuu shaakalu.

## 1. Kaayyoo: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Dhaamsa dubbisichaa hubatu.
- Akkaataa seerri gumaan itti gaggeeffamu himu.
- Hiika jechootaa galumsarraa tilmaamu.
- Bamaqaa iyyaafannoo barreeffama keessatti itti fayyadamu.
- Barreeffama ibsaa (akkaate)qopheessu.

## 2. Qabiyyee

- Dubbisuu
- Hiika Jechootaa
- Caasluga: Bamaqaa Iyyaafannoo
- Barreessuu Barreeffama Ibsaa Qopheessuu

## 3. Mala Baruu-barsiisuuBarannoo

## 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1

### A. Shaakala Dubbisuun Duraa

1. Yoo kan beekan ta'e maaltu namicharra akka gahee, hawaasicha keessatti akka itti ilaalamu akka himan jajjabeessi.
2. Mortoo akkamiitu akka irratti fudhatame akka himan taasisi.
3. Gaaffii kanarratti yaada garagaraa qabaachuu danda'u. Ati garuu yaada isaanii sababaan deeggaruu isaanii hordofi.
4. Gumaan namni nama ajjeese tokko gatii dhiiga nama ajjeesee baasuu jechuu ta'uu danda'a.

### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Barattoonni gaaffilee kanneen akka qalbiitti qabatan jajjabeessi.

1. Abbaa Bokkuutti baqata. Abbaa bokkuutu yoo waati jiraate mana waataati yoo waati dhibe ammoo mana jiilaatti dhoksaan.
2. Qee'een isaa ni ona. Maatiin isaaas nibadu.
3. - harka isaa sibiilaan hidhata,
   - gatii gumaa lammii isaa kadhata
   - kadhataa oolee bakkuma itti dhihetti bula
   - hanga gaafa gumaa baasuutti mana buluu hindanda'u
   - meeshaa fayyaatti hinyaatu
   - kursii fayyaarra hintaa'u
   - sireerra hirrafu
   - mataa hindhiqatu
   - qeessa hinqoratu
   - wayyaa hinmiiccatu

4. loon shan ; raada tokko, jibicha sadiifi dullaca tokko

B. Hiika kennamu keessaa kan armaan gadii akka filannoo tokkootti tgargaaruu danda'u.

1. Obbo Diinagdeen waggaa shan dura waan nama ajjeeseef harki isaa xuraa'aadha.
2. Obbo Bultiin manni jalaa waan gubateef hirpha lammii irraa kadhatee dee-bisee ijaarrate.
3. Baaccuun hanga yoon dhiira waan hinbeekeneef durba duudaadha.
4. Aadde Naanahiin sareen isaanii nama nyaatee hammaannaan cancalaan hidhani.
5. Obbo Tolaafi obbo Lammiin erga araaramanii as mar'imman walitti ta'an.
6. Jaafaar gogaa dhise.

**Gilgaala 4 : Shaakala Dubbisa Boodaa**

Faayidaan shaakala kanaa barattoonni akka yaada ka'erratti hundaa'anii yaada isaanii ijaaran gargaaruuf. Akka isaan kana raawwatan jajjabeessi.

1. Barattoonni yaada quubsaa ragaa amansiisaarratti hundaa'anii yaada kennuu isaanii to'adhu.
2. Naannoo isaanitti akkaataa itti gumaan itti kennamu qo'atanii akka dareef dhiheessan taasisi.

## Barannoo 2: Caasluga

**Gilgaala 5: Bamaqaa Iyyaaffannoo**

Jechoonni armaan gadii bamaqaalee iyyaafanoodha. Jechoota kana himoota itti aananii dhufaniif filiiti galchi.

Eenyu, kam, maal, yoom, meeqa, hammam, eessa, yoom

1. yoom
2. maaliif
3. maal
4. kam
5. eenyu
6. meeqa. Hammam
7. eessa

## Barannoo 3: Barreessuu

### Gilgaala 6: Barreeffama Ibsaa Qopheessuu

Barattoonni fakkeenya keeyyata ibsaa barreeffamerratti hundaa'uun akka keeyyata ibsaa tokko barreessan taasisi.

### 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Akka dubbisichaatti uummata Oromoo biratti akkaataan seerri gumaa itti gaggeeffamu yeroo ammaa waldhabdee dhabamsiisuuf fayyadaa?
2. Bamaqaaleen iyyaafannoo maal maal fa'i?
3. Raawwii gumaa naannoo kee jiru qoradhuu qopheessiitii daree keef dhiheessi.
4. Bamaqaalee iyyaafannoo gara garaa gargaaramiitii himoota torba barreessi.
5. Keeyyata ibsaa kenname fakkeenya godhachuun keeyyata ibsaa tokko barreessi.

### 5. Madaallii

Barattoonni gumaa dubbisa keessaatti dhihaate kan naannoo isaanii waliin walqabsiisuun akkaataa itti gaggeeffamu danda'u hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu. Fakkeenyaaf namni nama ajjeese tokko naannoo isaaniitti akkamitti maatii warra jalaa du'ee wajjin akka araaramuu danda'u hojjechuu isaanii madaali. Jechootaan hima ijaaruu isaanii mirkaneeffadhu. Bamaqaa iyyaafannoo sirrii itti gargaaramanii hima ijaaruu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Hubannoo barreeffama ibsaa barreessuurraa argataniin barreeffama ibsaa barreessuu danda'uu isaanii madaali.

# BOQONNAA 17: MOOTUMMAAN MAALII? WAYITII: 6

## Seensa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni ogummaawwan dubbisuu, jechootaafi, barreessuu gabbiftu. Jalqaba boqonnichaatti dubbisa waa'ee maalummaa mootummaa ilaalchisee dhiyaate dubbisuun gaaffiiwwan ogummaawwaniifi yaadrimeewwan barbaadamerratti kitaaba barataa keessatti kennamanii saffisaafi suutaan dubbisuun deebisu. Hiika jechootaas akka galumsaatti tilmaamuu shaakalu.

## 1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota kanaan booda:

- yaada ijoo dubbisichaa hubatu.
- hiika jechootaa haala galumsaan kennu.
- barreeffama mormii barreessu.

## 2. Qabiyyee

- Dubbisuu
- Hiika Jechootaa
- Caasluga: Bamaqaa Iyyaafannoo
- Barreessuu Barreefama Ibsaa Qopheessuu

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

## Barannoo 1: Dubbisuu


### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffilee shaakala dubbisa duraa lama lamaan akka hojjetan taasisi.

1. Waa'ee mootummaa waan beekan akka yaada isaanii burqisiisan taasisi.
2. Asirratti tarii deebii sirrii siif deebisuu dhiisuu danda'u. Yoo ta'es waan dubbisuuf jiraniif isaan qopheessa waan ta'eef yaada isaanirraa fuudhi.
3. Wantoota mootummaa ijaaran kan beekan akka maqaa dhahaniif jajjabeessi.
4. Hiika jechoota kennamanii akka tilmaaman taasisi.

**Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dubbisuu**

A. Caasaa yaadaa armaan gadii barreeffamicha dubbisanii guutu. Haala armaan gadiin guutamuu isaa mirkaneeffadhu.




**B. Hiika Jechootaa Galumsa Isaaniirraa**

1. waadaa, kakuu, yaboo
2. boossosa, caccaba, tortoraa
3. itti fakkaata
4. qaama uummata bakka bu'ee walgahu, kora, walgahii
5. dibe, aangoo kenneef

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisa Boodaa

Barattoonni yaada lamaan dhiyaatan ykn mormanii ykn deeggaranii akka walfalman taasisi.

## Barannoo 2: Barreessuu

### Gigaala 4: Barreeffama Amansiisaa

Keeyyata armaan gadii dubbisanii ragaalee ittiin ijaarame baasanii barreessu.

Ragaalee:

a. yeroo baay'een bahuu
b. qarshii baay'een bahuu
c. mukeetiin barbadaa'uu
d. bineensonni bosonaa dhumuu
e. galmi bineesotaa barbadaa'uu

Rakooleen kun namni keeyyaticha dubbisu balaa bosona ciruu hubatee yaada isaa akka jijjiiru taasisa.

### Gilgaala 5: Keeyyata Amansiisaa Barreessuu

Barattoonni keeyyata armaan olitti kennameefii akka ka'umsaatti fudhachuun mata-dureewwan kennaman keessaa tokko filachuun keeyyata amansiisaa(falmii) akka barreessan taasisi. Erga barreessaniin booda dareef akka dubbisanii barattoota yaada isaanii morman amnsiisuuf yaali godhi taasisi. Yogguu barreessan casaalee keeyyanni itti barreeffamu akka hindaganne yaadachiisi. Falmichi ho'aafi kan fedhii barattoota kakaasu akka ta'uuf waltajjicha sirriitti mijeessi.

### 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Sababoota itti mootummaan barbaachisuufi maal maalessi ?
2. Dubbisicha keessaa jechoota haaraa sitti ta'an galmee jechootaa ilaaluun hima ijaariif.
3. Maalummaa mootummaarratti qophaa'iitii afaaniin daree keef dhiheessi.
4. Mata-duree mormii tokko fudhuutii barreeffama mormii tokko barreessuun nama yaada sana mormu amansiisi.

**5. Madaallii**

Barattoonni maalummaa mootummaa himuu isaanii madaali. Gosoota mootummaa ibsuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Jechootaaf hiika kennuu isaanii mirkaneeffadhu. Barreeffama mormii(amansiisaa) gosa barreeffama biroorraa adda baasuu isaanii mirkaneefadhu. Hubannoo waa'ee keeyyata amansiisaa barreessuu argatanirraa barreeffama ibsaa barreessuu isaanii madaali.

# BOQONNAA 18: WAALTINA WAYITII: 6

## Seensa

Boqonnaan kun 'Waaltina' mata duree jedhu da'oo taasifachuun ogummaawwan yaadrimeewwaniifi hubannoowwan akka baratoonni argatan taasisuu dhiyaate. Gama ogummaatiin odummaa dubbisuu, dubbachuu, jechootaafi ogummaa barreessuu akka gabbifatan taasisa. Gama yaadrimeetiinis akkaataa itti kitaaba wabii itti gargaaraman, durduubeefi akaakuu isaa xiinxalchiisa.

## 1. Kaayyoo: Barattoonni barnoota kana booda:

- Dhaamsa dubbisichaa hubatu
- Jechoota haaraa hubatu
- Durduubeefi akaakku isaa himu
- Akkaataa kitaaba wabii itti gargaaraman hubatu

## 2. Qabiyyee

- Dubbisa
- Dandeettii Jechootaa
- dandeettii Caaslugaa
- Akkaataa itti Kitaaba Wabii Gargaaraman
- Caasluga: Durduubeefi Akaakuu Isaa

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

## Barannoo 1: Dubbisuufi dubbachuu

### Gilgaala 1 :Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffilee ramaan gadii lama lamaan akka hojjetan godhi.

1. Warri isaan quunnamee beeku yoo jiraatan maaltu akka isaanitti dhagahame akka himan taasisi. Garaagarummaa hiikaa fiduufi dhiisuu isaa gaafadhu.
2. Kitaabilee barnootaa keessatti kan irra caalaa itti fayyadamu akka himan taasisi.
3. Waa’ee waaltinaa waan beekan akka himan taasisi.
4. Jechoota filaman hiika isaanii akka kennan taasisi.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

A. Gaaffilee shaakala kana jalaa otoo dubbisichatti hinseeniin dura sirriitti qalbeeffatanii yeroo dubbisan akka deebisan taasisi.

1. Hawwaasini ta’e jedhee waalta’u yoo filate kan hojiirra oolu.
2. Ulaagaaleen afaan waaltineessuu
   a. looga waltinaa filuu
   b. sirneessuu
   c. harbaqqeessuu
   d. fudhatama qabaachisuu
   e. hirmaannaa hayyootaa
3. Kan ta’uu qabu isa namoota baayy’ee biratti beekamu ta’uu qaba.

B. Sirriitti walitti firoomsuu isaanii mirkaneeffadhu.

1. d
2. c
3. g
4. f
5. b
6. h
7. a
8. e

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisa Boodaa**

Gaaffilee kana ilaalchisee waan barattoonni kennan harkaa fuudhi.

1. Afaan yoo wal-ta’uu baate namoonni haala salphaafi ifaa ta’een wal- qunnamuu nirakkata.
2. Afaan Oroomoo afaan barnootaa, hojiifi afaan mana murtii ta’ee yeroo dhihoo

kan lakkoofsisie ta'ullee rakkoon loogaa rakkoo hinturre. . Waltessuun haala saffisaan adeemsifamaa waan jiruuf sodaa ykn shakkii waalta'uu hindanda'u jedhu kutee darbeera.

## Barannoo 2: Caasluga

### 2.1 Durduubeefi Gosa Isaa

**Gilgaala 4: Durduubee**

Kaayyoon gilgaala kanaa waa'een durduubee barattootaaf otoo hinibsamiiniif dura akka isaan ofiin yaalan jajjabeessuuf. Erga yaalaniin booda, yoo dhabanillee yeroo ibsamuufii sirriitti qabatu. Jalqaba lama lama ta'anii akka hojjetan taasisi. Itti aansee garee barataa afur afur qabuun akka deebii lama lamaan hojjetan waliin madaalan taasisi. Sana booda, deebii walii gala barattoota irraa fuudhuun gilgaalicha xumuri.

a. akka
b. wajjinii
c. akka
d. –rraa
e. –n
f. –n
g. -rraa

2.2 Gosoota Durduubee

Kaayyoon gilgaala kanaa barattoonni akaakuu durduubee akka adda baafataniifi. Gilgaala kanarrattis barattoonni tarii deebii sirriitti kennuu dhiisuu nidanda'u. Yoo kana ta'es yaalii isaanii fudhachaa akka walirraa baratan taasisi. Sana booda, deebii walii galaa barattotarraa fuudhuun sirriifi sirrii ta'uu isaanii hordofi.

**Gilgaala 5: Shaakala Gosoota Durduubee**

1. durgaa
   f. waa'ee
   h. akka
   i. daaffii

2. duubgaa
   a. –rra
   b. –tti
   c. bira
   d. keessa, -tti
   e. boroo

**Gilgaala 6: Durduubee Hirkatoofi Of Danda'oo**

| durduubee of danda'oo | durduubee hirkatoo |
|---|---|
| c. bira | a.–rra |
| d. keessa | b.–tti |
| e. keessa | e. –tti |
| f. waa'ee | |
| g. boroo | |

A. Durgaa
   d. keessa
   e. keessa
   f. waa'ee
   g. boroo
   h. akka
   j. daafii

B. Duubgaa
   a.–rra
   b.–tti
   e. –tti

### Barannoo 3: Barreessuu

**Gilgaala 7: Kitaabilee Waabii**

Mata dureen kun gara fuula duraatti hedduu kan isaan fayyadu ta'uu isaa itti himi. Kanaafuu sirriitti akka irratti xiyyeefatan taasisi.

1. Yaada kitaabarraa fudhachuufi dhiisuu isaanii gaafadhu.
2. Yoo kan fudhataniiru ta'e akkamitti fudhachuu isaanii akka agarsiisan gaafadhu. Yaadannoo kennames sirriitti ibsiif.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Afaan Oromoo waaltineessuun abrbaachisaamoo miti?
2. Yaada hayyuu tokkoo barreeffama keessatti yeroo keessuu maal maal fa'i akka barreessitutu sirraa eegama.
3. Kitaaba tokko xumura irratti akka waabiitti yeroo barreessitu maal maal qabaachuu qaba?.
4. Durduubeen akka garee jechaatti dhaabachuu nidanda'aa?
5. Keeyyanni tokko yoo hima goolabaa malee barreeffame maal ta'a?.

## 5. Madaallii

Barattoonni boqonnaan kana keessatti waan dubbisan tokko hubatanii ibsa kennuu isaanii madaali. Hiika jechootaa walitti firoomsuu isaanii mirkaneefadhu. Durduubee hima keessatti addan baasanii himuu isaanii madaali. Akkataa kitaabni wabii itti qophheefamu dareef dhiyeessuuisaanii mirkaneeffadhu.

## 5. Wabii

Adugna Barkessa 2009. Terminology-related Problems in Teaching Afaan Oromoo. German: vdm Verlag.

Addunyaa Barkeessaa 2010. Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo: Concept of Afaan Oromoo Grammar. Finfinne: Mega Printing Press.

_____2011. Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa ( Word and Its Structure).Finfinnee: Efficeincy Printing Press.

_____2011. Akkamtaa: yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti( Concept of Applied Linguistics in Afaan Oromoo Language. Finfinnee: Efficiency Printing Press.

Catherine G. M. 2001. A Grammatical Sketch of Oromoo. RÜDIER KÖPPE VERLAG. KÖLN, ISBN

Crystal, D.1987. The Cambridge Encyclopedia of Language. Cambridge: Cambridge:University press.

1997. The Cambridge Encyclopedia of Language. 2nd (edt.), Cambridge: Cambridge:University press

Dowens, W. . 1998. Language and Society. 2nd (edt.), Cambridge: Cambridge University Press

O'Grady, W. and Dobrovolsky, M. 1996. Contemporary Linguistics Analysis, an Introduction.3rd (edt.), Tronto : Copp Clark LTD.

Owens, J. 1985a. The Grammar of Harar Oromo. Humburge: Helmut Buske Verlage Humburge.

Owens, J. 1985b. The Oromo Causatives: Lexical Grammar Without Lexical Rules. Bloomington: Indiana University Linguistics Club.

Tamene Bitima 2000. A Dictionary of Oromo Technical Terms, Oromo-English. Berlin: RudigerKoppe Verlag Kolin.

Temesgen Negasa. 1993. Word Formation in Oromoo. Addis Ababa University: Addis Ababa, (Un Published MA thesis). 1995. "Word Formation in Oromo" in Baye and et al. (eds.), Proceeding of Ethiopian

journal of language and literature, NO. 5, ILS, Addis Ababa. Company.

Tilahun Gamta 1995. Seera Afaan Oromoo. Finfinne.

Wako Tola 1981. The Phonology of Oromo (Mecca ) MA thesis, ILS, Addis Ababa University.

Yule, J. 1996. The Study of Language (2nd edt.), Cambridge: Cambridge University Press. .